# GEERARSA CAALAABULTUMEE(2008):QAACCESSA DIDDAA MAASTAR PILAANII GAMA FAYYADAMA AFAANIITIIN

**SISAAY  MAGARSAA EJJATAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA)GUUTTACHUUF QOPHAA'EMUUMMEE AFAAN OROMOO,HOGBARRUUFIFOOK LOORIIFDHIYAATE**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA,QORANNOO AFAANOTAA,JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITIIADDIS ABABAA**

**HAGAYYA, 2011/2019**

# FINFINNEE

# GEERARSA CAALAA BULTUMEE (2008): QAACCESSADIDDAA MAASTAR PILAANII GAMA FAYYADAMAAFAANIITIIN

**SISAAY MAGARSAA EJJATAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA(MA)GUUTTACHUUF QOPHAA'E MUUMMEEAFAAN OROMOO,HOGBARRUUFI FOOKLOORIIFDHIYAATE**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA,QORANNOO AFAANOTAA,JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITIIADDIS ABABAA**

**GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA(PhD)**

**HAGAYYA, 2011/2019**

FINFINNEE

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa/ Finfinnee**

## Dhaabbata Qorannoo Digiriitiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruun guuttachuuf Sisaay Magarsaa Ejjataa Mataduree: ‘‘Geerarsa Caalaa Bultumee 2008: Qaaccessa Diddaa Maastar Pilaanii Gama Fayyadama Afaaniitiin’’ jedhu irratti qophaa’ee sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’amee guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa_____________________________Mallattoo_____________Guyyaa_____________

Qoraa Keessaa___________________Mallattoo____________Guyyaa_____________

Gorsaa__________________________Mallattoo____________Guyyaa_____________

______________________________________________________________________________

**Itti gaafatamaa muummee yookaan Qindeessaa sagantaa digirii Lammaffaa(MA)**

**Axereera**

*Kaayyoon qorannoo kanaa Geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaaniitiin qaaccessuudha. Qorannichis fayyadama afaanii diddaa geerarsa maastar pilaanii keessaa irratti xiyyeeffata. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf meeshaaleen elektiro daata funaansa ragaa waraabbii sagalee kanneen akka kaasseettiifi siidii sagalee waraabbamee jiru gara barreeffamaatti jijjiruun kaayyoo qorannichaa akka galmaan ga'anitti mata duree adda addaatti qooduun mala akkamtaan qaacceffamani jiru. Kunis qorannoo geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii fayyadama afaaniitiin walqabatanii jiran,fayyadama afaanii,ergaa fayyadama afaaniifi eenyummaa ibsan qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Kunisfayyadama jechootaa: irra deddeebii jechaa, jechoota waliin deeman,masoofi faallaa, malleen dubbii: nameessa, akkasaa, arbeessaafi ciigoo: jecha dacha fayyadama afaanii keessatti kan ilaalaman yoo ta'u, ergaa fayyadama afaanii geerarsa keessatti immoo: kakaasuu, balaaleffachuu, goota faarsuu, seenaa yaadachiisuufi eenyummaa lafaa falmuuf yommuu ta'u, eenyummaa daangaa naannoo Oromiyaa ibsuu keessatti immoo eenyummaa ijaaruu: abbummaa, seenessaafi tokkummaan eenyummaa ibsuu keessatti kan ittiin qaacceffamaniidha.Geerarsa Caalaa diddaa maastar pilaanii, tokkummaa ummattoota Oromoo ni cimsa, jaalala walii hawaasaa ni agarsiisa, gootummaa ummataa kennuu, walkabajuu ni guddisa, jaalalaafi gabrummaaf jilbeeffachuu diduu barsiisuuf gahee ol aanaa qabaachuun isaa qorannoo kanaan bira ga'ameera.Ergaa fayyadamni afaanii geerarsa keessatti qabu hawaasa kakaasuu, balaaleffachuu, faarsuu, seenaa yaadachiisuu, falmuufi tokkumma isaanii cimsuu keessatti ga'een fayyadama afaanii olaanaa ta'uun bira ga'ameera. Fayyadama afaaniin uummanni tokko akka diddaa, jaalala, jibbaafi fedhii mataa ofii akka ibsatan beekanii ummata bal'aa fayyadama afaanii caalatti barsiisuufi jajjabeessuun gahee nama hundaa ta'uun barbaachisaadha. Geerarsichi fayyadama afaanii giddu galeeffatee xiinsammuu namaa, aadaa hawaasa bal'aa kabajuufi kabachiisuu irratti hubannoo hawaasaa kan cimsuufi babal'isu ta'uun isaa qorannoo kana keessatti iddoo olaanaa qaba.Haaluma kanaan qorannoo kana boqonnaawwan shanitti qooduudhaan mata dureewwan gurguddoo kanneen akka ka'umsaa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa mala qorannichaa,qaaccessa qorannichaa, argannoofi yaboo qorannichaa qabachiisuudhaan qopheessuu yaaleera.*

**Galata**

Hunda duraWaaqqayyo inni fayyaa naaf kennee haala hundumaa keessatti na gargaaree kanaan na gahe haa ulfaatu. Itti aansuun,qorannoo kana akkan gaggeessuuf deeggarsa barbaachisu kan naaf taasisan yeroo hundaa nuffii tokko malee na deeggaran gorsaa koo,Dr Addunyaa Barkeessaa guddaan galateeffadha.

Akkasumas, yeroo hunda yaadaafi yeroo isaa naa kennuun akka ani qorannoo kana fiixaan baafadhuuf deeggarsa gama hundaa kan naaf godhe hiriyaa koo b/sa Taaddasaa Hoomaa, guddaan galatoomfadha.

Akkasumas, hojii koo kanaaf yaadaafi jajjabinan milkaa'ina hojii kootiif kan nabira dhaabatte Haadha manaa koo Daawitee Dajaneetiif galanni koo daangaa hin qabu. Itti dabaluunis,namoota kitaabolee gara garaafi meeshaalee barreefamaa naa ergisuun deeggarsa naa godhan galatoomaan jedhaan. Dhumarratti namoonni fiixan bahiinsa qorannoo kanaaf qooda qabdan hundi keessaniyyuu galatoomaan jedha.

## Jibsoo

**Fayyadama Afaanii** - Fayyadama afaanii jechuun beekumsa dandeettii afaanii ta'ee akkaataa afaan namni barumsaafi addunyaa qabatamaakeessatti haala fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatudha.

**Geerarsa**-Geerarsi damee afoolaa keessaa isa tokko. Afoolli  immoo jiruufi jireenya fedhii fihawwii gaddaafi gammachuu uummataa afaanichaa dhalootarraa dhalootatti kandabarsudha. (Abarraa Nafaa 1993:1).Walumaagalatti, geerarsi gosa afoola keessaatokko ta'ee waallee ykn afwalaloo bu'aa ba'ii ykn mudannoofi muuxannoo jireenyaakan ittiin ibsatanidha. Geerarsi keessattuu, akka seena Oromootti waallee gootaa jedhamee beekama.

**Maastar pilaanii** -Bulchiinsa magaalaa ammayyaa qindaawaa ta'ee, naannoo Oromiyaa daangaaFinfinnee keessatti manneen jireenyaa keessatti ijaaramu jechuudha.

# BAFAATA

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereera ................................................................ i
Galata ................................................................ ii
Jibsoo ................................................................ iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ................................................................ 1
1.1.Ariirrata Qorannichaa ................................................................ 1
1.2.Ka’umsa Qorannichaa ................................................................ 4
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ................................................................ 5
1.4Barbaachisummaa Qorannichaa ................................................................ 5
1.5. Daangaa Qorannichaa ................................................................ 6
1.6. Hanqina Qorannichaa ................................................................ 6
1.7. Qindoomina Qorannichaa ................................................................ 6
1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa ................................................................ 7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ................................................................ 11
2.1. Geerarsa ................................................................ 11
2.1.1. Faayidaa Geerarsaa ................................................................ 13
2.1.2. Yoomessa Geerarsaa ................................................................ 14
2.1.3 Akaakuuwwan Geerarsaa ................................................................ 14
2.1.3.1. Geerarsa Diddaa ................................................................ 16
2.1.3.2. Geerarsa Gootummaa ................................................................ 17
2.1.3.3. Geerarsa Ajjeesaa ................................................................ 17
2.2. Fayyadama Afaanii ................................................................ 18
2.2.1. Maalummaa Fayyadama Afaanii ................................................................ 20
2.2.2. Akaakuu Fayyadama Afaanii ................................................................ 25
2.2.2.1. Fayyadama Jechootaa ................................................................ 25
2.2.2.2. Malleen Dubbii ................................................................ 27

2.2.2.3. Ciigoo ..... 30
2.2.3. Haala Fayyadama Afaanii Dhimmoota Hawaasaa Keessatti ..... 31
2.2.4. Haalota Fayyadama Afaanii Murteessan ..... 33
2.3. Fayyadama Afaanii Geerarsa Keessatti ..... 34
2.4. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii ..... 36
2.5. Yaaxxina Qorannichaa ..... 37
BOQONNA SADI: SAXAXAFI MALA QORANNOO ..... 38
3.1.Seensa ..... 38
3.2. Mala Qorannoo ..... 39
3.2.1. Irraawwatama Qorannichaa ..... 40
3.2.2. Madda Ragaalee ..... 40
3.2.3. Mala Iddatteessuu ..... 41
3.2.4. Meeshaa Funaansa Ragaa ..... 41
3.3. Mala Ragaan ittiin Qaacceeffamu ..... 42
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE ..... 43
4.1. Seensa ..... 43
4.2. Fayyadama Afaanii Geerarsa Keessatti ..... 43
4.2.1. Fayyadama Jechootaa ..... 44
4.2.1.1. Irra Deddeebii Jechaa ..... 47
4.2.1.2. Jechoota Waliin Deeman ..... 48
4.2.1.3. Masoofi Faallaa ..... 49
4.2.1.3.1. Faallaa ..... 49
4.2.1.3.2. Masoo ..... 50
4.2.2. Malleen Dubbii ..... 51
4.2.2.1. Nameessa ..... 52
4.2.2.2. Akkasaa ..... 53
4.2.2.3. Arbeessa ..... 54
4.2.3. Ciigoo ..... 54
4.2.3.1. Jecha Dachaa ..... 55
4.3. Ergaa Fayyadama Afaanii Geerarsa Caalaa Bultumee Keessaa ..... 56
4.3.1. Kakaasuu ..... 56

4.3.2. Balaaleffachuu ............................................................................................. 58
4.2.3. Goota faarsuu................................................................................................. 60
4.2.4. Seenaa Yaadachiisuu ...................................................................................... 61
4.2.5. Eenyummaa lafaa falmuu ............................................................................... 64
4.4. Fayyadama Afaanii Eenyummaa Daangaa Naannoo Oromiyaa Ibsuu Keessatti. ................ 65
4.4.1. Eenyummaa Ijaaruu ........................................................................................ 66
4.4.1.1. Abbummaa ................................................................................................. 66
4.4.1.2. Seenessuu.................................................................................................... 69
4.4.1.3. Tokkummaa ................................................................................................ 70
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO............................................... 71
5.1.Cuunfaa .............................................................................................................. 71
5.2. Argannoo............................................................................................................ 72
5.3. Yaboo ................................................................................................................ 73
Wabii
DABALEE A
DABALEE B

# BOQONNAA TOKKO:SEENSA

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Afaan tajaajla hawaasaa keessatti gahee olaanaa qaba. Afaan meeshaa waliigaltee ilma namaa ta’ee kan namoonni iddoowwan gara garaatti tajaajila adda addaatiif hojiirra oolchaniidha. Dhimma kana ilaalchisee Hudson (1996:230) yoo ibsu, “The social functions of language are the ways in which we use language to give our view ofour relationships to other people.” Jedha.Akka yaada kana irraa hubanutti afaan tajaajila hawaasa keessatti karaa yaada keenyaa ittiin ibsanuufi hariiroo namoota biroo waliin qabnu ittiin cimsanuudha.

Dabalataanis waa’ee afaanii ilaalchisee hayoonni (Hodge and Kress,1993) akka ibsanitti, Afaan kan dhalli namaa hawwii, fedhiifi yaada isaa mallattoolee adda addaatti gargaaramuun ittiin ibsatuudha jedhu.Kana irraa kan hubannu, afaan handhuura jireenya ilmaan namaa ta’uu isaafi namni miira isatti dhagahame: jaalala, jibba, gadda, gammachuufi kan kana fakkaataan afaaniin ibsata. Afaaniin gochaawwan sammuu isa guddaa ta’uun waa’ee achii as dhufaatii keenyaa maal akka taane,akka namtokkeetti, akka hawaasaatiifi akka aadaatti kan nuti ittiin of ibsiinuudha. Fayyadama afaanii iddoowwaniifi akkaataa dhimma itti bahan irratti garaa garummaa qabaachuu danda’a. Haaluma kanaan fayyadama afaanii ilaalchisee, hawaasni garee tokkoo haala waliin jiraatu irratti hundaa’ee garaa garummaa looga fayyadamuu akka danda’an hubachuun nidanda’ama. Namoonni haala jireenya isaanii irratti hundaa’anii fayyadama afaanii kanneenakka:bakka daldalaa, waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa, mana yaalaa, bakka taphaa, dirree lolaa, dirreesiyaasaa, mana amantaa, mana nyaataafi dhugaatii,mana murtiifi kan kana fakkaataan keessatti haala garaa garaatiin afaanitti fayyadamu barbachisaadha.

(Clark:1996, Fishman: 1971, Walff: 2000). Dhimmi afaan keessaa hafe hin jiru: kallattiinis ta'ee alkallatiin jiruufi jireenyi dhala namaa afaanirratti ijaarame. Daangaan hubannoo dubbataa afaan tokkoo murtaawaa ta’uyyuu, afaan waamara.Haaluma kanaan hawaasni gosa hojii garaa garaatti bobba’ee jiraata. Bakka hojii isaatti ammoo, dubbiidhaanis ta’ee barreeffamaan walqunnamtii nitaasiisa.Wal-qunnamtii kana keessatti afaan ergaa ittiin dabarfachuuf gahee guddaa qaba. Kanaafuu haala itti fayyadama geerarsa irratti ergaa ittiin dabarsuuf faayidaa guddaa qaba. Afaan ilmi namaa wantoota akka ilaalchaa,gochaawwan raawwatamuufiyaada garee

walfakkaatu addaa addaa jiddugalagodhachuun akka walii galan taasisa.“Language is to treat as ideology, actional andrelational classification of thoughts and ideas should be taken intoconsideration.”Hodge and
Kress (1993).Kanumarrattihundaa’ee,afaan iddoowwanii fiakkaataa dhimma itti bahanirrattigaraagarummaaqabaachuudanda’a,(Addunyaa2010).Haala fayyadama afaaniiilaalchisee, hawaasni garee tokkoo haala waliin jiraatu irrratti hundaa’eegaraagarummaa afaanii fayyadamuu akka danda’an hubachuun nidanda’ama. Afaan d himmootahawaasaa keessatti shoora olaanaa qaba.

Dhimmoonni hawaasaa immoo bakkaafi haala garaagaraatiin raawwatu. Kunis, fayyadamni afaanii garagaraajiraachuu agarsiisa. Afaan bakkadaldalaa,bakkamana yaalaa, bakka mana amantii,bakka mana murtii, bakka taphaa,bakka warshaalee,dirree siyasaafi kan kanafakkaataan maqaa dhahuun nidanda’ama.Haallaan afaankeessattidhimma itti baanu beekuufi beekuu dhabuun wal hubachuufi wal quunnamtii irrattiidhiibbaa geesisa.Namoonni haala galumsaaddaaddaa keessatti maaliif bifa garaagaraatiin akka dubbatan, afaan tajaajila hawaasummaa akkamii akka kennu, kutaa hawaasaa addaaddaa biratti ergaaakkami akka qabu baruuf immoo gaaffilee bu’uuraaxiinqqooqa hawaasaa
kan ta’an eenyutu,eessatti, maaliif,haala akkamii keessatti akka dubbatamu beekuun barbachisa adha.

Mohaamed (2009:109) “Sirna gita bittaa Nafxanyaa,Itoophiyaan mana hidhaa sabaafi sablammiifi cubbuun itti mo’e,uummanni biyyattii garbummaa jala turan hundi sirna bulchiinsa garboonfataa kana jalaa bilisa bahuudhaaf qabsoo hidhannoo geggeessaa turan “jedha.Akkasumas Darajjee (2010:102) “Biyyi keenya Itoophiyaan waggoota27 guutuu siyaasa baay’ee rakkisaa keessa turte.Keessattuu noonnoo Oromiyaa keessatti namoonni baay’een kan siyaasaan hidhaman baay’een kan du’aniifi haalonni baay’ee rakkisoo turan “jedha.

Yaada kana irraa mootummoonni Itoophiyaa weerara lafa babal’ifachuuf abbaa biyyaa qe’ee isaa irraa sirna bulchiinsa gabroonfataafi uummata sadakaa oliin gara gadiitti dirqamaan ajajuun akka bulchaa turaniifi uummanni immoo akka mormaa falmachaa ture hubanna.Asaffaa Jallataa kitaaba isaa ’ogummaa’ jedhu keessaatti kan inni kutattoonni sabboontota oromoo miliyoonaan lakkaa’aman oromummaa guddisuufi hawaasa saamichaafi waanjoo hacuuccaa jalaa bilisa baasuuf lubbuu isaanii aarsaa godhaniiru. Kaan immoo dararaafi salphinaafi hidhaadhaaf saaxi

lamaniiru (Asaffaa,2007:245).Quuqqaa kana irratti uummanni ka'ee diddaa fincila garbummaa geggeesseen jijjiiramni maastar pilaanii naannoo finfinnee akka dhufehubanna.

Finfinneen maqaan ishee horaa irraa dhufe. Horri kun iddoo amma *filwuhaa* jedhamee beekamutti kan argamuudha.Finfinneen akka magaalaatti hundaa'uun duratti Oromoota Galaan, Abbichuu, Gullallee, Eekkaatu horee danboobee, yaasee elmatee qotee galftee dilbii guutee irra jiraachaa ture.Finfinneen karrawwan yookiin ulaawwan nama galchuu shanan qabdu. Kallattii Bahaan karra Barrakiifi karra Alloo ykn kontomaa,yoo ta'an,gara Lixaan immoo karra Qirxii ykn Fulidooroofi,karra Qoree fi karaa kaabaan immoo karra xuuxoofi Dildila, karra Qaalluufi kibbaan immoo karra Basaqaa, karra Gafoo,Handoodee jedhamuun beekamu.

Dur bakka amma aadaafi turizimii jedhamu warra Tufaa Munaa ijoolleen isaanii warra Yeshii Dabalee jedhamtuu irra jiraata.Moggasaawwan maqaalee bakkeewwan Finfinnee keessa turan orommoonni dur ittiin waaman qabuu turan garuu gita cunqursaa bittaatiin bakkeewwan kun akka jijjiirama ta'anii jiru kan manca'es jira. Mootichi minilik gaara xuuxxoo/ Inxooxxoo irra waggaa (12) erga jiraachaa tureen booda bara 1979 gara Hora Finfinneetti gadi bu'uun Finfinneenis kana irraa ka'uunis teessoo mootumma ta'uun tajaajiluu jalqabde.Oromoon dur Finfinnee bakkeewwan tokko tokko maqaa ittiin waamu qabaa ture. Fakkeenyaaf: Adaamii Tulluu iddoon kun lafa gara kaaba Finfinnee naannoo Rufaa'eelii hanga Shogolee ga'utti jiruudha. Arbuu Irreechaa iddoon kun Finfinnee gara Bahaatti kan argamu yoo ta'u yeroo amma ‘’Raas Hayiluu Safar’’jedhamee kan beekamuudha.(Alamayyoo Hayilee 2011).

Baabboo Kormaa iddoon kun‘’Qeeraafi Saarbeet'jedhamee kan moggaafameedha. Baddaa Ejersaa iddoo ykn Ganda‘’Raas Kaasaa Safar’’jedhamee yamamuudha.Iddoo ejersi baay'een itti baay'atuudha. Birbirsa Yaa'ii iddoon kun yeroo ammaa kana Araadaa Goorgisii jedhamuun kanJedhamuu yoo ta'u gandoota olla ishee hammattee,iddoo yaa'iin Gullallee itti godhamuudha. Burqaa Ejeree iddoon kun ganda Burqaa Ejereefi Guraaraatiin kan beekamaa turedha.Caffee Aannanii iddoon kun yeroo ammaa Lidataa kaasee hanga Xabaay Maarramaattikan jiraniidha. Caffee Tumaa iddoon kun bakka yeroo ammaa naannoo shiro meedaagaditi mana barumsaa Inxooxxoo Axxaqaalaay jedhamuufi hanga Hora saawwaa/Araat kiiloo/tti jedhamuun beekama.Calalliigandi kun yeroo amma iddoo naannoo Saarbeet jedhamuu gara kaaba Lixaatti argamuudha. Dalloo Buddeenaa gandi kun yeroo ammaa baqiloo Beetiikaasee hanga Gootaraa kaasee kan ittiin yaamamuudha. Diddiimtuu gandi kun yeroo ammaa Shogolee jedhamee maqaa

mootii Beenishaangul Kan turan Sheek Hojoleetiin kan moggaafamedha. Masaraan isaaniis achitti Argama.Dhummuuggaa gandi kun lafa yeroo ammaa Ginfilleejedhamee beekamuudha.

### 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Sabni Oromoo yeroo dheeraaf yaada, fedhii, jibba, jaalala, gammachuu, gadda walumaagalatti muuxannoo jiruufi jireenya isaa afaan dubbiitiin kan ibsachaa tureedha.Kanarraa kan ka’e, Oromoon hawaasa Afoolaa jedhamun beekama. Kunis Afaan Oromoon yeroo dheeraaf Afaan dubbii malee Afaan barreeffamaa akka hin taaneefi seenaa isaa fisona aadaa isaa kan ittiin dabarfachaa ture afoolani.Keessaayyuugeerarsaan akka ture ibsama.Geerarsi beekumsa seenaafi sona aadaaOromoo dhalootaa dhalootatti dabarsun alatti hubannoo fi tokkummaa Oromoo cimsuun dhiibbaa alagaa ofirraa cabsuuf waan tajaajiluuf cimee itti fufuu qabudha. Haaluma kanaan ergaan geerarsonni diddaa garaagaraa mul’isan keessa geerarsi diddaa maastar pilaanii Caalaa Bultumeen bara 2008 irratti geerarame jaarsii,jaartiinii fi qeerroon Oromoo marti bifa adda ta’een dhaggeeffachuun diddaafi falmii isaanii sodaafi shakkii tokko malee afaan qawwee jala dhaabachaa waan turaniif dhimma askeessaattii isaan kakasee onnachisee maal akka ta’e bira ga’uuf.

Karaa biraa immoo geerarsa diddaa mul’isan keessaa kan Maastar Pilaanii Caalaa Bultumee bara 2008 adda godhe ykn hawaasa hunda biratti akka jaalatamu taasise iccitiin isa adda godhe tokko qorannoo akkan gaggeessuuf kan nakakaase.

Kanaafuu fayyadamni afaanii diddaa maastar pilaanii Caalaa Bultumee bara 2008 geerarame ka’umsa qorannoo kanaa naaf ta’ee kaa’ameera.Kanumaan walqabatee fayyadamni afaanii askee ssatti ergaa dabarsuuf dhimma itti ba’ame maal akka ta’eefi eenyummaan Finfinneen walqabac huu danda’uu isaa qorachuufi. Fayyadamni afaanii geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaaniiga’ee isaa bira ga’uuf. Geerarsa kana maaltu bifa hoo’aa ta’een onnee namaa kan tuttuqee sodaa tokko malee akka dubbatan kan taasisee bira ga’uufidha.Ergaan fayyadama afaanii geerarsichaan darbu, malleen dubbiin akkamitti akka qindaa’e mormii maastar pilaani kakaaseefi ibsuufi.Fayyadamni afaanii geerarsa Caalaa Bultumee keessa jiru geerarsota diddaa mul’isan biroo irraa addatti waa’ee eenyummaa Finfinneefi naannoo Oromiyaa irratti akka xiyyeeffatu maaltu isa taasisee kan jedhu bira ga’uufi. Fayyadamni afaanii geerarsicha keessan darbu hawaasa bal’aa bifa hoo’aa ta’een jaarsa,jaartii,qeerroofi qarree soda tokko malee

dhaabachuun mirga eenyummaa Finfinneefi naannoo Oromiyaatiif diddaa maastar pilaanii ibsachuuf walduukaa akka isaan hiriiran kan taasiseefi bira ga’uufi. Kanaafuu qorannoon kun mataduree “Geerarsa Caalaa Bultumee 2008: Diddaa Maastar pilaanii Gama Fayyadama Afaaniin” Qaacceessuu jedhu irrattigaaffilee bu’uuraa armaan gadii ka’uumsa godhatee qorataan qorannoo kana gaggeesseera. Kunis:

1. Fayyadamni afaanii Geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii keessatti maal fakkaata?
2. Ergaa fayyadama afaanii geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii irratti geerarame keessaa maalii?
3. Fayyadamni afaanii geerarsa Caalaa Bultumee bara 2008 Diddaa Maastar Pilaaniiakkamiin eenyummaa daangaa Naannoo Oromiyaaibsa?

### 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa,Geerarsa Caalaa Bultumee 2008 Diddaa Maastar Pilaanii gama fayyadama afaaniin qaacceessuu.Kaayyoon gooreen qorannichaa ammo akka kanaan gadiitti taa’e.

1. Fayyadama afaanii Geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii keessatti argaman ibsuu.
2. Ergaa fayyadama afaanii geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii irratti geerarame ibsuu.
3. Fayyadamni afaanii geerarsa Caalaa Bultumee2008 Diddaa Maastar Pilaanii akkamiin eenyummaa daangaa Naannoo Oromiyaa ibsu addeessuu.

### 1.4 BarbaachisummaaQorannichaa

Hojiin qorannoo kanaa erga raawwateen booda,bu’aalee armaan gadiinigumaacha jedhameet amanama.

- Qorataabiraatiif akka ka’umsaatti tajaajiluu danda’a.
- Faayidaa fayyadama afaan tokkoo baruufi barsiisuu keessatti dagaagsuufi.
- Ergaa fayyadama afaanii geerarsa diddaa Maastar Pilaanii Caalaa Bultumee ifa baasuufi.
- Fayyadamni afaaniifi eenyummaan daangaa naannoo Oromiyaafi Finfinnee walitti dhufeenya isaan qaban ibsuufi.

- Fayyadamni afaanii malleen dubbiitiin akkamiitti akka dhimma ba’an dhaloota boodaa barsiisuuf iddoo olaanaa qabaachuu isaa.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qoratichi gama tokkoon qorannoo daangaa bal’aa gaggeessuun odeeffannoo hedduu argachuufi ergaa hedduu fayyadama afaaniin walqabate ifa baasuuf akka gargaaru kan amanu ta’ullee yeroo baay’ee waan gaafatuuf immoo argachuun rakkisaa ta’uu irraa kan ka’e qorannicha kan diddaa maastar pilaanii ibsan baay’ee keessa kan Caalaa Bultumeen bara 2008 geerarame filachuun mata duree ‘Geerarsa Caalaa Bultumee 2008 qaaccessaa diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaanii’qofarratti kan xiyyeeffate qaacceessaffameedha. Kanas fayyadama afaanii, ergaa fayyadama afaanii,Eenyummaa Finfinneefi naannoo Oromiyaa irratti kanqaacceffameedha.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu hanqinni adda addaa mudachuun isa hin oolu.Haaluma kanaan,qorannoon kun yeroo gaggeefamettis rakkooleen garaagaraa qorataa mudatan jiru. Kana dura matadureen qorannichaa qorannoon irratti gaggeeffamee waan hin jirreef barruu walfakkii argachuun rakkoo mul’ateedha.Karaa biraatiin immoo,kitaaba dabalataa waa’ee maastar pilaanii ibsu gabaa irraa argachuu dhabuun akka rakkootti kan mul’ateedha.Gama biraatiin immoo geeraraa Caalaa Bultumee akka madda odeeffannootti yommuun dubbisuuf yaalutti fedhii dhabuu kan kana fakkaatan mudannoo kiyyaadha.

### 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee kan qindaa’edha. Boqonnaan duraa ariirrata yommuu ta’u, Afaan meeshaa ilmi namaa ittiin waliigalu ta’uufi hayyonni immoo maal akka jedhan seenaa afaaniin walqabatee kan ka’eedha.Ka’umsa qorannoo kanaaf fayyadamni afaanii geerarsa Caalaa Bultumee 2008 qaaccessa diddaa maastar pilaanii irratti maal akka qorataa kakaase qabxilee tuqameedha.Kaayyoowwan qorannoo kanaa kaayyoo gooroofi gooree ta’uun kan dhiyaataniidha.Barbaachisummaan qorannoo kanaa maali? Maaliif akka barbaachise kan ibsameedha.Daangaan qorannoo kanaa fayyadama afaanii geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii naannoo Oromiyaa qofaan kan daangeffamedha.Hanqinni qorannoo kanaa immoo qorataan yeroo qorannoo gaggeessu mudannoo isa mudate duraa duubaan kan ibsameedha.Boqonnaan lammaffaan sakatta’a barruuti. Sakatta’a barruu keessatti ragaalee adda

addaa qorannoo kanaaf wabii ta’uu danda’u sakatta’ameera. Itti aansuun boqonnaan sadaffaan malleen qorannoo yoo ta’u, mala akkamtaa qorannoo kana gadi fageenyaan gaggeessuuf waan fayyaduufi boqonnaa arfaffaan odeeffannoo dhiyeessuufi qaaccessuuti. Kana keessatti malleen dubbii adda addaa fayyadama afaanii keessatti ergaa ittiin dabarsuuf fayyadamuu isaati. Boqonnaan dhumaa yookaan shanaffaan immoo, cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaa duraa duubaan qindeessuun dhiyaateera.

## 1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Finfinneen maqaan ishee horaa irraa dhufe. Horri kun iddoo amma filwuhaa jedhamee beekamutti kan argamuudha. Finfinneen akka magaalaatti hundaa’uun duratti Oromoota Galaan, Abbichuu, Gullallee, Yakkaatu horee danboobee, yaasee elmatee qotee galftee dilbii guutee irra jiraachaa ture. Iddoon argama finfinnee Afrikaa bahaa digirii laayititiyudii digirii 9 kaabaafi digirii loongititiyudii 39 baharratti argamti. Finfinneen akka seenaan jedhutti handhuura Oromooti. Magaalaa gudditti teessoo gamtaa Afrikaafi biyyoolessati. Finfinneen karrawwan yookiin ulaawwan nama galchuu shanan qabdu. Kallattii Bahaan karra Barrakiifi karra Alloo ykn kontomaa, yoo ta’an, gara Lixaan immoo karra Qirxii ykn Fulidooroofi, karra Qoree fi karaa kaabaan immoo karra xuuxoofi Dildila, karra Qaalluufi kibbaan immoo karra Basaqaa, karra Gafoo, Handoodee jedhamuun beekamu. Finfinneen araddaa tulluurratti finfinneen marsanii jiraatu.(Alamayyoo Hayilee, 2011:110).

Finfinneen araddaa tulluurratti argamtuufi naannoo ishees tulluwwaniin marfamteedha. Isaaniis kan akka, tulluuwwan dildilaa / Tulluu Xuuxoo/, Eekkaa, Eereer Furii, Hococa, Jammoo Kolooboofi gaara Fiicheen kan marfamteedha. Laggeen gurguddoon finfinnee keessatti argaman laggeen akka Haqaaqii, Qabbanaafi Gafarsaa yoo ta’an malkaawwan xixiqqoo akka Labuu, Lukkuufi Kan biraa hedduutu jira. Finfinneen lafa bosonaafi dhagaa qarsaa qabduufi gara gadiin immoo lafa ciisaa dhaqdhaqiidhaan marfamte turte. Dur bakka amma aadaafi turizimii jedhamu warra Munaa Tufaa ijoolleen isaanii warra Yeshii Dabalee jedhamtuu irra jiraata. Moggasaawwan maqaalee bakkeewwan finfinnee keessa turan Orommoonni dur ittiin waaman qabuu turan garuu gita cunqursaa bittaatiin bakkeewwan kun akka jijjiirama ta’anii jiru kan manca’es jira. Mootichi minilik gaara Inxooxxoo irra waggaa (12) erga jiraachaa tureen booda bara 1979 gara hora finfinneetti gadi bu’uun finfinneenis kana irraa ka’uunis teessoo mootumma ta’uun tajaajiluu akka jalqabde kitaabni sakatta’iinsa seenaa Oromoo jedhu ni ibsa. Maqaa

Gandoota Finfinnee durii osoo hin jijjiramiin hafan immoo; Boolee Bulbulaa, Gandi kun ammas Boolee Bulbulaa jedhamee kan beekamudha. Buraayyuu iddoon kun baay'ee bal'aafi gandoota baay'ee kan qabuudha. Ammas Buraayyuu jedhamee kan beekamuudha. Buraayyuun iddoo biqiltuun Buraayyuun jedhamu itti argamuudha. Eekkaa kun maqaa gosa turban oboo keessaa kan gosa 3n eekka yoo ta'u, Eekkaa, baay'eetu jira. Isaanis Eekka qorsaa, Eekka boolee, Eekka qarsaafi Eekka Abbaadhoo wkf  jedhamanii beekamu. Gafarsa iddoon kun maqaa gandoota Buraayyuu gara Lixaa jiranii ta'ee, ammas Gafarsuma jedhamu. Haqaaqii laga Haqaaqiitiin kan moggaafame yoo ta'u ammas Haqaaqiidhuma jedhama.Naannichi garuu basaqaa jedhama. Jamoo gandi kun ammas Jammoo kan jedhamuu yoo ta'u Tulluu Jammoo moggafamedha. Kattaa iddoon kun ammas kattaa kan jedhamu yoo ta'u Magaalaa Buraayyuuti gara Bahaatti kan jiruudha.  Kolfee iddoon kun ammas Kolfee kan jedhamu yoo ta'u yeroo amma gandoota adda addaatti qoodamee jira.  Kolfeen maqaa mukaa  /biqiltuu/ ifa ta'e tokkoodha. (Alamayyoo Hayilee, 2011:109).

Laaftoo gandi kun ammas Laaftuma jedhama. Makkannisaa ykn  Bakkannisaa gandi kun  ammas Bakkannisaa jedhamee waamama. Biqiltuu Bakkannisaatu  irratti  baay'ataa  ture. Qaallittii gandi kun ammas  Qaallittii dhuma  jedhama. Maqaan Finfinnee ganda addaaaddaa durittiin waamaman kun sababa osoo hin jijjiramiin hafaniif qabu kunis seenaa baduu hin dandeenye fkn; Kolfee, Makkannisa, Laaftoo, Buraayyuu maqaa mukaa baduu hindandeenyeeti walqabsiisuun kan moggaafameedha.Gama birootiin maqaan Eekkaa osoo hn jijjiramiin kan hafeef sababa adda ta'e qaba. Kunis maali yoo jenne ummanni oromoo durumaa iyyuu kaasee seenaa idda dhaloota Latiinsa mataa isaa waan qabuuf maqaan kunis Eekkaa kan jedhu hidda dhaloota Oboon walqabata.Maqaa gosa torban Oboo keessaa kan gosa 3n eekka yoo ta'u, Eekkaa, Baay'eetu jira. Isaanis Eekka qorsaa, Eekka boolee, Eekka qarsaafi Eekka Abbaadhoo wkfjedhamanii beekamu. (Waatoo, 2007:116).

Caatoo 1: Hidda Latiinsa Oromoo Naannoo Finfinnee ibsu.

Latiinsa Oboo Daaccii

Tuulama

Daaccii

Oboo 7

Gumbichuu 4 Gullallee 10 Oborii-3 Yaayyaa-3 Eekkaa-3 Digaluu-2 Gamuu-2

1.Sayyo Mana Beeroo-5 1. Igguu 1.Deeddee 1.Kuunnoo 1, Arroojjii 1. Biilaa

2. Akaakoo 1. Raasoo 2.Qaashimii 2.Soolee 2.Akaakoo 2. Siiba

3.Bonayyaa 2. Fulleellee 3.Manqaata 3.Buuyyamaa 3.Madaroo

4.Manabichuu3.Dhaayyee

4. Sayyoo

5. Arreellee

6 . Yooyyuu

7. Oliyyee

8. Mangullallee

9. Kuraabbuu

10. Amuuma

Madda Waatoo (2007: 118) irraa kan fudhatame.

Sochii Maastar pilaanii ilaalchisee Onkoloolessa bara 2015 manni mare mootummaa naannoo Oromiyaa walga’ii isaa isa calqabaa irratti labsii lakk. 195/2008 Maaster pilaanii magaalota naannoo Oromiyaa jiran bulchiinsa Finfinnee jala galchuu fi magaalota Oromiyaa biroo immoo Metropolis fi Regionopolis jechuun bakka lamatti qoodee, warra Metropolis jedhaman magaalota gurguddoo galii qaba akkuma Finfinnee, Dirre-dawaa fi Awadaayiin seeraan malee Oromiyaa irraa fudhatee saamaa jiruu ammas magaalotaa naannoo Finfinnee bulchiinsaa Federaalaa jala galchuuf kan karoorfameedha. Waanti hubatamuu qabu yeroo magaalonni Oromiyaa bulchiinsa federaalaa jala galan Afaan hojii mootummaa afaan Amaaraa ta’a. Hojjattoonni mootummaa

Oromiyaa irraa kaafamanii hojjattoota federaalaatiin bakka buufamu. Qonnaan bultoonni Oromiyaa qabiyyee isaanii irraa ni buqqifamu. Aadaan, duudhaan, Eenyummaan Oromoo naannoo sanaas ni bada. Karoorri maastar pilaanii bahe kun qabeenya saba Oromoo saamuun Eenyummaa Oromoo balleessuf waan qophaa’eef haqamuu, qaba jedhanii karaa nagaatiin ummanni gaaffii isaanii mootummaatti yeroo dhiyeeffatanitti dararamni hedduun, reebichi irratti ta’aa tureera.(Dirribii Damusee 2008:509) Akka ibsutti artistoonni Oromoos weedduu, geerarsa mormii miira namaa jabeessu baasuun qooda guddaa gumaachaniiru. Barattoonni, jiraattoonni qeerroon Oromoo marti bakka jiran hundatti mirga isaanii falmachuutti jalqaban. Mootummaanis mormitoota maastar pilaanii hidhuu fi ajjeesuu akkuma gara jabeenyaan kan itti fufee ture. Egaa geerarsa diddaan geerarsi akkamitti akka ergaa dabarsu kan ibsuudha.Egaa hawaasa keessatti cunqursaa jiru diddaa jiru asmaariin yookiin geeraran  bifa geerarsaatiin diddaa isaanii yommuu ibsatan durattumaa kaasee bifa armaan gadiitiin ibsatu.

Inxooxxoorra ba’anii irra ba’anii
caffee ilaaluun hafee
Finfinnee loon geessanii
Hora obaasuun hafee
Hora dhakaa araaraa
Jaarsummaa ta’uun hafee
Oddoo daalattii irratti
Yaa’iin Gullallee hafee
Hurufa boombii irratti
Jabbilee yaasuun hafee
Gafarsatti darbanii
Qoraan cabsuun hafee
Bara jarri dhufanii
Loon keenyas ni dhumanii
Bara mashashaan dhufee
Birmadummaanis ni hafee jedhanii walaleessuu turan akka seenaan ibsutti.

Madda, Obboo Digaafee Mul’ataa Bitootessa 12,2011 sa’aatii 9:00 yaada naaf kennaniidha.

Egaa kun immoo diddaan durumayyuu ummata Oromoo biratti kan beekamu ta'ee jibba,jaalala, gaddaafi gammachuu ofii bifa walaleessuun geerarsaafi faarsuun dabarfachaa akka turan kan nama hubachiisuudha.

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti barruuwwan mata duree qorannoo kanaaf gargaarantu dhiyaata. Jalqabarratti geerarsa, faayidaa geerarsaafi akaakuwwan geerarsa itti aansuun immoo fayyadama afaanii sadaffarratti immoo fayyadama afaanii geerarsicha keessattifi dhumarratti sakatta'a barruuwwan walfakkiifi yaaxxina qorannichaatuu dhiyaata.

### 2.1. Geerarsa

Hawaasni kamiyyu aadaa fi duudhaa kan ittiin ibsatu afoola mataa isaa qaba. Kun immoo hawaasichi qaroomina qabaachuu isaa mul'isa. Sababni isaas barreeffamaan osoo hin taane afaaniin aadaafi duudhaa barsiifachaa dhufeera waan ta'eefi akka kitaabni Finnegan Futh (1997:13) akka ibsutti, '' poetry composed in oral performance by people who can not read or write is synonymous with traditional and folk poetry''jetti.

Geerarsi abbummaa hin qabu sababni isaas namni tokko bara tokkotti geeraruu danda'a. Booda garuu dhaloota irraa dhalootatti yeroo daddarbaa deemu kan uummataa ta'a jechuu dha. Yaada kana irratti Finnegan Ruth (1976)

> *Oral literature is passed down word for word from generation to generation to generation and thus reproduced verbatim from memory through out the centuries, or alternatively, that oral literature is something that arises communally, from the people or the ''folk'' as a whole, so that there can be no question of individual authorship or originality*

Geerarsi akaakuuwwan afoolaa keessaa isa tokko ta'ee, rakkoowwan, bu'aa ba'ii jireenyaa keessatti nama mudatan hunda kan ittiin ibsatanidha. Bu'aa ba'ii adeemsa/ jireenyaa keessaa immoo gaddaa fi gammachuu, jaalalaafi jibba, Gootummaa, hawwii, fedhiifi kkf tu jiru. Kanaafuu, gerarsi isaan kana mara karaa ittiin ibsatanidha. "geerarsi damee afoolaa keessaa isa tokko. Afoolli immoo jiruufi jirreenya fedhii fi hawwii gaddaafi Gammachuu uummataa afaanichaa dhalootarraa dhalootatti kan dabarsudha. (Abbarraa Nafaa 1993:1). Kanarraa kan hubatamu, afoolli jiruufi jireenya hawaasa tokko waan ibsuuf, kana damee afoolaa kan ta'e

geerarsi waan jireenya hawaasaa keessatti calaqqisiifaman kan ibsudha. Mudannoon gurguddoo jireenya isaa keessatti bara baraan yaadatuufi dagachuu hin dandeenye geeraree quuqaa isaa baafata. Toorri interneetii http://waaqeffannaa.org/geerersa/ jedhu maalummaa geerarsaa yommuu ibsu. Geerarsi aadaa Oromoo keessatti bakka guddaa qaba.Geerarsi ogummaa fi dandeetti uumamaan argatan kan ittiin gammachuufi gadda,quuqqaa yoomessa fiseenaa, akkasumas diddaafi booree ofii ittiin ibsatanidha. Namni geeraru tokko dandeetti geerarsa uumuu kan qabuufionnee qabeessa kan ta'e ta'uu qaba akkasumas kan keessa isaa jiru baasee ibsachuu nama danda'u ta'u qaba.kana irratti Finnegan Ruth(1976:10)yaada kitaaba ishee keessatti kaafte qabdi:

> *There is no escape for the oral artist from a face to face confortation with his audience, and his is something wich he can exploit as well as be influenced by sometimes he chooses to involves his listeners directly,…arouses his audience's attention,…jechuun ibsiti.*

Geerarsi gosa wallee ykn sirna aadaa Oromoo ta'us kan geerarsa danda'u hunda miti. Kanaafuu geerarsi gosa afoola keessaa tokko ta'ee waallee ykn afwalaloo bu'aa ba'ii ykn mudannoofi muuxannoo jireenyaa kanittiin ibsatanidha.Geerarsi keessattuu, akka aadaa Oromootti wallee gootaa jedhamee beekama.geerarsoota,Diddaa mul'isan keessaa Geerarsa diddaa maastar pilaanii agarsiisuuf geeraraa turan geerarsa diddaa ilaallatuudha.Geerarsi diddaas kan agarsiisu sirna maastar pilaanii, diduu,ittisuufi jaladhaabbachuu yoo ta'u, qorannoon kunis, diddaa maastar pilaanii irratti xiyyeeffata.Toorra interneetii http://waaqeffannaa.org/geerearsa/ jedhu maalummaa geerarsaa yommuu ibsu.Geerarsi aadaa Oromoo keessatti bakka guddaa qaba.Geerarsi Ogummaa fi dandeetti uumamaan argatan kan ittiin gammachuufi gadda,quuqaafi seenaa,akkasumas diddaafi booreeofii ittiin ibsatanidha. Geerarsi gosa wallee ykn sirna aadaa Oromoo ta'us kan geerarsa danda'u hunda miti.

Walumaagalatti, geerassi gosa afoola keessaa tokko ta'ee wallee ykn afwalaloo bu'aa ba'ii ykn mudannoofimuuxannoo jireenyaa kanittiin ibsatanidha.Geerarsi keessattuu,akka seena Oromoottiwallee gootaa jedhamee beekama.Oromoonni diddaa isaanii ibsachuuf geerarsan afaanitti gargaaramuun erga ofii isaanii dabarfatu.Addisuu (1999:117) irratti,"geerarsi deebisanii wal ijaaruu uummata Oromoof sababa bu'uuraa ta'ee jira,"jedha.Akka Hoy(2004:6) ibsetti"diddaan kan uumamu ka'umsi isaa yoo bulchiinsi mootummaa ykn imaammanni isaa uummata kallattii hundaan miidhe dha"jedha. Finnegan (1976:273) geerarsi yoo ibsitu," geerarsi

dhimma yeroo ibsuufi yaada uummataa gabaasuu danda'a,"jetti.Walaloon ergaa Geeraraa biraa nuuf kenname tokko bifa miidhagaa fi namatti toluun nama biraan ga'uu keessatti qooda guddaa qaba.Walaloo yeroo jennu garuu waa'ee qubeen isaa dhuma irratti walfakkaachuu qofaa osoo hin taane, dhangala'insiifi ciminni ergaa sanaa iddoo guddaa qabaachuu kan qabuudha.''Walaloon Geerarsa aartii jecha dhikkisa/ yeedaloo human jabaa qabuun hubatamuudha.''jedha Fedhasaa (2013:85). Yaaduma kana qorataan kunis walaloon dhimma yookiin ergaa irratti barreeffamuu irratti hundaa'uun jechoota ciccimoo fi filannoo gurra dhaggeeffataa fi dubbisaa hawwachuu danda'uun yoo barreeffame ergaa darbuu barbaadamee kallattiin darbuu akka danda'uudha.

Walumaagalatti yaada beektota armaan olii irraa waanti hubatamu, uummanni fayyadama afaanii bifa geerarsaan,faaruufi ogafaan biroon yaada isaafi dhimma yeroo ibsachuu akka danda'u dha.Kanaafuu qorataanis geerarsa Caalaa Bultumee (2008) diddaa maastar pilaanii fayyadama afaanii bifa walaloofi geerarsichaa akkamitti uummanni Oromoo wal ijaaree qabsaa'eefi diddaa maastar pilaanii,miiraafi yaada isaaniin haala qabatamaa jiruun ibsame qaacceffamuuf yaalameera. Oromoonni diddaa isaanii ibsachuuf geerarsan afaanitti gargaaramuun erga ofii isaanii dabarfatu.kanas bifa walaloon qindeessuun itti fayyadamuun ibsatu.

### 2.1.1. Faayidaa Geerarsaa

Ummanni addunyaa kanaa akka ammaa qaroomina irra hin ga'iin dura afaanumaan seenaa isaa, falaasama isaa, aadaa isaa, fi duudhaa isaa waliif dabarsaa tureera. Yaada kana irratti Finnegan Ruth (1977:16) waan jette qabdi.*Oral poetry essentialy cierculates by oral rather than written means in contrast to written poetry, its distrution,composition or performance are by word of mouth…*

Faayidaan afoolaa kana kan jedhamuu miti.Geerarsi dame afoolaa keessa isa tokko ta'ee qabeenya walii galaati malee kan dhuunfaa miti. Afoolli hawaasni gamtaan waliin bulu, waliin ooluu,waliin oomishuu, waliin waan jibban mormuu,waliin godaanuu, akkasumas, dhimma hawaasummaa, diinagdee, siyaasaafi k.k.f ilaalchisee afoolli akka waliin gara fuula duraatti deeman kan deeggaruudha. Akka Fiqqadee,(1991) fi Finnegan (1976) ibsitetti dhaloonni kamiyyuu barsiifata aadaa, amantii isaaniifi duudhaa isaa dhalootaa dhalootatti dabarsuufi ogafaaniin geerarama ture.Kanaafuu geerarsi uummatni Oromoo kanneen og afaaniin itti gargaaramaa turan keessaa tokko ta'ee haala, dandeetti, gootummaa, akkasumas quuqqaa,

diddaafi mormii isaa gaddaafi gammachuu geerarsaan ibsata.Geerarsi dhaadannoo namoonni dhaadatan, akeeka jiruufi jireenyaaf qaban kan ittiin agarsiisan, gootummaa hojii saaniirratti qaban kan ittiin beeksifatan, hawwii fuuladuraa kan ittiin ibsataniifi malleen ittiin cookkatanidha. Geeraraan geerarsaan eenyummaa, diddaa, fedhii,hawwii, komii, gaddaafi gammachuu isaa ittiin ibsata. Haaluma kanaan geerasi diddaa maastar pilaanii Caalaa Bultumees fayyadama afaanichaa, ergaa fayyadama afaanichaafi eenyummaa finfinnee ittiin ibsuu irratti faayidaa guddaa kan qabudha.

Walumaagalatti faayidaan geerarsaa uummata Oromoo keessatti dhimma siyaaasaatiin kan walqabatu ta'ee yeroo itti uummaticha keessatti mormii diddaa, ta'iiwwan jireenya hawaasummaa keessatti ittiin dabarfataniidha.

### 2.1.2. Yoomessa Geerarsaa

Yoomessi yaadrimee yeroofi bakka jedhu akka qabaatu beekamaadha.Geeraraan lafa namni walitti qabametti onneen haa dhuftuf iyyuu malee lafti hundi kan geeraraati jedhama. Geerarsi mallattoo eenyummaa keessa tokko waan ta'eef lafa Oromoon jiru hundumaa jira.Yoomessi geerarsa kanaa yoomiifi eessatti raawwate isaa jedhu beekuuf,geeraraan hawaasa bal'aatti diddaa yookiin mormii isaa kan gadi baasee bara 2008 keessa yommuu ta'u, eessaatti isaa jedhuuf immoo bakka isaa beekuuf diddaan kun kan ka'e finfinnee handhuura lafa isheerratti ta'uu yoomeessi isaa ni ibsa.Akkasumas geerarsi kun erga hojiirra oolee eessatti fayyada jennee yoo ilaalle naannoo Oromiyaa guutummaa ishee keessatti wiirtuuwwan hawaasni sagantaa adda addaatiif walitti qabamanii argaman hunda keessatti, lafa sirni garaagaraa gaggeeffamutti ta'uu danda'a.(Addunyaa Baarkessaa, 2014 :116).

### 2.1.3 Akaakuuwwan Geerarsaa

Og walaloof hiika tokko kaa'uun baayee rakkisaadha.Gama faayidaa isaan yoo ilaalle og walaloon meeshaa guddaa yaada keessa namaa jiru tokko ittiin ilaalluudha.Geerarsi meeshaa guddaa yaadan, waa'ee jibbaa, jaalalaa, waa'ee obsaa, abdii fuula duraa, akkasumas waa'ee uumaafi uumamaa, bareedinaa fik.k.f ittiin ibsataniidha. Yaada kanas kan deeggaru Misgaanuu. (2009), Zalaalem,(2003:23) wabeeffachuun yeroo ibsu: poetery is one of those modes of expressions, that helps externalizes human feeling anda imaginations, about love, dreem, love thought, expirations and ideas about nature, about, beauty and other many things jechuudhaan

ibsa.Og walaloon afaaniin dhalootaa dhalootatti darban faayidaa guddaa akka qaban, akka daawwitiiti sabni tokko ittiin ofibsa.Yaaduma kana irraa ka'uudhaan Misgaanuun,(2009), Fish, (1972:52) wabeeffachuun yommuu ibsu;*No father land can exist with out folk poetery. Poetery is nothing more than the crytes in which nationality can mirror it self; it is spering which brings to the surface of the truly original in the folk saw jedha.*

Geerarsi afoola keessa isa tokko ta'ee, dameewwan garaagaraa of keessatti hammatee kan argamuudha. Isaanis; kanneen akka gootaa, siyaasaa, diinagdee, Ajjeesaa bineensota adda addaa, fkn leencaa, Qeerransaa, Arbaa, Gafarsaa, fi k.k.f akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti geerarsi damee afoolaa keessa tokko ta'ee mul'istuu yaadaa waan ta'eef seenaa aadaa duudhaafi safuu hawaasaa qooqa sana dubbaturra darbee amantiifi yaada siyaasaa akkasumas, falaasama uummatichaa maal akka ta'an geerarsi kan ibsudha. Dassalany, (1985:85) fi Reaver (1962) eeruun akka ibsanitti afoolli madda beekumsaa dhala namaati jedha Realse (1962), Akkasumas geerarsi dame afoolaa keessaa isa tokko waan ta'eef akka madda beekumsaatti kan ilaalamuudha.Geerarsi, qabiyeefi ergaa inni dabrsurratti hundaa'ee akaakuu gara garaa qaba. Sumner geerarsa Oromoo bakka saddeelitti qooda "*it Is possible to classify all the Oromoo songs that are here collected under following specific literary types which are, by order of decreasing frequency:*

1. Love songs
2. Heroic songs
3. Historal songs
4. Pastoral songs
5. Festival and religious songs
6. Satirical songs
7. Gnomic songs
8. Multiple literary types
    a. Satirical live songs
    b. Heroic religious songs
    c. Gonomic live songs (claude sumner, 1996:23)

Akka qooddii 'sumner tti geerarsi Oromoo Geerarsa jaalalaa, geerarsa gootaa, geerarsa seenaa, geerarsa loonii, (Tiksee,) geerarsa ayyaaneeffannoofi Amantaa, geerarsa ciigoo, geerarsa

faarfannooti geerearsa ogum-heddeeti. Gosootni geerarsaa kun bifa yookan uunka walfakkaataa qabaatanillee haalli yoomessa isaan keessatti geeraramaniifi qabiyyeen isaanii adda adda isaan taasisa. Kanaafuu geerrarsi, geerarsa Caalaa kana keessatti diddaa maastar pilaanii agarsiisuuf geeraraa turee geerarsa diddaa ilaallatuudha. Geerarsi diddaas kan agarsiisu sirna san keessa, morkachuu, diduu, ittisuufi jaladhaabbachuu yoo ta'u, qorannoon kunis, diddaa maastar pilaanii fayyadama afaanii irratti xiyyeeffata.

#### 2.1.3.1. Geerarsa Diddaa

Geerarsi diddaa akakuu geerarsa keessa isa tokko ta'ee kan geeraraan tokko ta'iiwwan hawaasa keessaa yookiin jiruufi jireenya isaa keessatti isa mudate quuqqaa qabu diddaa geerarsaan gargaramee kan ibsatuudha. Hiikaa isaa irraa ka'uun geerarsi diddaa akaakuwwaan geerarsaa keessaa tokko ta'ee, geeraraan hawaasicha keessaa dhimmoota hawaasaa ta'uu danda'a,quuqqaa gara biraa ta'uu danda'a akkasumas haala siyaasaa irratti ta'uu danda'a geerarsaan gargaaramuun diduu isaa hawaasatti gadi baasee mul'isa.Fennegan (1977:11) *yoo ibsitu,"oral peotery is one type of warsong it is means of expressing feeling"* jedha.Addisuu (1999:117) irratti,"geerarsi deebisanii wal ijaaruu uummata Oromoof sababa bu'uuraa ta'ee jira,"jedha. Akka Hoy (2004:6) ibsetti"diddaan kan uumamu ka'umsi isaa yoo bulchiinsi mootummaa ykn imaammanni isaa uummata kallattii hundaan miidhe dha"jedha. Finnegan (1976:273) geerarsi yoo ibsitu," geerarsi dhimma yeroo ibsuufi yaada uummataa gabaasuu danda'a,"jedha.Yaada kanaan walqabsiisee geeraraan Caalaa Bultumee geerarsa isaa keessatti quuqqaa garaa isaatii qabu falmii ofii fayyadama afaaniitiin fayyadamuun hawaasa bal'aa jiruuf diddaa isaa bifa hoo'aa ta'een kan dhiyeesseedha.

### 2.1.3.2. Geerarsa Gootummaa

Geerarsii gootaa gosa afoolaa keessaa afwalaloo jalatti kan ilaalamu ta'e,aadaafi falaasama Oromoo keessatti, gootumman iddoo guddaa kan qabudha. Nama goota ta'eef kabajni kennamuf olaanaadha. Geerarsi gootaa dhugummaa hojii goota Kan mirkaneessudha. Namni tokko goota kan jedhamu adamoo adamsee yoo bineensota adda addaa ajjeesee gale,roorroo isaa yoo of irraa deebiseefi dirree waraanaa deemee diina isaa injifatee galedha. Ayyaanaa (1991,f.55) yaada isaa yommuu ibsu, "geerarsi akka sumatti kan geeraramu osoo hintaane gochaa qabatamaatti raawwatame tokko ibsuudha.

Geerarsi dhaadannoo namoonni dhaadatan,akeeka jiruufi jireenyaaf qaban kan ittiin agarsiisan, gootummaa hojiiisaaniirratti qaban kanittiin beeksifatan, hawwii fuuladuraa kan ittiin ibsataniifi malleen ittiin cookkatanidha. Geeraraan geerarsaan eenyummaa, fedhii, hawwii, komii, gaddaafi gammachuu isaa ittiin ibsata.Haaluma kanaan geerarsi waallee gootaa jedhamuun beekama.Geerarsi muuxannoofi xiinxala barbaaduun, jechoota baay'ee muraasa ta'aniin ergaafi kan nama tokkotti dhaga'ame, waa'ee gootummaas ta'ee waa'ee jiruuf jireenyaa isaa kan ibsaa tureefi ibsaa jiru hawaasa keessatti iddoo guddaa kan qabu dha. Kana malees geerarsi yeroo baay'ee namoota barataniifi hin barannee birattillee bakka guddaa qaba.

Geerarsihawaasatokkooftajaajila cimaa qabaachuunisaabeekamaadha.Keessumattiyyu geerarsan fayyadamuun gootummaa jiruu yaada keessa namaa kan gadi baasanii ittiin ibsanidha. Geerarsi keessattu waallee gootaa jedhamuun beekama hawaasa keessatti beekama. Geerarsi gootummaa onnee namaa keessatti yeroo cunqursaafi hacuuccaan baay'atu keessa namaa dhiibee kan gootummaan mul'atuudha.

### 2.1.3.3. Geerarsa Ajjeesaa

Geerarsi aadaa Oromoo keessatti bineensota gurguddoo kanneen akka gafarsaa, qeerransaa, leencaa, arbaafi wkf ajjeesanii dibachuun beekamaa ture.Kanaaf goonni yeroo ajjeeses ittiin dhaadachuun geeraru geerarsa ajjeesaa jedhamuun beekama. (Addunyaa Barkeessa, 2010:178) Namni tokko ajjeesuuf yommuu manaa ba'uufi ajjeesee yommuu galu kan inni geeraru adda adda. Fakkeenyaaf, yoommuu ajjeesuuf deemu hawwii isaa, yommuu ajjeesee galu immoo, akkaa itti ajjeesuuf rakkoo isa mudate, tooftaa ittiin rakkoo sana keessaa ba'e ilaalchisee geerara. Kanaafi geeraraan kun lafa carraa argatetti fakkeenyaaf: bakka sagantaan jirutti qophii adda

addaarrattifi iddoo carra argate irratti mirga argachuufi mudannoo keessa darbee dhufe hawaasaaf kan ittiin ibsuudha.Egaa geeraraan kun kan mirga ofii ittiin ibsu kun geerarsa ajjeesaa akkuma jedhame yeroo ajjeesaa raawwatamutti taa'iiwwan ciccimoon mudatan jiraachuu danda'u. Kanaaf carraa kanaan walqabsiisee ibsachuu danda'a.

### 2.2.Fayyadama Afaanii

Fayyadama afaanii jechuun naamusa ogummaalee afaanii irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, akkaataa afaan ittiin baratamuufi addunyaa ammayyaa'aa ta'e keessatti gama fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatuudha. Fayyadama afaanii ilaalchisee, Coopeer (1976) akka ibsutti: itti fayyadama afaanii jechuun xiyyeeffannoo garaagarummaa afaan tokko yookaan looga tokko keessatti haala dubbiin, seerlugaan yookiin jechaan uumamu yookiin adda addummaa afaanota yookiin loogota gidduutti uumammu akka ta'e ibsa.Afaan kan dhalli namaa itti fayyadamu,sagalee dubbii bakka bu'ee yaadaafi fedhii dubbataan namoota biroo walin ibsachuu barbaadu tokko itti fayyadamee kan ibsatuudha.Kanaaf afaan meeshaa walqunnamtii fi mallattoo eenyummaa saba tokkoo tahee tajaajila jechuun danda'ama.

Dhimmoota afaanii ilaalchisee beektotni adda addaatiin bifa gargaaratiin haa kennamaniyyuu malee yaadni hayyoota afaanii hedduun walirra kan fagaatu miti.Kunis afaan meeshaa waliigaltee tahuusaarratti akka waliigalan hubachuun nidanda'ama.Kanumaan walqabatee maalummaa afaanii irratti akka Krauss and Chiu (1993:87)" *Language is the medium of communication through which we express our emotins, ideas, feelings and thoughts to our fellow people''* jedhu.Ibsa kana irraa akka hubannutti afaan karaa ilmi namaa walqunnamtii ittiin adeemsisu ta'ee, kan namoonni miira isaaniitti dhagahame: yaada, fedhii akkasumas beekumsa isaanii ittiin ibsataniidha. Afaan yoo jedhamu akka feeteen kan uumame, qaamolee dubbii uumanitti fayyadamuudhaan dhalli namaa waliigalteen akka fudhateef akka isaa galutti yaada isaa kan dabarsu meeshaa waliigalteeti.

Afaan ilaalchisee Addunyaan (2010: 1) Afaan waahalle kan itti jiraatan; kan ittiin jiraatan immoo jireenya. Jiraachuuf ammoo, afuura baafachuufi yaaduun dirqamajireenyaati. Afuura baafannaan, lubbu-qabeeyyii birootiin kan wal-fakkeessu yoo ta'u, yaaduun garuu, bakka addaan bahaniiti (point of departure). Afaan, kan ittiin yaadaniifi wal-qunnamaniidha. Dabalataanis waa'ee afaanii ilaalchisee Goshgarian (2001:26) akka armaan gadiitti ibseera.

> *Language is the highest intellectual activity we practice. It is the way we define our selves who we practice. It is the way we define ourselves who we are as a species, as individuals,as society and as a culture. It is the bases of thought because it contains the symbols of thought.*

Akka ibsa yaada armaan olii kanarraa hubannutti, afaan gocha sammuu isa olaanaa dhalli namaa badhaafame ta'ee, afaan yaada nama dhuunfaa yookaan akka hawaasaatti dhagahame kan ittiin ibsataniidha. Akkasums, mallattoo eenyummaa aadaa saba tokkoo kan ittiin ibsatan jedha. Kana malee, afaan handhuura jireenya dhala namaati jedha. Namni miira isatti dhagahame afaan isaatiin ibsata.

Akka Liulseged Erikum.(1994), ibsutti fayyadamni afaanii iddoo hundumaatti seera afaanichaa beekuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.Yaada kanarraa kan hubannu fayyadamni afaanii iddoo tokkotti ergaa tokko yoo qabaate iddoo kan biraatti ammo ergaa adda ta'e qabaachuu akka danda'u kan agarsiisuufi seera afaanichaa beekuun ammo iddoo haalletuu barbaachisaa akka ta'edha.

Yaada kana ilaalchisee,Wolff (2000) itti fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf, gaaffiiwwan akka yoom, eessatti, maaliif, akkamitti, maaliin, eenyuuf, kan kana fakkaataniifi gaaffiiwwan xinqooqa hawaasaan walqabatan kaasuun hubachuun akka danda'amu ibsa. Walumaagalatti, yaada hayyoota olitti eeramanirraa kan hubachuun danda'amu fayyadamni afaanii yaadumaan kan dhugoomu osoo hinta'in haala qabatamaa hawaani tokko afaanitti dhimma ba'uun hojiitokko hojjetuufihariiroo hawaasichi jiruufi jireenya isaa keessatti qaburratti hundaa'uun kanmurtaa'u akka ta'edha.Kunis,ergaan afaanii dhimmoota adda addaa keessatti kan gargaaru ta'ee namoonni karaadubbiifi barreeffamaatiin jireenya guyyaa guyyaa keessatti dhimma daldalaa, amantaa, falmii siyaasaafi kankanafakkaataan keessatti kan hojiirraooludha.Dabalataanis,bashannanuu,gorsuu,akeekkachisuu, ifa gochuufi amansiisuu keesattis dhimma itti ba'ama.Afaan waliigaltee ilmaan namaa gidduutti uumuu keessatti iddooolaanaa qaba.wantoonni jireenya hawaasaatiif barbaachisan kan ittiin ibsaman karaa itti fayyadama afaanii bakkaafi iddoo garaa garaatti bifa adda addaatiin faayidaaf oola.''language in use is a variefy of setting.(''Holliday 1994:233'') Kun immoo afaan haala irratti hundaa'uudhaan dhimma kan itti ba'amuu ta'uu agarsiisa.Gama biraatiin,bal'ina itti fayyadama afaanii kan jennu ammoo, yoomessa namoonni afaaniifi barreeffamaan dhimma tokko raawwachuuf itti gargaaramanin kan daangeffamudha.

Liulseged (1994) qo’annoo fayyadama afaanii ilaalchisee akka ibsutti hawaasa afaan adda addaa dubbatan keessatti seera afaanicha waliin qaban filachuu kan gaafatudha. Seerichis haala adda addaarratti hundaa’u ta’uu isaafi haalootiin kunis naannoo, matadurees bakka hojii ta’uu danda’a jedha.Gama kaanin immoo fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaanii haala adda addaa keessatti qabudha. Haala kana irraa akka hubannutti namoonni afaan kan fayyadaman haala adda addaa keessatti yeroo ta’u dhimmi yookiin kaayyoon isaan afaanitti fayyadamanis adda adda ta’uu mala. Clark (1996) yoo ibsu: fayyadmni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaa fi murteessa ta’uu isaa lafa kaa’e jira.Kanaafuu, hojiin fayyadama afaan iirratti hojjatamu, garaagarummaa yaada xiinqooqaafi hawaasumma jiru adda baasuufi ibsuurratti xiyyeeffachuu qaba. Kana jechuun, haala itti fayyadma afaanii hunda adda addummaa hawaasaa sababa afaaniin uumamu kan hammatuudha. As keessatti, garaagarummaa kan jedhu namni dubbatu sun gosa garaagaraa afaanichaa keessa jiru filatee kan dubbatu ta’uu isaati. Fknf, bakka hawaasni tokko afaan adda addaa beekuttis afaan tokko ergaa tokkoof, afaan biro immoo ergaa gara biroof fayyadamuu danda’u. Kanaaf, fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaati.

### 2.2.1.Maalummaa Fayyadama Afaanii

Fayyadama afaanii jechuun beekumsa dandeettii afaanii irratti kan xiyyeeffatu ta’ee akkaataa afaan namni barumsaafi addunyaa qabatamaa keessatti haala fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatudha. Fayyadama afaanii ilaalchisee (Richard 2008) akka ibsutti, fayyadama afaanii afaan keessatti guddisuuf hubannaa kennuu irratti gahee guddaa qaba. Gahee fayyadami afaani jireenya namaa keessatti taphatu qaacceessuu keessatti jiddu galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa isaa kan qu’atuudha.

Kana malees, itti fayyadamni afaanii afaan dagaagsuufi hubannoo kennuu irratti shoora guddaa qaba.Ga’ee fayyadamni afaanii jiruuf jireenya dhala namaa keessatti taphatu balballoomsuu keessatti giddu galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa isaa kan qo’atuudha. Kanaaf,yaada kanarraa kan hubatamu fayyadama afaanii qorachuun afaan tokko dagaagsuufi hubannoo kennuu irratti gahee olaanaa akka qabudha.Akkasumas, Goldman (1998) yaada kana gabbisu, fayyadamni afaanii tajaajilli afaan jireenya namaa keessatti qabu hubachuu kan jajjabeessuufi addunyaa dhugaa keessatti gahee gurguddoo afaan taphatuu kan qo’atu akka ta’e ibsa.Kanarraa kan hubatamu, fayyadama afaanii jechuun rakkoo afaaniin walqabatanii dhufan hiikuu keessatti ga’ee guddaa taphachuu akka danda’uufi gahee guddaa kan inni taphachuu

danda'uusyoo haala of eeggannoo qabuun itti dhimma Bahaman ta'eedha. Kana keessatti immo o kanneen naannoofi biyya sana hoogganan gaheen isaanii olaanaadha.

Karaa biratin, barreeffamni kan barreessan afaan barbaadeen barreessufi kan hawaasni afaanicha dubbatu sammuutti yaaduun, qabachuun, duubatti aggammachuuni fuulduratti yaaduun kan barreessaniifi haasa'aniidha.Yaaduma kana deeggaruun Gumiin Qormaata Afaan Oromoo (1995:1) og-barruu yeroo ibsu:

> *Afaanqabeenya dhalli namaa ittiin yaada ibsatuufi ittiin waliigaluuisa olaanaadha. Innis akkaataa miidhaginaqabuunafaanittitajaajilamanii yaada,fedhii,amantiififalaasama qaban,akkasumas dhugaa jireenya hawaasaa hunda ibsuu yoo danda'amu haala kanaan afaanitti fayyadamuunis ogummaa ykn aartiita'a.Aartiin kunis, ogummaadha.*

Akka yaada kanarra hubachuun danda'amutti afaan jechuun ilaalcha, falaasama,amantaafi fedhii hawaasa tokkoo haala miidhagina qabuun kan ibsuudha.Akkasumas, dhugaawwan hawaasicha keesatti mul'atan kan ittiin ibsamuudha.Gama biraatiin immoo fayyadamni afaanii haalaafi bakka kamitti hawaasni afaanitti akka fayyadamuu qabu addeessa.Ayub (2008) Clark (1996) wabeeffachuun akka ibsutti: fayyadamni afaani iddoo ykn bakka fi haala hawaasni sun keessatti fayyadamurratti akka hundaa'u kan ibsuudha.

Kana malees,fayyadama afaanii keessatti filannoon jechootaa faayidaan isaan qaban hedduudha. Kanaafuu,haalli jechootni ittiin dhufan haalaan hubachuun barbaachisaadha.Akka Clark (1996) jedhutti: afaan kan qo'atamu haala caasaafi itti fayyadama isaatiini. Caasaa afaanii yeroo jedhamu immo qaacceessaxiinsaga,xiinjechaa, xiinhimaafi xiinhiikaafaanichaati.

Haata'umalee,fayyadama afaanii qo'achuun akka caasaa afaanii qo'achuu salphaa miti.Kunis,fayyadama afaanii qo'achuun xiinqooqa qo'achuu,waanta'eefidha.Afaan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti iddoo olaanaa qabaata. Kunis afaan, dhalli namaa yaada isaa akka waljijjiruuf, akka waliigaluuf akkasumas fedhiifi miira isaa ibsachuuf isa gargaara.Haata'u malee, faayidaan afaanii kana qofaarratti kan daanga'ee miti.Afaan qabeenya ilmi namaa qabu keessaa hunda caalaa kanhuman qabuufi dhageettii keessa keenyaa waa'ee dhimma dhuunfaas ta'edhimma hawaasaa; kan biyyaas ta'e kan addunyaa xiinxallee gadi baasuun ittiin ibsannuudha. Kun immoo afaan meeshaa waliigaltee ta'uu irra darbee kan nuti ittiin yaadaafi qalbii namoota ittiin booji'uun yaada keenya akka fudhatan goonuufi hubannoo itti uumnudha.

Kun immoo dhimmi afaanii qorannoo adda addaa barbaaduurra darbee tumsa hayyoota afaanii kan gaafatuudha.Haala fayyadama afaanii naannoo tokkoo sirritti adda baasuun beekuun barbaachisaadha.

Akka Liulseged Erikum.(1994), ibsutti fayyadamni afaanii iddoo hundumaatti seera afaanichaa beekuun barbaachisaa akka ta’e ibsa.Yaada kanarraa kan hubannu fayyadamni afaanii iddoo tokkotti ergaa tokko yoo qabaate iddoo kan biraatti ammo ergaa adda ta’e qabaachuu akka danda’u kan agarsiisuufi seera afaanichaa beekuun ammo iddoo haalletuu barbaachisaa akka ta’edha.

Yaada kana ilaalchisee,Wolff (2000) itti fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf, gaaffiiwwan akka yoom, eessatti, maaliif, akkamitti, maaliin, eenyuuf, kan kana fakkaataniifi gaaffiiwwan xinqooqa hawaasaan walqabatan kaasuun hubachuun akka danda’amu ibsa.Walumaagalatti, yaada hayyoota olitti eeramanirraa kan hubachuun danda’amu fayyadamni afaanii yaadumaan kan dhugoomu osoo hinta’in haala qabatamaa hawaani tokko afaanitti dhimma ba’uun hojiitokko hojjetuufihariiroo hawaasichi jiruufi jireenya isaa keessatti qaburratti hundaa’uun kanmurtaa’u akka ta’edha. Kunis, ergaan afaanii dhimmoota adda addaa keessatti kan gargaaru ta’ee namoonni karaa dubbiifi barreeffamaatiin jireenya guyyaa guyyaa keessatti dhimma daldalaa, amantaa,falmii siyaasaafi kan kana fakkaataan keessatti kan hojiirraooludha.Dabalataanis,bashannanuu,gorsuu,akeekkachisuu,ifa, gochuufi amansiisuu keesattis dhimma itti ba’ama. Afaan waliigaltee ilmaan namaa gidduutti uumuu keessatti iddooolaanaa qaba.wantoonni jireenya hawaasaatiif barbaachisan kan ittiin ibsaman karaa itti fayyadama afaanii bakkaafi iddoo garaa garaatti bifa adda addaatiin faayidaaf oola’’language in use is a variefy of setting. (’’Holliday 1994:233’’) Kun immoo afaan haalairratti hundaa’uudhaan dhimma kan itti ba’amuu ta’uu agarsiisa.Gama biraatiin,bal’ina itti fayyadama afaanii kan jennu ammoo, yoomessa namoonni afaaniifi barreeffamaan dhimma tokko raawwachuuf itti gargaaramanin kan daangeffamudha.

Fayyadama afaanii kana ilaalchiee Clark(1996) akka ibsetti qabxiilee hojiirra oolmaa jahan armaan gadii tarreesseera.

1. Yeroo hunda itti fayyadama afaanii keessatti ergaan dubbataadhaan darbu isa dhaggeeffatu biratti hubatamaa ta’uu qaba.Kana ta’uu baannaan itti fayyadamni afaanichaa gati dhabeessa ta’a.

2. Afaanitti fayyadamuuf yoo xiqqaate bakka bu’oota ofdanda’anii dhaabbatan lama barbaachisa. Isaan immoo,walitti dhufeenya qabaachuu qabu.Kunis yeroof iddoo murtaa’e keessattiqaamaan ykn fuulaafi fuulaan wal arguun ykn waliif barreessuun ta’uu qaba.
3. Yoomessi bu’uura itti fayyadama afaanii kan murteessudha.
4. Itti fayyadamni afaanii yeroo baay’ee gocha boqonnaa tokkoon ol ta’e qaba.
5. Fayyadamni afaanii kan inni adda ba’uu danda’u gosoota /eenyummaa hirmaattotaa, iddoo, yeroofi gocha irratti hundaa’uudhaani.
6. Qo’annoon itti fayyadama afaanii Saayinsii beekumsa hawaasaati.

Haala fayyadama afaanii qo’achuun fayyadama afaanii haala adda addaan hojiirra oolmaa afaanichaa qorachuudha.

Akkasumas,Liulseged (1994) qo’annoo fayyadama afaanii ilaalchisee akka ibsutti hawaasa afaan adda addaa dubbatan keessatti seera afaanicha waliin qaban filachuu kan gaafatudha.Seerichis haala adda addaarratti hundaa’u ta’uu isaafi haalootiin kunis naannoo,matadurees bakka hojii ta’uu danda’a jedha.Gama kaanin immoo fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaanii haala adda addaa keessatti qabudha. Haala kana irraa akka hubannutti namoonni afaan kan fayyadaman haala adda addaa keessatti yeroo ta’u dhimmi yookiin kaayyoon isaan afaanitti fayyadamanis adda adda ta’uu mala. Clark (1996) yoo ibsu: fayyadmni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaa fi murteessata’uu isaa lafa kaa’e jira.Kanaafu, hojiin fayyadama afaaniirratti hojjatamu, garaagarumaa yaada xiinqooqaafi hawaasumma jiru adda baasuufi ibsuurratti xiyyeeffachuu qaba.Kana jechuun, haala itti fayyadma afaanii hunda adda addummaa hawaasaasababa afaaniin uumamu kan hammatuudha.As keessatti, garaagarummaa kan jedhu namni dubbatu sun gosa garaagaraa afaanichaa keessa jiru filatee kan dubbatu ta’uu isaati.Fknf, bakka hawaasni tokko afaan adda addaa beekuttis afaan tokko ergaa tokkoof, afaan biro immoo ergaa gara biroof fayyadamuu danda’u.Kanaaf,fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaati.

Yaada kana deeggaru ilaalchisee immoo,Coulmas(1997)Labov(1976) wabeeffachuun ibseera.Fayyadamnim afaanii haala sadarkaa hawaasaafi amala gosa hawaasaa calaqqisiisa.Haaluma kana fakkaatuun, Clark (1996) gama isaatiin, itti fayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawaasa waliin qaban kan agarsiisu jechuun ibsa.Itti fayyadamni afaanii adeemsa namadhuunfaafi hawaasaa kan hammatudha. Kunis, yaadrimee afaanii haala hawaasaa kamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu giddu galeeffachuu qaba.

Akkasumas,haalli itti fayyadama afaanii yoomessa murtaa'e tokkottiragaa baay'ina namootadubbataniifiafaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akkadubbataman, ilaalchaafi amantii afaanichaa irratti namni sun qabu kan hammatuudha.

Walff(2000) Dabalataanis,Stockwell (2002) fayyadama afaanii yoo ibsu: asxaa hawaasaa isa olaanaa akka ta'etti ibsa. Kana jechuun afaan dubbatuuni,namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuuf ni danda'a.Haala yaaxina xiinqooqa hawaasaa ibsuuun fayyadama afaanii irratti haala qabatamaa lamatu jira.Isa fayyadamni afaan haala hojiirra ooluun jijjirama hamma ta'uufi hawaasni hunduu, afaan akkuma dhimmichaatti gargaaramaan fayyadamuudha. Haala kanaan afaan Oromoo lamaan isaa hammatee kandeemu fakkaata.Kallatti biraatiin immoo, hanqinoonni fayyadama afaaniitiin walqatanis kan uumaman yoo ta'u, isaan keessaa tokkoo walfakkaachuu dhabuu barreeffamoota afaan tokkooti. Kun immoo barreeffamoota garaagaraa keessatti kan calaqqisuu waan ta'eef ergaa darbuu barbaadamerrattis dhiibbaa qaba.Yaada kana Mekonnen (2002) irratti yoo ibsu:

> *Lack of uniformity in the usage of vocabulary and the coinage of new words differentlybyvarious researchersare hinderindering the process of standardization and areaffecting communication in Oromo negatively. Thus, to alleviate such and relatedproblems, aconscious lexical standadardization effort may be imperative.*

Yaada kanarraa kan hubatamu jechi afaan tokkoo yaadrimee tokko dabarsu iddoo garaagaraatti akkaataa garaagaraan tajaajila kannuun waaltina afaanichaatiif yaaddoo guddaa ta'uu caala walqunnamtii namootaas kan gaaga'uudha. Kanaafuu, fayyadama afaanii keessatti jechootaaf illee xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaadha.Fayyadama irratti hundaa'uun muuxannoon biyyoota afheddee ta'anii maal akka fakkaatu fakkeenya fudhachuun ilaaluun barbaachisaadha.

Gama biroon immoo, fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaa ta'uu isaa Coulmas (1997).Labov (1972a) wabeeffachuun ibseera. Kunis, haalli qorannoo afaanii dhimmoota caasaalee afaaniifi dhimmoota xiinsagaa, xiinhimaafi kkf irra kan darbuudha.Itti fayyadamni afaanii haala sadarkaa hawaasaafi amala gosa hawaasaa kallatti adda addaan kan calaqqisuudha. Itti fayyadama afaanii yeroofi iddoo murtaa'e tokkotti raga baayina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbatan, haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanicharratti namni sun qabu kan hammatuudha.

Yaada kana ilaalchisee Clark(1996) akka hiika afaanichaa kan ilaallatu ibsutti,afaan kan qo’atamu haala caasaafi itti fayyadama isaatiniidha.Caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xinsagaa, xinjechaa,xinhimaafi xinhiika afaanichaa kan ilaallatu yeroo ta’u; haala itti fayyadama afaanichaa karaa adda addaa gama dhimmoota hawaasaatin jirani xiinxaluu kan ilaallatuudha. Dabalataan hayyuun‘Clark’ yeroo ibsu fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaafi murteessaa ta’uu lafa kaa’ee jira afaan dhimma hawaasarraa kan adda hin bane ta’uu isaas lafa kaa’ee jira.Adeemsi dhimma qorannoo afaanii gama kanaan immoo, dhimma nama dhuunfaafi hawaasa kan hammatuudha. Kunis, yaadrimee itti fayyadama afaanii haala hawaasa kamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu kan gaafatuudha.

Kanaafuu,hojiin fayyadama afaanirratti hojjatamu,garaagarummaa haala xinqooqaafi hawaasummaa jiru adda baasuufi ibsuurratti xiyyeeffachuu qaba. Kana jechuun, haalli itti fayyadama afaanii hundi adda addummaa hawaasaa sababa afaaniin uumamuu kan hammatudha.Haala armaan olii irraa hubachuun akkuma danda’amu haalli itti fayyadama afaanii kan qoratamu yoomessa adda addaa keessatti yeroo ta’u haalli nuti jechoota himeen afaanichaa itti fayyadamnu qabiyyee ergaa nuti irratti xiyyeeffannu kan giddu galeessa godhatuudha.

### 2.2.2. Akaakuu Fayyadama Afaanii

#### 2.2.2.1.Fayyadama Jechootaa

Fayyadama jechootaa karaa idileefi karaa al-idilee itti gargaaramnuun adda baasuudhaan jechootaan fayyadamuun ergaa dabarfachuun akka danda’amuudha.Jechoota idilee tarreessuuf hedduu ta’anis galmee jechootaa keessatti kanneen argaman guyyaa guyyaatti kanneen itti fayyadamaa oolludha.Akkasumas jechoota waalta’oofi dhaabbilee waajiraalee mootummaafi miti mootummaa keessatti yeroo heedduu kan dhimma itti baanuudha.Geetaachoo(2011:57). Jechoota al-idilee jechoota yaadaafi haala idileen ittiin fayyadamnu kan of keessaa hin qabnedha.Itti dabaluudhaan jechi tokko iddoo yookaan naannoo adda addaatti bakka kan hin buusnedha. Yeroo baay’ee jechoonni kun jechoota dubbiiti malee barreeffamatti itti hin fayyadamnu.Jechoonni haala qindoomina qabuun yoo ijaaraman dhaggeefataa yookaan dubbisaa itti gargaaramuuf ergaa ifa ta’e dabarsuu danda’a.

Geerarsa CaalaaBultumee bara2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaanii keessattis fayyadamni jechootaa haala gaariin qindaa’ee kan dhiyaatudha Fayyadama jechoota Geerarsa

Caalaa Bultumee2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaaniin qoratan haala armaan gadiinibsuf karoorfateera.Qusannoofi filannoo jechootaa:Geerarsa bifa walaloon kan dhiyaatuufi jechoota filatamootti waan gargaaramuuf jechoota muraasaan ergaa bal'aa dabarsa. Geerarsa CaalaaBultumee bara 2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaanii jechoota baay'ee nama hawwatuun dhiyaata. Akka Fedhasaan (2013:85) ibsutti"Walaloon gosa ogbarruu miidhagina sagalee,filannoo jechootaa,dhikkisa/yeedaloo hubatamaa,walqixxummaa safara birsagootaa,unata sagaleefi duraaduuba jechootaa/sagaleen beekamudha"jedha. Jechootaa geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaanii keessatti argamanis haala armaan gadiin ilaaluuf karoorfameera.Barnoota afaanii keessatti filannoon jechootaa baay'ee murteessaadha.Haaluma kanaan geerarsi ammo gosa ogwalalookeessaa tokko ta'ee barnootaAfaan Oromo keessattiqooda guddaqaba.

BrumfitifiCarter(1996:78)"Biyyoota guddachaa jiran keessatti hogbarruun sirna barnootaa keessatti dabalamuun guddina afaanichaaf gahee olaanaa qaba "jedhu.Qorannoo kana keessatti filannoo jechootaa (diction),jechoota logaa (dialect), jechoota simboo,jechamoota(slang words), jechoota afaan biroo (word from other language),jechoota ogummaa (jargon words)kan irratti xiyyeeffaman ta'uudhaan geerarsa Caalaa Bultumee bara 2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaanii kana keessatti bal'inaan eeramanii jiru. Filannoon jechootaa kunis jechoota hiika kallatii qaban (denotative meaning)fijechoota hiika al-kallattii qaban (connotative meaning) jedhamuun bakka lamatti ilaaluu ni danda'ama.Ergaan Geerarsaa kunis hiika kallattiifi alkallattii waan qabuufi yaada ergaan isaa dafee hubatamuufi xiinxalagadi fageenyaan ergaan isaanii kan hubataman qabu jechuudha.Geerarsa diddaa maastar pilaaniin Caalaa Bultumee 2008 hiika bu'uuraa(conceptualmeaning)fihiika dabalataa (associativemeaning)akka ibsu,Lyons(1995) ibseejira.Fayyadamni jechootaa Geerarsa Caalaa Bultumee 2008keessatti argamu karaa ifa ta'een ergaa barbaade akkuma dabarsu,hiika dhokataasni qabaata. Hiikadhokataa jechuun hariiroo jechi tokko wantoota yookaan taatee hawaasa waliin qabu akka calaqisiisu Lyons (1995) ibsee jira.Kana irraa wanti hubatamu geerarsa jechoota aadaa/qooqa hawaasa keessa jiru fayyadamuun ergaa barbaade, dhugaa yookiin taatee jiruun ibsa jechuudha. Kanaafuu, geerarsa Caalaa Bultumee bara 2008 diddaa maastar pilaaniii gama fayyadama afaanii jechootaa hedduun kan guutamedha.Irradeddeebii jechootaa:Geerarsa Caalaa Bultmee bara 2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaanii keessatti irra deddeebiin jechootaa bal'inaan argama.Kun immoo

geerarsichaaf miidhagina uumuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Irradeddeebiin jechootaa kunis kan argamu sagalee, jechootaafi gaalee walalichaa keessattidha.Sagaleen irradeddeebiin mul'achuu, jechoonni dhuma walalicha keessatti argaman irra deddeebi'amuufi gaaleen walaloo geerarsichaas irradeddeebii qabaachuun gurra dhaggeefataattii waan toluuf gara barnootaatti yoo dabalame barattoota biratti fudhatama argata.

Akka Addunyaan,(2014:167)ibsetti "Irra deddeebiin dhamsagootaa (dubbachiiftuufi dubbifamaa), Irra deddeebiin jechootaafi caasaalee wal qoomanii, filannoo jechaafi kkf. bakka guddaa qabu jedha".Haaluma kanaan irradeddeebiin jechootaa geerarsa walaloo keessatti murteessaadha.Jechoota Simboo ulfina, Safuu,):jechoota simboo jechuun,jechoota haala naannoo isaanii ibsan jechuudha(Geetaachoo,2011).Geerarsa diddaa maastar pilaanii Caalaa Bultumee 2008 quuqqaafi wantoota naannoo isaaniitti argaman haala gaariin ibsu. Palmer, (1981:153)" jechoonni hiika walfakkaatan yookiin walfaallessan qabaachuu ni danda'u" jedha.Yaaduma kana deeggaruun Geetaachoo (2011:57).yoo ibsu"haala adda addaa irraan kan ka'e hawaasni tokko jechoota akkuma feeteen maqaa kan hin dhoofne, kan jechootaan bakka bu'uu hin dandeenye osoo hin taanee safuu yookaan saalfii waan ta'aniifi'jechuun lafa kaa'a.

**2.2.2.2.Malleen Dubbii**

Namoonni walquunnamtii yeroo garaa garaa godhaan keessatti wanta yaadan, fedhan, beekumsa, gadda, gammachuu, ilaalchafi kan kana fakkaataan. waljijjiiruuf afaan nigaragaaramu. Afaankunisdhimma dabarsuu barbaadan kallattiinis ta'e al kallattiin akka dabarsan isaan gargaara. Karaa biraan immoo waliigaltee saffisiisuuf jecha akkasumas miidhagina haasawaa isaanii eeguuf namoonni malleen adda addaani fayyadamu.Malleen kana keessaas malleen dubbiiisa tokkodha.Yaada isaanii haala salphaafi dubbataaf akka hubatamuu danda'uuf malleen dubbii barreeffamootaaf dubbii afaanii keessatti ni fayyadamu.Malleen dubbii ergaa darbu tokkoof ciminaafi si'anummaa kenna.Birhaanuu Maatiwoos (1999:82) 'Malleen dubbii akka kaa'utti'Barreeffamaan ala (non literal) wanta tokko waan birootiin ibsuudha' jedha. Quunnamtii afaaniifi barreefamaa keessatti Malleen Dubbii faayidaa garaagaraa akka qabudha. Isaanis:hiika iftoomsuuf, fakkeenya ifa ta'e dhiyeessuuf, cimsuuf, walitti dhufeenya uumuuf, wantoota lubbuu hin qabnetti lubbuu horuuf,gammachiisuuf akkasumas bashannansiisuufi irra caalaa tajaajila miidhaginaa namootni gadi fageenyaafi bal'inaan akka yaadan gochuudha.Malleen dubbii sammuu dhaggeeffataa tokkoo keessatti fakkii uumuun akka ergaa sun gadi fageenyaan

hubatamu taasisa.Malleen dubbii dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuu irra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti kan mul'isu yookaankaa'udha.Malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti gahee olaanaa qaba. Kana ilaalchisee,Addunyaan(2014:208) irratti yoo ibsu,'Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaata'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsudha,'jedha.Yaada kana irraas kan hubatamu, akkuma olitti ibsame, malleen dubbii geerarsa maastar pilaanii diddaa keessatti kan geeraramu ergaa dabarfachuu barbaadan qaama barbaachisaa ta'eetti haala salphaa ta'een dabarfachuudha.

Karaa biraatiin malleen dubbii sadaadhaan waan lama wal moggaa qabun yookaan waan tokko waan biraatiin agarsiisuufi ibsuu akka ta'e hayyoonni tokko tokko ni ibsu. Kennedy,(1987:128)'Malleen dubbii yeroo wan tokko kallattiin dubbannu wanta biraas faallaan ibsuudha'jechuun yoo ibsu Birhaanuu Maatiwoos(1999:82)'Malleen dubbii dalgaatiin waan tokko waan biraatiin ibsuudha. Innis walmorkii,walfakkii, namoomsuu, raajjeffannoofi kkf qaba.'jechuun ibsani jiru.Yaada kanarraa akkuma hubannutti waan lama walbira qabanii ibsuufi gosoota kanneen of keessaa akka qaban ni hubanna.

Walumaa galatti, malleen dubbii kun maqaa adda addaa haaqabaatan maleeyaada kalaqaa yookiin haala namoota hawwatuun fakkii wantoota xiyyeeffannoo barbaadanii walbiraqabanii ibsuun karaa salphaa ta'een sammuu namootaa keessatti suuraa kaasu. Kun immoo namni tokko wanta isa bira hin jirre haala salphaan akka hubatuuf isa gargaara. Isaanis: Akkasaa, iddeessa, Nameesaa,Arbeessaa, Fakkoommii, jedhamanii hiikamanii jiru.Malleen dubbii keessaa tokko akkasaadha.(Addunyaa, 2014:209).

Akkasaan gaalee'akka','hanga','fakkaata','nigaha','nimorka'jedhanitti gargaaramee wantoota adda addaa lama walbira qabee ibsuun sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti suuraa kaasa yookiin hubannoo uuma.Akkuma kana Geerarsa Diddaa Maastar Pilaanii Caalaa Bultumees gama fayyadama afaanii malleen dubbii kanatti fayyadamee ergaa barbaachisaa ta'e dabarsa. Addunyaan, (2014:208) 'Akkasaan ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon wal bira qabuun dhiyeessuudhaan akka salphaatti hubatamu kan taasisudha,'jedha.Itti dabaluudhaanis,Birhaanuu Maatiwoos (1999:82) 'Walmorkiin wantoota lama kan adda adda ta'an jecha, 'akka'yookaan,'wal'jedhuun fayyadamuunwal morkisiisuudhaanni mul'ata'jedha. Haaluma kanaan, yaada hayyoota lamaan iyyuu yeroo

ilaallu akkasaa jechuun wantoota lama wal bira qabanii wal dorgomsiisuu akka ta'e irraa hubanna.

Malli dubbii kan biroon immoo iddeessa.Iddeessi amala waan tokko qabu gutummaan guutuutti wantoota biroof kennuudha.Addunyaan (2014:210) "Iddeessi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta'een wantoota waldorgomsiisa"jedha. Haaluma kanaan geerarsa keessattis wantoota hawaasa keessatti beekamanitti gargaaramuun amala wanta tokkoo wantoota biroof kennuun karaa dhokataa ta'een waldorgomsiisuun dhiyeessa.Wantoota adda addaaf kennuun kan dhiyaatudha.Gosa malleen dubbii inni biraan nameessa.Nameessaanamala namootaa wantoota adda addaafkennuun kan dhiyaatudha. Geerarsi CaalaaBultumees,2008 diddaa maastar pilaanii gama haala fayyadama afaanii haaluma kanaan malleendubbiikanattigargaaramee, bineeladootaafi kan biroo bira qabuun wanta hamaafi gaarii adda baasaniiakka hubataniif geerarsa kanaan qabanii ibsu.Addunya (2014:211)'Wantoonni akka namaatti beela'anii akka quufan,deemanii akka galan,ijaaramanii akka diigaman kan taasisu fayyadama afaaniiti,'jedha.Kanaafuu, fayyadama afaanii keessatti nameessaan amalanamootaa,wantootaafi lubbu qabeeyyii biroof kan kennudha. Haaluma kanaan geerarsa CaalaaBultumee 2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaanii keessatti amalli fayyadama afaanii kun ni argama.Arbeessaan;malleen dubbii keessaa tokkodha.Malleen dubbii kun waan tokkool kaasuun yookiin gadi buusuun kan dhiyaatu yoo ta'u, geerarsa Caalaaa Bultumee 2008 diddaamaastar pilaanii gama fayyadama afaanii akkuma kana garmalee waa olkaasuufi gadi buusuun dhiyaatee kan diddaa,mormii isaa ittiin ibsanidha.Haaluma kanaan geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaanii keessatti jechootatti fayyadamanii wanta tokko garmalee ol kaasuu yookiin xiqqeessuun waan wanti sun hin taane taasisanii dhiyeessun jira jechuudha. Fakkoommiin askeessatti qooda guddaa qaba.Walumagalan geerarsi BultumeeCaalaa 2008 diddaa maastar pilaanii akkuma ogwalaloo afoolaa barreeffamaa qaama hogbarruutokkootti wantoota sammuu dhala namaa keessatti kalaquun yaadolee adda addaa keessatti fakkaattii hawaasni gadi fageenyaan akka hubatan gochuun dhaloota darbe irraa eegalee hanga har'aatti barsiisaa,gorsaa,qajeelchaa,akeekkachiisaa,hubachiisaa tureera.

Toorri interneetii http://waaqeffannaa.org/geerersa/ jedhu maalummaa geerarsaa yommuu ibsu.Geerarsi aadaa Oromoo keessatti bakka guddaa qaba.Geerarsi ogummaa fi dandeetti uumamaan argatan kan ittiin gammachuufi gadda,quuqqaa yoomessa fiseenaa, akkasumas

diddaafi booree ofii ittiin ibsatanidha. Namni geeraru tokko dandeetti geerarsa uumuu kan qabuufionnee qabeessa kan ta'e ta'uu qaba akkasumas kan keessa isaa jiru baasee ibsachuu nama danda'u ta'u qaba.

Geerarsi gosa wallee ykn sirna aadaa Oromoo ta'us kan geerarsa danda'u hunda miti. Walumaagalatti, geerarsi gosa afoola keessaa tokko ta'ee wallee ykn afwalaloo bu'aa ba'ii ykn mudannoofi muuxannoo jireenyaa kanittiin ibsatanidha.Geerarsi keessattuu, akka aadaa Oromootti wallee gootaa jedhamee beekama.Geerarsi diddaas kan agarsiisu sirna maastar pilaanii, diduu,ittisuufi jaladhaabbachuu yoo ta'u, qorannoon kunis, diddaa maastar pilaanii irratti xiyyeeffata.Toorra interneetii http://waaqeffannaa.org/geerearsa/ jedhu maalummaa geerarsaa yommuu ibsu.Geerarsi aadaa Oromoo keessatti bakka guddaa qaba.Geerarsi Ogummaa fi dandeetti uumamaan argatan kan ittiin gammachuufi gadda,quuqaafi seenaa,akkasumas diddaafi booreeofii ittiin ibsatanidha. Geerarsi gosa wallee ykn sirna aadaa Oromoo ta'us kan geerarsa danda'u hunda miti. Walumaagalatti, geerassi gosa afoola keessaa tokko ta'ee wallee bu'aa ba'ii ykn mudannoofi muuxannoo jireenyaa kanittiin ibsatanidha.Geerarsi keessattuu, akka seena Oromoottiwallee gootaa jedhamee beekama.Geerarsi keessattuu,akka aadaa Oromootti wallee gotaa jedhamee beekama.

**2.2.2.3. Ciigoo**

Cigoon fayyadama afaanii ta'ee, karaa ittiin ergaa dhokataa tokko isa mul'ataa tokkoon golganii dabarfatanidha. Kutaa kana keesatti cigoo hedduu jiran keessa muraasa fudhachuun kan ittiin dhimma baanu ta'a. (Addunyaa,2018:205) Cigoon tokko caacculee bu'uuraa sadii of keessaa qaba. Isaanis jecha dachaa, sookkoofi soorgoodha. Jechi dachaan akka caacculee ciigoo tokkootti maqaa kennameef malee argamni isaa gaalee yookiin ciroo ta'uu mala. Kunis ciigoo tokko keesatti kan hiika tokkoo ol qabudha. Jecha hiika tokkoo ol qabu kana argachuuf, tooftaalee garaagaraatu jiru. Namni kamiyyuu, ciigoo afaan Oromoo keessaa tarreesse fixuu hin danda'u. Caacculeen ciigoo addaan baafachuun ciigoo sadanis akkasuma.Ciigoo kana geerarsa Caalaa Bultumee diddaa maastar pilaanii keessatti bifa walalootiin akkamitti fayyadama afaaniitiin dhimma akka ba'e kan keesatti ilaalluudha.

### 2.2.3. Haala Fayyadama Afaanii Dhimmoota Hawaasaa Keessatti

Afaan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti iddoo olaanaa qabaata. Kunis afaan, dhalli namaa yaada isaa akka waljijjiruuf, akka waliigaluuf akkasumas fedhiifi miira isaa ibsachuuf isa gargaara.Haata'u malee, faayidaan afaanii kana qofaarratti kan daanga'ee miti.Afaan qabeenya ilmi namaa qabu keessaa hunda caalaa kanhuman qabuufi dhageettii keessa keenyaa waa'ee dhimma dhuunfaas ta'e dhimma hawaasaa; kan biyyaas ta'e kan addunyaa xiinxallee gadi baasuun ittiin ibsannuudha. Kun immoo afaan meeshaa waliigaltee ta'uu irra darbee kan nuti ittiin yaadaafi qalbii namoota ittiin booji'uun yaada keenya akka fudhatan goonuufi hubannoo itti uumnudha. Kun immoo dhimmi afaanii qorannoo adda addaa barbaaduurra darbee tumsa hayyoota afaanii kan gaafatuudha.Haala fayyadama afaanii naannoo tokkoo sirritti adda baasuun beekuun barbaachisaadha. Haala fayyadama afaanii qo'achuun fayyadama afaanii haala adda addaan hojiirra oolmaa afaanichaa qorachuudha.

Akkasumas,Liulseged (1994) qo'annoo fayyadama afaanii ilaalchisee akka ibsutti hawaasa afaan adda addaa dubbatan keessatti seera afaanicha waliin qaban filachuu kan gaafatudha.Seerichis haala adda addaarratti hundaa'u ta'uu isaafi haalootiin kunis naannoo,matadurees bakka hojii ta'uu danda'a jedha.Gama kaanin immoo fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaanii haala adda addaa keessatti qabudha. Haala kana irraa akka hubannutti namoonni afaan kan fayyadaman haala adda addaa keessatti  yeroo ta'u dhimmi yookiin kaayyoon isaan afaanitti fayyadamanis adda adda ta'uu mala.Clark (1996) yoo ibsu: fayyadmni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaa fi murteessa ta'uu isaa lafa kaa'e jira.Kanaafuu,hojiin fayyadama afaaniirratti hojjatamu,garaagarummaa yaada xiinqooqaafi hawaasumma jiru adda baasuufi ibsuurratti xiyyeeffachuu qaba.Kana jechuun, haala itti fayyadma afaanii hunda adda addummaa hawaasaa sababa afaaniin uumamu kan hammatuudha.As keessatti, garaagarummaa kan jedhu namni dubbatu sun gosa garaagaraa afaanichaa keessa jiru filatee kan dubbatu ta'uu isaati.Fknf, bakka hawaasni tokko afaan adda addaa beekuttis afaan tokko ergaa tokkoof, afaan biro immoo ergaa gara biroof fayyadamuu danda'u.Kanaaf,fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaati.

Yaada kana deeggaru ilaalchisee immoo,Coulmas(1997)Labov(1976) wabeeffachuun ibseera.Fayyadamniafaanii haala sadarkaa hawaasaafi amala gosa hawaasaa calaqqisiisa.Haaluma kana fakkaatuun, Clark (1996) gama isaatiin, itti fayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawaasa waliin qaban kan agarsiisu jechuun ibsa.Itti fayyadamni afaanii adeemsa

namadhuunfaafi hawaasaa kan hammatudha. Kunis, yaadrimee afaanii haala hawaasaa kamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu giddu galeeffachuu qaba.

Akkasumas,haalli itti fayyadama afaanii yoomessa murtaa'e tokkotti ragaa baay'ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman, ilaalchaafi amantii afaanichaa irratti namni sun qabu kan hammatuudha.

Walff(2000) Dabalataanis,Stockwell (2002) fayyadama afaanii yoo ibsu: asxaa hawaasaa isa olaanaa akka ta'etti ibsa. Kana jechuun afaan dubbatuuni,namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuuf ni danda'a.Haala yaaxxina xiinqooqa hawaasaa ibsuuun fayyadama afaanii irratti haala qabatamaa lamatu jira.Isa fayyadamni afaan haala hojiirra ooluun jijjirama hamma ta'uufi hawaasni hunduu, afaan akkuma dhimmichaatti gargaaramaan fayyadamuudha. Haala kanaan afaan Oromoo lamaan isaa hammatee kandeemu fakkaata.Kallatti biraatiin immoo, hanqinoonni fayyadama afaaniitiin walqatanis kan uumaman yoo ta'u, isaan keessaa tokkoo walfakkaachuu dhabuu barreeffamoota afaan tokkooti. Kunis akka fakkeenyaattii barruu afaan Oromoo garaagaraa keessatti kan mul'atuudha. Kun immoo barreeffamoota garaagaraa keessatti kan calaqqisuu waan ta'eef ergaa darbuu barbaadamerrattis dhiibbaa qaba.Yaada kana Mekonnen (2002) irratti yoo ibsu:

> *Lack of uniformity in the usage of vocabulary and the coinage of new words differentlybyvarious researchersare hinderindering the process of standardization and areaffecting communication in Oromo negatively. Thus, to alleviate such and relatedproblems, aconscious lexical standadardization effort may be imperative.*

Yaada kanarraa kan hubatamu jechi afaan tokkoo yaadrimee tokko dabarsu iddoo garaagaraatti akkaataa garaagaraan tajaajila kannuun waaltina afaanichaatiif yaaddoo guddaa ta'uu caala walqunnamtii namootaas kan gaaga'uudha. Kanaafuu, fayyadama afaanii keessatti jechootaaf illee xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaadha.Fayyadama irratti hundaa'uun muuxannoon biyyoota afheddee ta'anii maal akka fakkaatu fakkeenya fudhachuun ilaaluun barbaachisaadha.

Gama biroon immoo, fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaa ta'uu isaa Coulmas (1997).Labov (1972a) wabeeffachuun ibseera. Kunis, haalli qorannoo afaanii dhimmoota caasaalee afaaniifi dhimmoota xiinsagaa, xiinhimaafi kkf irra kan darbuudha.Itti fayyadamni afaanii haala sadarkaa hawaasaafi amala gosa hawaasaa kallatti adda addaan kan calaqqisuudha. Itti fayyadama afaanii yeroofi iddoo murtaa'e tokkotti raga baayina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti

dubbatan, haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanicharratti namni sun qabu kan hammatuudha.

Yaada kana ilaalchisee Clark(1996) akka hiika afaanichaa kan ilaallatu ibsutti,afaan kan qo’atamu haala caasaafi itti fayyadama isaatiniidha.Caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xinsagaa, xinjechaa,xinhimaafi xinhiika afaanichaa kan ilaallatu yeroo ta’u; haala itti fayyadama afaanichaa karaa adda addaa gama dhimmoota hawaasaatin jirani xiinxaluu kan ilaallatuudha. Dabalataan hayyuun‘Clark’ yeroo ibsu fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaafi murteessaa ta’uu lafa kaa’ee jira afaan dhimma hawaasarraa kan adda hin bane ta’uu isaas lafa kaa’ee jira.Adeemsi dhimma qorannoo afaanii gama kanaan immoo, dhimma nama dhuunfaafi hawaasa kan hammatuudha. Kunis, yaadrimee itti fayyadama afaanii haala hawaasa kamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu kan gaafatuudha. Kanaafuu,hojiin fayyadama afaanirratti hojjatamu,garaagarummaa haalaxinqooqaafi hawaasummaa jiru adda baasuufi ibsuurratti xiyyeeffachuu qaba.Kana jechuun, haalli itti fayyadama afaanii hundi adda addummaa hawaasaa sababa afaaniin uumamuu kan hammatudha.Haala armaan olii irraa hubachuun akkuma danda’amu haalli itti fayyadama afaanii kan qoratamu yoomessa adda addaa keessatti yeroo ta’u haalli nuti jechoota himeen afaanichaa itti fayyadamnu qabiyyee ergaa nuti irratti xiyyeeffannu kan giddu galeessa godhatuudha.

### 2.2.4. Haalota Fayyadama Afaanii Murteessan

Afaanonni addunyaa kana irra jiran sababa adda addaan garaagarummaa adda addaa akka qaban beekamaadha. Garaagarummaan kun kan dhufuu danda’us sababa garaagarummaa seenaa, iddoo, siyaasa, teeknoolojii, amantii, aadaafi kan kana fakkaatan irraa kan uumameedha. Yaada kana ilaalchisee, Crystal (1987:84) ‘’Language varies enormously in global importance because of historical, demographic, political, technological and social uses.’’Akka ibsa kanaatti, haalan fayyadama afaanii murteessan diinagdee, teeknoolojii, aadaa,gahee hojiifi kan kana fakkaataniidha.

Akkuma armaan olitti ibsame, namni jiruufi jireenya isaa keessatti jireenya addunyaa kanaa mo’achuudhaaf kallattii adda addaan carraaqaa oola. Tattaaffii taasisu kana keessatti immoo yaada isaa kan ittiin calaqqisiisu affa isaatti fayyadamuun, kun immoo eenyummaa hawaasa sanaa of keesatti hammata jechuudha.

Diinagdeen biyya tokkoo gara biyyoota birootti yookaan immoo iddoo tokkoo irraa gara iddoo biraatti daangaa darbee kan deemuta'a jechuudha (Marshack, 1965). Dabalatan, guddinni siyaasa saba tokkoo guddina afaan saba tokkoo dagaagsuu keessatti ga'ee guddaa qaba. Hawaasni tokko afaan isaatti fayyadamee dhimma siyaasa adda addaa keessatti qooda yeroo fudhatu afaan isaas xiyyeeffannoo argachuun guddachuuf carraa argata. Haata'u malee, haalli itti fayyadama afaanii gama xiinxala siyaasaa keessatti ergaawwan darban akkamitti akka qinda'aniifi namoota ergaan sun geerarameefi fayyadame irratti dhiibbaan uumus nama hin dhibu. Kun immoo haala itti fayyadama afaanii giddu galeesa godhachuun haala namoonni ittiin jechoota fayyadaman, haala qindoomina yaadaa, haala filannoo jechootaa, fi kan kana fakkaataan kan of keessatti qabatu ta'a.

### 2.3. Fayyadama Afaanii Geerarsa Keessatti

Fayyadama afaanii geerarsa keessatti jechuun beekumsa dandeettii afaanii namni tokko kalaqa geerarsichaa keessatti itti fayyadamu irratti kan xiyyeeffatu ta'ee akkaataa afaan namni barumsaafi addunyaa qabatamaa keessatti haala fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatudha. Fayyadama afaanii ilaalchisee (Richard 2008) akka ibsutti, fayyadama afaanii afaan keessatti guddisuuf hubannaa kennuu irratti gahee guddaa qaba. Gahee fayyadami afaani jireenya namaa keessatti taphatu qaacceessuu keessatti jiddu galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa isaa kan qu'atuudha.

Kana malees, itti fayyadamni afaanii geerarsa keessatti dagaagsuufi hubannoo kennuu irratti shoora guddaa qaba.Ga'ee fayyadamni afaanii jiruuf jireenya dhala namaa keessatti taphatu balballoomsuu keessatti giddu galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa isaa kan qo'atuudha. Kanaaf,yaada kanarraa kan hubatamu fayyadama afaanii qorachuun afaan tokko dagaagsuufi hubannoo kennuu irratti gahee olaanaa akka qabudha.Akkasumas, Goldman (1998) yaada kana gabbisu, fayyadamni afaanii tajaajilli afaan jireenya namaa keessatti qabu hubachuu kan jajjabeessuufi addunyaa dhugaa keessatti gahee gurguddoo afaan taphatuu kan qo'atu akka ta'e ibsa.Fayyadamni afaanii geerarsa keessatti qooda olaanaa yookiin tajaajila guddaa kan qabuudha.Kunis kan ta'eef ilmi namaa jiruuf jireenya isaa keessatti muuxannoofi muudannoo isa irra ga'e quuqqaa, diddaa, mormii, gadda gammachuu isaaa fayyadama afaanii geerarsatti fayyadamuun yaada isaa ibsata.

Oromoonni diddaa isaanii ibsachuuf geerarsan afaanitti gargaaramuun erga ofii isaanii dabarfatu.Addisuu (1999:117) irratti,"geerarsi deebisanii wal ijaaruu uummata oromoof sababa bu'uuraa ta'ee jira,"jedha.Akka Hoy(2004:6) ibsetti"diddaan kan uumamu ka'umsi isaa yoo bulchiinsi mootummaa ykn imaammanni isaa uummata kallattii hundaan miidhe dha"jedha.Finnegan (1976:273) geerarsi yoo ibsitu," geerarsi dhimma yeroo ibsuufi yaada uummataa gabaasuu danda'a,"jedha.

Walumaagalatti yaada beektota armaan olii irraa waanti hubatamu, uummanni fayyadama afaanii bifa geerarsaan,faaruufi ogafaan biroon yaada isaafi dhimma yeroo ibsachuu akka danda'u dha.Kanaafuu fayyadama afaanii geerarsa bifa walaloofi geerarsichaa akkamitti uummanni oromoo wal ijaaree qabsaa'eefi diddaa maastar pilaanii,miiraafi yaada isaaniin haala qabatamaa jiruun ibsame qaacceffamuuf yaalameera. Oromoonni diddaa isaanii ibsachuuf geerarsan afaanitti gargaaramuun erga ofii isaanii dabarfatu.kanas bifa walaloon qindeessuun itti fayyadamuun ibsatu.Kana malees, itti fayyadamni afaanii afaan dagaagsuufi hubannoo kennuu irratti shoora guddaa qaba.Ga'ee fayyadamni afaanii jiruuf jireenya dhala namaa keessatti taphatu balballoomsuu keessatti giddu galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa isaa kan qo'atuudha. Kanaaf,yaada kanarraa kan hubatamu fayyadama afaanii qorachuun afaan tokko dagaagsuufi hubannoo kennuu irratti gahee olaanaa akka qabudha.Akkasumas, Goldman (1998) yaada kana gabbisu, fayyadamni afaanii tajaajilli afaan jireenya namaa keessatti qabu hubachuu kan jajjabeessuufi addunyaa dhugaa keessatti gahee gurguddoo afaan taphatuu kan qo'atu akka ta'e ibsa.Kanarraa kan hubatamu, fayyadama afaanii jechuun rakkoo afaaniin walqabatanii dhufan hiikuu keessatti ga'ee guddaa taphachuu akka danda'uufi gahee guddaa kan inni taphachuu danda'uus yoo haala of eeggannoo qabuun itti dhimma Bahaman ta'eedha.Kana keessatti immoo kanneen naannoofi biyya sana hoogganan gaheen isaanii olaanaadha.

Gama biraatiin immoo fayyadamni afaanii haalaafi bakka kamitti hawaasni afaanitti akka fayyadamuu qabu addeessa.Ayub (2008) Clark (1996) wabeeffachuun akka ibsutti: fayyadamni afaani iddoo ykn bakka fi haala hawaasni sun keessatti fayyadamurratti akka hundaa'u kan ibsuudha.Gama biroon immoo, fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaa ta'uu isaa Coulmas (1997).Labov (1972a) wabeeffachuun ibseera. Kunis, haalli qorannoo afaanii dhimmoota caasaalee afaaniifi dhimmoota xiinsagaa, xiinhimaafi kkf irra kan darbuudha.Itti fayyadamni afaanii haala sadarkaa hawaasaafi amala gosa hawaasaa kallatti adda addaan kan calaqqisuudha.

Itti fayyadama afaanii yeroofi iddoo murtaa'e tokkotti raga baayina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbatan, haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanicharratti namni sun qabu kan hammatuudha.

### 2.4. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Bakka kanatti qorannoooleen mata duree qorannoo koo wajjin walitti dhufeenya qaban ykn walfakkaatan kan keessatti dhiyaatanidha.Kunis tokkummaafi garaagarummaa isaan qorannoo koo waliin qabantu ka'a.Haaluma kanaan qopheessaan qorannoo kanaas barrulee,kitaabilee, waraqaalee qorannoo garaa garaa sakatta'uun waraqaa qorannoo isaaf kan gargaaruu danda'an armaan gaditti dhiyyeesseera. Qorannoowwan barruu walfakkii addaa addaa akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Waraqaa qorannoo digirii jalqabaa Mata duree''Geerarsa sirnoota darbanii diddaa mul'isan qaaccessuu'' kan jedhu Hiikee W/Tolaatiin yuunivarsiitii finfinneetti bara (2004) hojjatame keessatti Oromoon diddaa isaa durumaa kaasee akkamitti akka ibsatu,geerarsi akkamitti akka ergaa dabarsu kan ibsuudha.

Walitti dhufeenyi qorannoo kanaaf qorannoo kiyya yommuu ibsamu ummanni diddaa cunqursaa isa irra ga'e tokko akkamitti geerarsaan akka ergaa dabarfatu kan agarsiisu yoo ta'u qorannoo koo kana immoo adda kan isa godhu fayyadama afaanii geerarsa diddaa maastar pilaanii Caalaa Bultumee (2008) keessa, ergaa fayyadama afaanii fi eenyumma finfinneefi naannoo oromiyaa irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef qorannoo duraa irraa adda kan isa taasisuudha. Kana malees qorannoo: Girmaa (2009) bifa Waallee dubbiitiin "Ergaa Geerarsa Diddaa Garbummaa sirna Dargii Godina Wallagga Bahaa Aanaa Gobbuu Sayyoo" Yuunversiitii Wallaggaa irratti geggeessee akkamitti geerarsa malleen dubbiitiin diddaa akka ibsan qaaccessee kanneen dagataman gumacheera.Qorannoon koo immoo geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii fayyadama afaaniitiin qaaccessuu waan ta'eef walitti dhufeenya cimaa qabaachuuyyuu baatan qorannoo kanaaf dubbisee kanin itti gargaarameedha.Qorannoon dubbise kana irraa qorannoo koo kan adda godhu ergaa geerarsa diddaa gabrummaa malleen dubbiin akkamitti akka qaacceffaman yoo ta'u, kan koo immoo kana adda isa godhu geerarsa diddaa maastar pilaanii keessaa ergaaisaanii,fayyadamni afaanii achi keessaa,akkamitti eenyummaa, finfinneefifi naannoo oromiyaa kanneen ibsan malleen dubbiin fayydama afaaniitiin akkamitti akka qaacceffaman irratti kan ta'eedha.

Haaluma walfakkaatuun qorannoon Qorichee Gaarumaa (2008) ‘’Qaaccessa Unkaafi Qabiyyee fayyadama afaanii faarsaa ‘’waaqaa kitaaba Galata waaqayyoo’’keessatti kan jedhu kaniin dubbise yoo ta’u walitti dhufeenyi qorannoo kanaafi geerarsa Caalaa Bultumee (2008) diddaa maastar pilaanii fayyadama afaaniitiin qaacceessuu kan jedhu akkaataan fayyadama afaanii qorannoo kana lamma keessatti itti dhimma bahame walitti dhufeenya cimaa qabaachuuyyu baatu amma tokko haariroo qabu.qorannoo koo kan adda godhu ergaan fayyadma afaanii geerarsicha keessaa,fayyadamni afaaniifi eenyummaan finfinneefi naannoo oromiyaa akkamitti qorannoo kana keessatti fayyadama afaaniitiin dhimma itti ba’ame kan qaaccessu waan ta’eefi. Haaluma walfkkaatuun, qorannooLeensaa Baqqalaa (2010) ‘’Xiinxala Fayyadama Afaanii Barreeffamoota Afaan Oromoo Feesbuukii Keessatti’’ kan jedhu xiyyeeffannoo qorannoo kanaa fayyadama afaanii feesbuukii keessatti akkamitti akka dhimma baanuu yoo ta’u qorannoo koo immoo kan adda isa godhu fayydama afaanii geerarsa Caalaa Bultumee diddaa maastar pilaanii keessatti malleen dubbii, ergaa fayyadama afaanichaa qaaccessuu waanta’eef garaagarummaa qaba.Walitti dhufeenyi qorannoo kana fayyadama afaanii irratti.

### 2.5. Yaaxxina Qorannichaa

- Fayyadama Xiinqooqa Sirnaawaa (Systemic Functional Linguistic )

Yaaxxinni tooftaa itti fayyadama xiinqooqaa haala hawaasni yaada isaafi ilaalcha isaa ittiin ibsatu dha.

> *Systemic Fucnctional Theory is afunctionally based theory, developed during thepast 45 years, which examines the functions that language has evolved to serve in society. Such a view involves the examination of 'real' language events to understand the purposes language serves in avariety of contexts, and to understand the way languageitself functions . Systemic functional linguists, then, study how meaningsare made in different contexts* Holliday (1994:1).

Yaada armaan olii irraa waanti hubatamu yaaxxinni tooftaa fayyadamni xiinqooqaa yaaxxina fayyadama bu’uuraati.kunis waggoottan afurtamii shaman kan hundeeffameefi tajaajilli afaan hawaasa tokko keessatti qabu taateewwan sirrii sababa isaanii hubachuuf gargaara.Kana malees xinqooqni haala dubbatame irratti hundaa’uudhaan hiikuuf kan affeerudha. Kanaafuu qorataanis yaaxxina kanaan geerarsa diddaa maastar pilaanii 2008 gama faayyadama afaaniitiin jedhu tooftaa itti fayyadama afaanii, inni keessatti dhimma ba’e ittiin qaaccessuuf mijataa waan ta’eef yaaxxina kanan filadhee ittiin ibsee qaaccessuuf yaalameera.

Yaaxxinni qoannoo kanaakan biroo kaniin itti dhimma ba’e yaaxxina tajaajilaati.Qorannoon kun kan inni irratti bu’uureffame yaaxxina tajaajilati.Yaaxxinni kun kan bu’uurreffame, hiika waan tokkoo beekuuf, ergaa yookaan tajaajila waan sanaa beekuun barbaachisaa akka ta’edha. Kun immoo qaacceessa fayyadama afaanii, afaan guddisuuf hubannaa kennuu irratti tajaajila guddaa qaba. Tajaajilli fayyadamni afaanii jireenya namaa keessatti taphatu xiinxaluu keessatti giddu galli isaa yaaxxina tajaajilaa hojiirra oolmaa isaa kan qo’atudha. Jechoota kophaa kophaatti xinxaluun hiika dhabsiisuu waan danda’uuf ykn walii galtee daangessuu waan danda’uuf bakka tokkotti galumsa keessa galchuun hubachuudha.

# BOQONNA SADI:SAXAXAFI MALLEEN QORANNOO

## Seensa

Qorannoon tokko kaayyoo hojjatamuufi mala ittiin qoratamu irratti hundaa’ee amala adda isa taasisu qaba.Haaluma kanaan akkaataan ijaarsa qorannoo(Research design)tiin addaan bahuu danda’a. Karaa biraa qoorannoon kamiyyuu gosaafi amala odeefannoofi haala ittiin hojjatamuun adda ta’uu ni danda’a. Kanaaf, qorannoon kunis waanta adda isa godhu niqabaata.Kan adda isa taasisuu immoo fayyadama afaanii geerarsa Caalaa Bultumee (2008) diddaa maastar pilaanii irratt xiyyeeffata.

### 3.1. Saxaxa Qorannoo

Qorannoon kun geerarsa Caalaa Bultumee (2008) diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaaniitiin qaaccessuu irratti kan xiyyeeffateedha.Adeemsa diddaa maastar pilaanii keessatti bu’a geerarsa Caalaa irraa argame gama fayyadma afaaniitiin kan dhiyaateedha.Saxaxni qorannoo akka Addunyaa(2011:63) ibsutti waliigala qorannicha kan to’atu ta’ee, qorannichi maal akka fakkaatuufi maal irratti akka bu’uureffate agarsiisa.Itti dabalees Addunyaan Cohen, Manionfi Morrison (2005:73) wabeeffachuun yeroo ibsu: “*The purposes of research determine the methodology and design of the research*” jechuun kaayyoon qoratamuuf malaafi saxaxa isaa irratti murteessaa akka ta’e addeessa. Kanaaf xiyyeeffannoon qorannoo kana geerarsa, Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastarpilaanii gama fayyadama afaanii Keessatti argaman qaacceessuu waanta’eef,ibsa qorannoo akkamtaa (Qualitative Descriptive) fayyadame. Sababiin isaa, V. Kahn, W. Best (2005:279) irratti yeroo ibsan “…. *that a non quantitative research for explanation would be fruitful in the study of human developmen*t.”jedhu. Ergaan isaa immoo qorannoon hammamta/quantitative/ hin taane waa’ee guddina ykn falaasama dhala namaa ibsuuf filatamaa akka ta’e mul’isa.Haaluma kanaan qorannoon kunis geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaaMaastar Pilaanii gama fayyadama afaaniin afaanii qaroomina fi falaasama uummata Oromoo waliin waan walqabataa ta’eef mala akkamtaa /qualitative/ tiin ibsamee jira.

### 3.2.Malleen Qorannoo

Qorannoo tokkogaggeessuuf, malleen qorannoon itti gaggeeffamu murteessuun barbaachisaadha. Qorannoo kana yommuu gaggeessuuf ka’u malaakkamtaattii dhimma bahuun Geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaaniin qaaccessuufi.

Addunyaa (2011:60) (Tim.2002; Sigh.2007) wabeeffachuun qorannoon malaakkamtaan hojjetamu gaaffii akkamitti ta’a?jedhu kaasuun yaada bal’aa akka argatan nama gargaara jechuun

ibsa.Qorataan qorannoo kana yommuu geggeessu dursee qoranicha maaliif akka geggeessu, akkamiinakka geggeessu, maal irratti akka xiyyeeffatu, mala akkamiin yoo fayyadame kaayyoo barbaadame bira gahuu akka danda'amu adda baasuun barbaachisaadha.Kanaaf malli qorataan kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'ee itti fayyadame mala akkamtaadha.Kunis qorannoo kana keessatti jechaan ibsuuf filatame malee lakkoofsaan miti.Malli kun qorannoo qoratamuuf ragaa gadi fageenyaan dhiyeessuun qorannoof haala mijeessuu irratti xiyyeeffata. Dastaa (2000:8) malli kunis odeeffannoo kanneen akkaafgaaffii,mariigaree xiyyeeffannoo,daawwannaafi muuxannoo argaadhageettii ofkeessatti qabata. Qorannoo tokko geggeessuuf malli qorannoon tokko ittiin adeemsifamu gahee olaanaa qaba.Haaluma kanaan qorannoon kunis geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaaMaastar Pilaanii gama fayyadama afaaniitiin qaroomina fi falaasama uummata Oromoowaliin waan walqabataa ta'eef mala akkamtaa /qualitative/ tiin ibsamee jira.

Qorataanis bu'uuruma kanaan mala akkamtaa fayyadamee geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii fayyadama afaaniitiin kan qaacceesseedha.Malli akkamtaa gaaffii 'akkamitti?', 'maaliif' jedhu kaasuun bal'inaan qorachuuf waan haala mijeessuuf qorataanis Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti mala kanatti fayyadameera .

**3.2.1.Irraawwatama Qorannichaa**

Irraawwatama jechuun qaama ykn waanta qorannoon tokko irratti gaggeffamudha.Addunyaan (2011:64) "*Qorannoon tokko irraawwatamaa qaba,Kunis,namootaafi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu*"jechuun yaada kana gabbisa.Kanaafuu irraawwatamni Qorannoo kanaas geerarsa Caalaa Bultumee diddaa maastar pilaaniita'a.

**3.2.2.Madda Ragaalee**

Madda odeeffannoo jechuun burqaa deebii gaaffilee qorannoo tokkooti.Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa:maddaragaa 2ffaati.Kunis waraabbi sagalee kaasseettifi siidiidhaan Geerarsa Caalaa Bultumee bara 2008 geeraramee jiru.

Sababiin isaa yaadota namoonni fuulaafi fuulatti kennuu hin dandeenye argachuuf fala waan ta'ee qorataan itti dhimma ba'uuf karoorfateera.Yaadni kana dhugoomsu,V.Kahnfi W.Best (2005:248) yeroo ibsan, "*Secondary data serves a useful purpose in adding knowledge to field of inquiry and in explaining certain social events"*jechuun ibsu.Kunis maddi ragaa lammataa beekumsa dabalataa argachuuf bu'a qabeessa ta'uu isaa mul'isa. Karaa biraa MOE (1999:177)

yeroo ibsu “*Secondary data is suplimantary in the absence of primary data.*” Jechuun ragaan lammataa yaada ragaa duraa irraa argachuu hin dandeenye argachuuf kan nama deeggaru ta’uu mul’isa. Kanaafuu maddi ragaa kootii madda ragaa lammaffaa ta’uu isaa kan ibsuudha.

### 3.2.3.Mala Iddatteessuu

Malli iddatteesuu adeemsa fudhannaa iddattoo jamaa waliigalaa keessaa fudhachuun qorannoo adeemsisuudha.Kana ilaalchisee,Berg(2001:11)yeroo ibsu qorataan tooftaa kamiin iyyuu fayyadamee iddattoo filachuun waan hinoolleefi kanneen dhimmichi ilaallatu hundaa irraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta’eef iddattoo filachuun barbaachisaadha akka ta’e ibsa. Dabalataanis, iddattoo filachuun kan inni barbaachiseef yoo iddattoon eeggannoodhaan filatame ragaan iddattoo sana irraa argamu akka gaariitti bakka bu’uu waan danda’uufi.Kanaafuu iddatteessuun tooftaa garaagaraa yoo qabaate iyyuu qorannoo kanaaf qorataan iddatteessuu mala akkayyoo /purposive sampling/ti.

Akka Neuman (2007:141) ibsetti,” kaayyoon iddaattessuu sababoota, ta’insootaafi gochaalee jiran gadi fageenyaafi haala ifa ta’een hubachuuf. Xiyyeeffannoon qorataa qorannoo akkamtaas sababoota jireenya hawaasaa keessatti galumsa tokko keessatti dhiibbaa geessisuun adda baasuuf.Kana kan dhugoomsu Tuchman (1994) yeroo ibsu “*Purpesive sampling is useful specially when some of the units are very important and should be included in the study*’’. Kunis qorataan mala iddaatessuu akkayyootti fayyadamuun madda ragaa gahaa ta’e argachuun danda’a jedhee qorannicha bifuma kanaan ittiin geggeesseera. Akka Neuman (2007:142) ibsetti,”Iddaatessuu akkayyoo kan fayyadu qorataan dhimma koo galmaan geessisuu danda’ujedhee safara ykn ulaagaa mataa isaa fayyadamee kan filatudha. Qorannoo koo kana keessattis kaayyoo koo kana galmaan naaf ga’a kanin jedhee itti fayyadame fayyadama afaanii geerarsicha keessaa, ergaafi Eenyummaa daangaa Naannoo Oromiyaa qaaccessuuf galmaan akka naaf ga’aniidha.

### 3.2.4.Meeshaa Funaansa Ragaa

Malli Meeshaa funaansa ragaaittiin funaaname karaa argee dhageettii/ elektirooniik miidiyaa /yommuu ta’u,innis waanta duraan mala argee dhageettiitiin qindaa’eewaraabamee taa’ee jiru barreeffamatti jijjiruun keessa deebi’uun ilaaluuf kan nama gargaaruudha.kanaafuu meeshaa funaansa ragaakan ta’an kaassettifi siidii gabaarra bitamanii irra qaacceffamanii bu’aan

argamumala ibsuu(descriptive method)ta’een ibsamun,barreeffamatti jijjiraameedhihaateera.Akkasumas meeshaalee funaansa ragaa keessatti dhimma kan ittii ba’ame ta’uu isaa qorannoo kana keessatti ibsameera.

### 3.3. Mala Ragaan Ittiin Qaacceeffamu

Qorannoon kun fayyadama afaanii, ergaa,eenyummaa finfinneefi Oromiyaa geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii keessaa fudhatame maal akka fakkaatu qoqqooduutiin qaaccessuuf kan gaggeeffame ta’a. Malli kun fayyadama afaaniifi ergaa isaa gadi fageenyaan hubachuuf fayyada. Haaluma kanaan geerarsa Caalaa Bultumee geerare barreeffamatti jijjiruun ergaafi fayyadama afaanii achi keessaa irratti xiyyeeffachuun kan qaacceffameedha.Walumaagalatti, ragaaleen funaanaman erga qaacceffamanii booda dhumarratti,cuunfaa, argannoofi yaboon ibsamaniiru.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

## 4.1. Seensa

Boqonnaa kana jalatti ragaalee geerarsa Caalaa Bultumee (2008)diddaa maastar pilaanii irraa fudhatamantudhiyaachuun itti qaacceffamu. Qaaccessi kunis ergaa fayyadama afaanii, Eenyummaa Finfinneefi Naannoo Oromiyaa irratti xiyyeeffata. Haaluma kanaan gaaffileen qorannoo kanaa sadanwalduraa duubaan deebii argatu.

Kanuman walqabatee qaaccessi ragaalee qorannicha mata duree adda addaa jalatti gaggeeffamee jira. Matadureewan kunis fayyadama afaanii jechoota,malleen dubbii,haala,ergaafi eenyummaa fayyadama afaaniin ergaan ittiin darbuu fa'i.

## 4.2. Fayyadama Afaanii Geerarsa Keessatti

Fayyadamni afaanii mata duree kana jalatti qaacceffaman, fayyadama afaanii geerarsicha keessatti geeraraan itti fayyadame irratti kan xiyyeeffateedha. Haaluma kanaan geerarsa kana keessatti fayyadamni afaanii geeraran ittiin gargaarameen matadureewwan xixiqqootti qooqqoduun kanneen qaacceeffaman. Matadureewwan kunneenis yommuu ilaalaman kakaasuuf afaan akkamii akka itti fayyadamee kan ibsuudha. Akkasumas, balaaleffachuuf, goota faarsuuf, seenaa yaadachisuufi Daangaa lafaa mormuuf kanneen nigaraaru jedhamaan qoqqoduun fayyadama afaanii isaan ittiin dhimma ba'an kan qaacceeffamaniidha.Geerarsi Ogummaa fi dandeetti uumamaan argatan kan ittiin gammachuufi gadda, quuqaafi seenaa, akkasumas diddaafi booree ofii ittiin ibsatanidha. Geerarsi gosa wallee ykn sirna aadaa Oromoo ta'us kan geerarsa danda'u hunda miti.

Walumaagalatti, geerassi gosa afoola keessaa tokko ta'ee wallee ykn afwalaloo bu'aa ba'ii ykn mudannoofi muuxannoo jireenyaa kan ittiin ibsatanidha. Geerarsi keessattuu, akka seena Oromootti wallee gootaa jedhamee beekama. Oromoonni diddaa isaanii ibsachuuf geerarsan afaanitti gargaaramuun erga ofii isaanii dabarfatu. Addisuu (1999:117) irratti," geerarsi deebisanii wal ijaaruu uummata Oromoof sababa bu'uuraa ta'ee jira," jedha. Akka Hoy (2004:6) ibsetti "diddaan kan uumamu ka'umsi isaa yoo bulchiinsi mootummaa ykn imaammanni isaa uummata kallattii hundaan miidhe dha" jedha. Finnegan (1976:273) geerarsi yoo ibsitu," geerarsi dhimma yeroo ibsuufi yaada uummataa gabaasuu danda'a, "jedha. Walaloon ergaa Geeraraa biraa nuuf kenname tokko bifa miidhagaa fi namatti toluun nama biraan ga'uu keessatti qooda

guddaa qaba. Walaloo yeroo jennu garuu waa’ee qubeen isaa dhuma irratti walfakkaachuu qofaa osoo hin taane, dhangala’insiifi ciminni ergaa sanaa iddoo guddaa qabaachuu kan qabuudha.‘’Walaloon Geerarsa aartii jecha dhikkisa/ yeedaloo human jabaa qabuun hubatamuudha.’’jedha Fedhasaa (2013:85). Yaaduma kana qorataan kunis walaloon dhimma yookiin ergaa irratti barreeffamuu irratti hundaa’uun jechoota ciccimoo fi filannoo gurra dhaggeeffataa fi dubbisaa hawwachuu danda’uun yoo barreeffame ergaa darbuu barbaadamee kallattiin darbuu akka danda’uudha.Fayyadamni afaanii geerarsa keessatti yommuu qaacceeffamu akka armaan gadiitti ilaaluun nidanda’ama.

### 4.2.1. Fayyadama Jechootaa

Geerarsi Caalaa Bultumee diddaa master pilaanii gama siyaasaan ummaata mudate jechootaan ifa baasee kan agarsiiseedha. Haala kanaan jechoonni kunnin yaada yaada yookiin waanta nutti dhaga’ameen ibsinuti jechoota bakka gurguddaa lamatti qoodamu. Geetaachoo (2011:56). Akka fakkeenyaatti fayyadama jechootaa karaa idileefi karaa al-idilee itti gargaaramnuun adda baasuudhaan haalli Geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii keessatti maal fakkaata kan jedhu akka armaan gadiitti qaacceeffameera. Jechoota idilee tarreessuuf hedduu ta’anis galmee jechootaa keessatti kanneen armaan guyyaa guyyaatti kanneen itti fayyadamaa oolludha. Akkasumas jechoota waalta’oofi dhaabbilee waajiraalee mootummaafi miti mootummaa keessatti yeroo heedduu kan dhimma itti baanuudha. Geetaachoo (2011:57). Jechoota al-idilee jechoota yaadaafi haala idileen ittiin fayyadamnu kan of keessaa hin qabnedha.Itti dabaluudhaan jechi tokko iddoo yookaan naannoo adda addaatti bakka kan hin buusnedha. Yeroo baay’ee jechoonni kun jechoota dubbiiti malee barreeffamati itti hin fayyadamnu.

Geerarsi Caalaa Bultumee diddaa master pilaanii gama siyaasaan ummaata mudate jechootaan ifa baasee kan agarsiiseedha. Haala kanaan jechoonni kunnin yaada yaada yookiin waanta nutti dhaga’ameen ibsinuti jechoota bakka gurguddaa lamatti qoodamu. Geetaachoo (2011:56). Akka fakkeenyaatti fayyadama jechootaa karaa idileefi karaa al-idilee itti gargaaramnuun adda baasuudhaan haalli Geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii keessatti maal fakkaata kan jedhu akka armaan gadiitti qaacceeffameera. Jechoota idilee tarreessuuf hedduu ta’anis galmee jechootaa keessatti kanneen argamaan guyyaa guyyaatti kanneen itti fayyadamaa oolludha. Akkasumas jechoota waalta’oofi dhaabbilee waajiraalee mootummaafi miti

mootummaa keessatti yeroo heedduu kan dhimma itti baanuudha. Geetaachoo (2011:57). Jechoota al-idilee jechoota yaadaafi haala idileen ittiin fayyadamnu kan of keessaa hin qabnedha. Itti dabaluudhaan jechi tokko iddoo yookaan naannoo adda addaatti bakka kan hin buusnedha. Yeroo baay'ee jechoonni kun jechoota dubbiiti malee barreeffamatti itti hin fayyadamnu.

(1) Finfinnee dubbadhumee
Kan nyaatte sooraa loomee
Goonni Guraaraa Lataa
Sirratti fannifamee
Bara waaree gololee
Keenya turte gullalleen
Bara daalacha waamii
Biyyi yoom gurguramtee

Geerarsi lakk. 1ffaa irratti yommuu qaacceeffamu, Fayyadama jechootan walqabsiisee Caalaanis fayyadama afaanii akka itti fayyadame kan ibsu, jechoota guyyu guyyuun itti fayyadamnuufi karaa al idilee ta'een itti fayyadamnu fayyadama afaaniin ibseera. Fkn; jecha "du'e'' jedhuuf nyaatame jedhee fayyadame jira. Bara gootichaa jedhee masifachuuf/jajachuuf/ bara daalachaa jedhee kan dhimma itti ba'eedha. Akkasumas biyyi yoom diinaan weeraramte, booji'amte jechuuf immoo yoom gurguramte jedhee kan dhimma itti ba'eedha. Finfinnee dubbadhumee, waa nutti himimee, of ibsimee kan jedhuudha hiikaan isaa, kan nyaatte sooraa loomee inni jedhu immoo toora lammaffaarratti gootaa du'aan fudhatte kan jedhu ibsa hiikaan isaa, goonni Guraaraa Lataa sirratti fannifamee kan jedhu immoo toora sadaffaafi arfaffaa irratti hiikaan isaa goonni beekaman sirratti rarrafame, ajjefame kan jedhu ibsa. Bara waaree gololee keenya turte gullalleen kan jedhu immoo keenyummaa abbaa biyyummaa ittiin ibsachuuf jechoota filatee fayyadama afaaniin dhimma itti ba'eedha. Bara daalacha waamii biyyi yoom gurguramte kan jedhuuf immoo, biyyi yoom nurraa alagaan fudhatamte, weeraramte jechuuf jechoota fayyadama afaanii keessaatti dhimma itti ba'eedha. Fayyadamni afaanii askeessatti itti fayyadame kan du'aan fudhatte jechuuf kan nyaatte kan jedhutti fayyadame. Kan biroo immoo bara Daalacha Waamii biyyi yoom gurguramtee kan jedhuuf fayyadamni afaanii askeessatti dhimma itti ba'ame biyyi yoom fudhatamte kan jedhuufi itti fayyadame. Ergaan askeessatti dabarfame callistanii maaf teessu biyyi isinirraa fudhatamee mirga keessaniif dubbadha kan jedhu ergaa itti dhimma

ba’eedha. Geerarsa armaan olii kana keessatti jechootaan gargaaramuun sirritti fayyadama afaaniitti kan dhimma ba’eedha.

(2) Finfinnee haadha seenaa
Ati nuuf qaroo keenyaa
Lafa aadaafi seenaa
Galma keenya ganamaa

Geerarsa lakk. 2ffaa kana keessatti Finfinnee haadha seenaa ati nuuf qaroo keenyaa kan jedhu yommuu qaacceeffamu ati handhuura keenya ka’umsa keenya jalqabaa ati nuuf agartuu ija keenyaati, bakka hambaa seenaa keenya ganamaa kan jedhu jechoota kanaan fayyadamee jira. Finfinnee nameessuun kan waa’ee ishii haasa’uudha ija keenya kan ittiin waa arginuudha. Ibsituu keenya bakka seenaa keenya, duudhaa ittii argamu jechuuf kan itti gargaarameedha. fayyadama afaanii kana keessatti bal’isee dhimma kan itti ba’eedha. Ergaan toora geerarsa lakk. 2ffaa kana keessatti dhimma itti ba’e ati nuuf qaroo keenya kan jedhuuf agartuu ijaan walbira qabuun finfinnee kan ibseedha. Lafa aadaa fi seenaa yaa’iin itti tumamu galma keenya ganamaa bakka Oromoon itti walga’un mari’atu handhuraa ta’uu ishii finfinneen lafa aadaafi seenaa ka’umsa ganama ta’uu ishii jechoota kanaan gargaaramuun ergaa fayyadama afaanii ibsameera.

(3) Gaaddisa tumaa seeraa
Seera caffee tuulamaa
Dhiigummaan sitiksina
Nutis kaane tokkummaa

Toora geerarsa lakk. 3ffaa kana keessatti ergaan jechoota fayyadama afaanii Caalaanis itti fayyadamuu isaa kan ibsu gaaddisa tumaa seeraa kan jedhu da’oo bakka kabaja qabu lafa dambii ittiin bulmaata hayyuun itti walga’ee seera tumu kan jedhu ibsuufi. Seera caffee tuulamaa inni jedhu immoo bakka seerri itti qajeelfamuudha. Dhiigummaan si tiksinaa inni jedhu immoo sanyiidhaan hidda dhalootaan siif qabsoofna walqabannee tokkummaan kaanee jirra isa jedhu ibsuufi. Kunis fayyadama jechaa afaaniitti akkamitti akka dhimma itti ba’e ibsuuf, dhiigummaan sitiksina kan jedhu sanyii Oromummaan si eegna, si kunuunsina yaada jedhuuf itti fayyadame.

(4) Beelaaf dheebuun si hin arginii
Qabeenyi biyya kee hundumtuu
Sif sifaa karaan ati deemtu
Milkiin siif yaa toluu.

Qaaccessa geerarsa lakk.4 ffaa kana keessatti jechootan walqabiisee ergaa fayyadama afaanii kan ibsate yommuu ta'u, beelaaf dheebuun si hin arginii jechuun rakkinaaf harka hin kennatiini beelaaf dheebuuf hin jilbeeffatinii ergaa jechuuf kan itti fayyadameedha. Qabeenyi biyya kee hundumtu  sif sifaa karaan ati deemtu, kan jedhuuf immoo ergaa leecalloon biyya keeti hundi isaatuu siif ta'aa jechuuf kan itti fayyadameedha. Milkiin siif yaa toluu kan jedhuuf immoo karoorri kee galma siif yaaga'u jechuuf ergaa dabarsuf kan itti fayadameedha.Jecha fayyadama afaanii askeessaa immoo milkii ayyana qabeessummaa jechuuf kan itti fayyadameedha.

#### 4.2.1.1. Irra Deddeebii Jechaa

Irra deddeebiin haala qindaa'ina jechootaan garaagara ta'anii kanneen fayyadama afaan isaanii tokko ta'uu danda'u. Irradeddeebiin geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaaniitiin ragaan haala qabatama geerarsichaatiin adda baafame fayyadama isaa haala galumsaan hiikamedha. Akka Addunyaa (2016:108) Cook (1989:19) wabeeffachuun ibsetti "walitti hidhamiinsa jechootaa karaa irra deddeebiitiin kalaqamuun hiikaan walitti hidhata qabu. Kunis haasawaa/dubbii hundeessa," cook kan inni itti waliigalu, walitti hidhaminsi jechootaa karaa irra deddeeebiitiin kalaqamuun hiikaan walitti dhefeenya kan qabaniidha. Bu'uura kanaan Irra deddeebiin geerarsa Caalaa Bultumee diddaa maastar pilaanii 2008 gama fayyadama afaaniitiin ergaa ragaa qorannoo kana keessatti fudhatameedha.Fayyadamni jechootaa Geerarsa Caalaa Bultumee 2008 keessatti argamu karaa ifa ta'een ergaa barbaade akkuma dabarsu, hiika dhokataasni qabaata.

Hiika dhokataa jechuun hariiroo jechi tokko wantoota yookaan taatee hawaasa waliin qabu akka calaqisiisu Lyons (1995) ibsee jira. Kana irraa wanti hubatamu  geerarsa jechoota aadaa/ qooqa hawaasa keessa jiru fayyadamuun ergaa barbaade, dhugaa yookiin taatee jiruun  ibsa  jechuudha. Kanaafuu,  geerarsa Caalaa Bultumee bara 2008 diddaa maastar pilaaniii gama fayyadama afaanii jechootaa hedduun kan guutamedha. Irradeddeebii jechootaa: Geerarsa Caalaa Bultmee bara 2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaanii keessatti irra deddeebiin jechootaa bal'inaan argama. Kun immoo geerarsichaaf miidhagina uumuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Irradeddeebiin jechootaa kunis kan argamu  sagalee, jechootaafi  gaalee walalichaa keessattidha. Sagaleen irradeddeebiin mul'achuu, jechoonni dhuma walalicha keessatti argaman irra deddeebi'amuufi gaaleen walaloo geerarsichaas irra deddeebii qabaachuun gurra dhaggeefataattii  waan toluuf gara barnootaatti yoo dabalame barattoota biratti fudhatama argata.

Akka Addunyaan, (2014:167)ibsetti “Irra deddeebiin dhamsagootaa (dubbachiiftuufi dubbifamaa), Irra deddeebiin jechootaafi caasaalee wal qoomanii, filannoo jechaafi kkf. Bakka guddaa qabu jedha”. Haaluma kanaan irra deddeebiin jechootaa geerarsa walaloo keessatti murteessaadha.

(5) Hinsimannu- hinsimannu
Maastar -pilaanii
Gagarmaame- goonni Oromiyaa
Gagarmaame –goonni Finfinnee
Irratti wal waamee
Qe’ee goototaa

Fayyadama jechoota irra deddeebii kanaa keessatti geeraraan kun toora geerarsa isaa kana keessatti akka fayyadametti hinsimannu, hinsimannu maastar pilaanii jechoonni irra deddeebi’anii mul’atan kun akka fayyadama afaanichaatti sadarkaa hubannoo yaadaa cimsuuf jechoota irra deddeebi’ameedha.Kan biroo immoo yaada ijoo ta’an irra deddeeb’uun dubbachuun isaa yookiin itti fayyadamuun isaa yaada cimsamuu qabu, caalatti hubachiifamuu qabu hawaasa bal’aa jiru cimsee hubachiisuuf kan irra deddeebii yaadaa agarsiiseedha. Kanaafuu irra deddeebiin jechaa fayyadama afaan tokkoo cimsuuf kan mul’atu ta’uu kan nama hubachiisuudha.

**4.2.1.2. Jechoota Waliin Deeman**

Jechoonni waliin deeman jechoota lamaafi isaa ol ta’een haaluma galumsa isaaniitiin geerarsa keessatti fayyadamna.Isaanis walitti qabaan jechootaafi hiika jechootaati. Jechoonni waliin deeman xiinxala hiikaan jechoota keessatti karaa ifa ta’eefi hin taaneen gumaacha gochuu danda’u.Addunyaa (2016:100) Halliday ( 2004) fi sinclair (1991) wabeeffachuun ibsetti “jechoonni waliin deeman milkaa’ina haasawaa gareetiif akka meeshaa geejjibaatti bakka bu’a,” jedha. Jechoonni waliindeeman toora geerarsa Caalaa keessatti fayyadama afaaniitiin ga’ee guddaa kan taphataniidha. Jechoonni waliin deeman galuumsa isaanii irratti hundaa’uun walfaana hiriiruun hiikaa tokko kennuu irratti gumaachan hedduun isaanii mul’ataniiru. Haaluma kanaan fayyadama afaanii keessatti haala isaan ittiin dhimma ba’uu danda’an tokko tokkoon geerarsicha keessatti kan mul’ataniidha. Qorataanis qorannoo isaa keessatti jechoota walfaana hiriiranii hiika kennuuf gumaachuuf deema qaccessa geerarsichaa keessatti fudhatee kan ilaaleedha.

(6) Gaaddisa tumaa seeraa
Seera caffee tuulamaa
Lafa aadaafi seeraa
Galma keenya ganamaa
Ololtuufi gantuu
Falmataafi murataa
Beelaafi dheebuu

Toora geerarsa lakkoofsa 6ffaa kanaa fayyadama afaanii keessatti jechoota walfaana deeman, akkamitti fayyadama afaanii keesatti akka hiika argatani irratti kan addeessu yommuu ta'u jechoota kanneen fudhannee haa ilaallu. Fakkeenyaaf jechi "gaaddisa tumaa'' jedhuufi jechi "seera caffee" jedhu jechoota walfaana deemuun hiika tokko kennu adeemaniidha.Kana jechuun gaaddisa tumaa seera, seera caffee tuulamaa kan jedhu bakka seerri dambiin ittiin bulmaata itti tumamuu kan jedhu ibsuuf kan gargaaru yommuu ta'u jechi"lafa aadaafi seeraa galma keenya ganamaa" kan jedhu immoo lafa hambaa qabeettii seenaa dhalootaa ganamaa kan taate seenaa kan qabdu ta'uu kan nutti himuudha.

#### 4.2.1.3. Masoofi Faallaa

Fayyadama afaanii geerarsa keessatti yommuu ilaallu jechoota akkamiitiin akka fayyadamnu, hiika masootiin, hiikaa faallaatiin geerarsa keessatti ilaaluun barbaachisaadha. Haaluma kanaan geerarsa Caalaa diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaaniitii hiikaa maasoo,faallaa inni qabu kan fayyadameedha. Bu'uuruma kanaan geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii keessatti gama fayyadama afaaniin geerarsa isaa keessatti jechoonni hiika jechoota moggoofi jechoota hiika faallaa waliin qaban kan ilaalamaniidha. Jechoota Simboo ulfina, Safuu, jechoota simboo jechuun, jechoota haala naannoo isaanii ibsan jechuudha (Geetaachoo, 2011). Geerarsa diddaa maastar pilaanii Caalaa Bultumee 2008 quuqqaafi wantoota naannoo isaaniitti argaman haala gaariin ibsu. Palmer, (1981:153)"Jechoonni hiika walfakkaatan yookiin walfaallessan qabaachuu ni danda'u" jedha.

##### 4.2.1.3.1. Faallaa

Hiikni Faallaa (Antonym): Jechoota waliitti dhufeenyi isaanii hiikaa garaagaraa qabachuu irratti hunda'edha. Kana jechun walitti dhufeenya jechoonni wal-morkatan lama gidduu jiru kan ibsudha. Antonym is the state or phenomenon in which the words have the sense relation which involve the opposite of meaning. The concrete form of antonyms is called "antonym"http://www.slideshare.net/ HameelKhan/semantics-15569625? related=1.Walitti

dhufeenya faallaa jechootaa kana bakka adda addaatti qooduun xiinxaluu ni dandeenya. Kanaafuu geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maaster pilaanii keessatti jechoonni hiika faallaa qaban kan mul’atan ta’uu isaanii kan ittiin ilaalluudha.

(7) Bituu fi godaansaa
Gadheefi goota
Ka’uufi ciisuu, rafuu
Bahaafi dhihaa
Kaabaafi kibbaa

Jechoonni toora geerarsa lakkoofsa 7ffaa irratti fudhatame hiika faallaa kan waliin qaban ta’anii toora geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa master pilaanii keessaa kanneen fudhataman ta’anii fayyadama afaanichaa galmaan ga’uuf kan deemaniidha. Egaa bitifi godaantaa kan jedhu waliif faallaadha. Kunis bituun olaantummaa irratti argachuudha yoota’u, godaanuun immoo bitamuu abbomamuun buluu harka kennachuu ibsuuf kan itti dhimma ba’eedha. Haaluma kanaan “maalitti beekti gadheen” kan jedhuufi “akka goonni ajjeesee foon allaatti sooru’’ kan jedhan waliif faallaadha. Kunis kan jechuu barbaade”gadheefi goota” walbira qabuudhaan kan faallesse itti fayyadameedha. Gadhee inni jedhu lugna dabooroo, sodaataa kan jedhuuf hiika hawaasa keessatti itti fayyadamaniidha. Haaluma walfakkaatuun “goonni’’ inni jedhu immoo faalla dabooroo, sodaaataa, gadhee jedhuu hiika waliif faallaa ta’anii adeeman ta’ee fayyadama afaanii kana keessatti shoora guddaa taphateera. Gama biraatiin immoo bahaafi dhiha kan jedhu keessatti faallaa waliiti kunis geerarsicha keessatti kallattii biyya Oromiyaa ittiin ibsuuf kan fayyadameedha. Kaabaafi Kibba kan jedhus kallattii naannoo Oromiyaa ittiin ibsuu geerarsicha keessatti kan dhimma itti ba’eedha.

#### 4.2.1.3.2. Masoo

Masoo (Synonym): Masoon jechoota bifa adda addaan barreeffamanii hiikaa walfakkaataa qabanidha. “To lexims are synonoyms if they have the some meaning” (bastian Lobner 2002). Ha’u malee, akka hayyoonni hedduun jedhanitti, jechoonni walitti dhiyaatu malee guutummaan guututti hiika tokko qaban hinjiran. Hiika masoo kanaas, karaa adda addaa ilaaluu dandeenya.Jechoonni masoo ta’an jarreen sadan keessaa karaa tokkoon garaagarummaa qabu.

(8) Nimo’attaa- ni injifattaa
Walga’a- wiirtuu
Injifannoo- Bilisummaa
Dhiigummaa- sanyummaa

Jechoota toora lakkoofsa 8ffaa olii keesatti masoo jechoota fayyadama afaanii keesatti kan dhimma itti ba’amee yommuu ta’u, irra keessaan jechoonni isaanii gargari garuu hiikaan waliif masoo ta’anii kan hiika tokko dhaabataniidha. Fakkeenyaaf jechi “nimo’atta fi ni injifatta’’ jedhu irra keesan gargari garuu hiikaan isaanii tkkuma ni bilisoomta kan jedhu ibsuufi jedhuufi jechoonni kunneen garaagarummaa jechaa qabaataniyyuu adda addummaan hiikaa kan hin jirre ta’uu isaanii nama hubachiisa. Jechi “walga’a’’ jedhuufi “wiirtuu’’ jedhu gargar kan fakkatan yoo ta’aniyyuu hiikaan isaanii kan walirra hin fagaanneedha. Handhuurummaa Oromiyaa finfinnee ibsu. Kanas masoo jechaa ibsuuf kan fayyadama afaanii keesatti ilaalameedha. Akkasumas “injifannoofi bilisummaa’’ wal bira qabuun yommuu ilaallu lameen isaaniyyu walabummaa harka diina jala turanii mirga argachuun ba’uuf kan gargaaruu ibsuuf kan itti fayyadamaniidha. Kanas alaabaa mo’ichaatiin mirga ofii ibsachuuf kan gargaaruu ittiin ibsuuf kan mul’isuu jechuuf kan dhimma itti ba’ameedha. Gara biraan immoo jecha”dhiigummaa fi bilisummaa” walbira qabuun yommuu ilaallu jechi isaanii gargar ta’u iyyuu hiikaan isaanii tokko hidda dhalootaan tokko kan ta’an ibsuuf kan itti fayyadameedha.

### 4.2.2. Malleen Dubbii

Malleen dubbii dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuu irra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti kan mul’isu yookiin kaa’udha. Malleen dubbii fayyadama afaanii geerarsicha keessatti ga’ee olaanaa qaba. Kana ilaalchisee, Addunyaa(2014:208) irratti yoo ibsu,’’ malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta’een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsuudha.’’jedha. Yaada kana irraas kan hubatamu akkuma olitti ibsame malleen dubbiiGeerarsan geerarsa keessaan dhaggeeffatootaaf ergaa dabarfachuu barbaadu qaama barbaachisaa ta’etti haala salphaa ta’een dabarsuudha. Malleen dubbiitti gargaaramnee wantoota addunyaa dhugaa keessatti mul’atan argaa yaadatu ilaaluu, dhaggeeffachuu, qaqqabachuu, xiinxaluu qalbii keenyatti immoo dhiyaatanii akka mul’atan taasisuudha. Kanas walaloo Geerarsichaa armaan gadiitti haa ilaallu.Walaloon Geerarsa kana haariroo finfinneefi ummata bal’aa gidduu jru kana fayyadama afaaniin gargaaramuun

seenaa kaleessaa wajjin ture nuu cimsaniidha. Maastar pilaaniin yoo hojiirra oole miidhaa isaafi bu’aan isaa adda baafachuun walalicha irraa hubachuun sammuu dhaggeeffataa keessatti miira abbaa biyyummaa Gootummaa, seenaa kaleessaa, bal’inaan kan kaasuu fayyadamni afaanii askeessatti iddoo olaanaa qabaachuu isaa kan nu beeksisuudha.

### 4.2.2.1. Nameessa

Akkuma maqaa isaa nameessaan lubbu- qabeeyyii yookiin lubbu-maleeyyii biro amala namaa gonfachiisuudha. Haala kanaan, akka namaatti beel’anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan, dhiyaatanii akka hiiqaniifi wkf akka dalagan kan taasisu fayyadama afaaniiti. Fakkeenya kanaan geerarsi Caalaa diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaaniitiin gargaaramee Finfinnee akka ishiin afaan qabduutti nameessee kan ittiin geeraree fayyadamummaa malleen dubbii isaa mirkaneesseedha. Kunis tooftaa malleen dubbii keessa nameessatti fayyadamuun fayyadama afaanii askeessatti mul’ate qaaccessuu ta’a.

(9) Finfinnee dubbadhumee
Kan nyaatte sooraa loomee
Goonni Guraaraa Lataa
Sirratti fannifamee
Bara waaree gololee
Keenya turte gullalleen
Bara daalacha waamii
Biyyi yoom gurguramtee

Toora geerarsa lakk. 9ffaa jalatti akka mul’isutti fayyadama mallee dubbii fayyadama afaanii, akaakuu malleen dubbii kan itti dhimma ba’amaniidha. Finfinnee lafa kutaa biyya naannoo Oromiyaa magaalaa guddittiidha. Egaa Caalaan nameessee finfinnee dubbadhumee waan sirratti ta’aa jiru nutti himimee jechuun fayyadama afaanii geerarsa isaatiin dabarfateera. Gootota meeqatu finfinneerratti hidhamee, gootota meeqatu finfinnee irratti ajjeefame, gootota meeqatu, qe’ee isaa irra buqqifame, fayyadama afaanii kana dhaggeeffattoota isaatiif dabarsuuf itti fayyadame. Finfinnee lafa naannoo tokkoo kan taate haala namaatiin nama fakkeessee eenyummaa finfinnee ibsa. Gootota finfinneef jecha wareegaman,lubbuun isaanii darbe seenaan akka yaadatuufi bara goototni bulchaa turan biyyi alagaan kan hinbitamne yookiin kan hingarboomfamne ta’uu isaa ibsa. Finfinnee dubbadhumee akka finfinneen afaan qabduutti nameesse isaa fayyadama afaaniitiin dabarfateera. Egaa geerarsi Caalaa Bultumees mala dubbii

adda addaatti kanaatti fayyadamuun diddaa maastar pilaanii irratti fayyadama afaanii askeesatti dabarfatee jira. Mee fakkeenya armaan gadii haa ilaallu. Toora geerarsa lakk. 10ffaa armaan gadii keessatti ergaa fayyadamni afaanii malleen dubbii keessatti qabu ilaaluuf kan itti dhimma ba'ameedha.

#### 4.2.2.2. Akkasaa

Akkasaan gaalee "akka isaa" jedhurraa ijaarame. Tajaajilli isaas ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon walcinaa qabuun dhiyeessuun akka salphaatti hubatamu gochuudha. Haala akkanaa kana keessatti bareedaafi hidhannoo mudhii gootaa wal bira qabuun kan ibseedha. Keesumattuu jechoota 'akka, hanga, fakkaata' kan itti fayyadamaniidha.

( 10) Akkatti bareeddu
Hidhannoon ila mudhii
Gootaa ila mudhii gootaa x2
Loltu lolii maal
Mana hin ciisin
Maal manaa gootaa x2
Jajjabduu akka sibiilaa
WBO yaa gooftaa diinaa
Hin rafiin naqaqqabii
Jedhiin sabni kee siif hiriiraa

Geerarsa lakk. 10ffaa kana keessatti kan ilaallu akkasaadhaan gargaaramuun waantoota lama walbira qabuun addeessuu yoo ta'u, sibiilaafi WBO gaaleen jedhu jabaa cimaa kan akka salphaatti diinaaf gadi hin jenne ta'uu kan ibsuudha.WBO gooftaa diinaa hin callin hin taa'iin maal mana gootaa ka'ii dirreetti ba'ii loli malee diinni biyya sirraa fudhataa yaada jedhuun jajjabeessuun gara lolaatti akka ba'u taasisa. Gama biraatiin WBO'n gooftaa diinaa akka ta'efi ummatan hin rafiina na qaqqabaa jechuun dhaamsa ofii ummataatti yommuu dabarfatu ummanni isaa akka hiriiruuf dhaamsa fayyadama afaanii as keessatti itti dhimma ba'eedha. Egaa fayyadamni afaanii askeessatti mul'atee jiru, waraana bilisummaa Oromoo jechuuf jecha WBO jedhuun kan fayyadamee yommuu ta'u, mirga keetiif falmadhu, ka'ii loli kan jedhuuf

fayyadamni afaanii itti dhimma ba’e hin rafiin, hin ciisiin kan jedhuun fayyadamee jira. Egaa Caalaanis toora geerarsa armaan olii lakk.10ffaa keessatti akaakuu malleen dubbii keessaa “akkasaatti” fayyadamuun fayyadama afaan, isaa dabarfachuu isaa qaaccessa kana keessatti ni mul’ata.

#### 4.2.2.3. Arbeessa

Arbeessuun waan tokko garmalee guddisanii yookaan garmalee xiqqeessanii dhiyeessuudha. Kunis jechuun, waan tokko guddisanii hanga arbaa, xinneessanii hanga huubaa taasisuu jechuudha. Kanaafis Caalaan geerarsa isaa keessatti walaloo itti baasee olkaasee garmalee guddisee, gadi buusee grmalee xiqqeessee hanga huubaan ga’ee kan itti fayydame ilaaluu dandeenya.

(11) Finfinneefi utubaa
Akkamiin gurguranii
Finfinnee haadha seenaa
Ati nuuf qaroo keenyaa

Toora geerarsa lakkoofsa 11ffaa kana keessatti fayyadamni afaanii ittiin dhimma ba’amee jiru malleen dubbii keessa arbeessatti kan fayyadameedha. Arbeessis akka armaan olitti tuqametti waan tokko olguddisuufi gadi xiqqeessuun ilaaluu yommuu ta’u, geerarsi kunis “Finfinneefi utubaa” baay’ee olkaasee akka qaroo ijaattii kan itti fakkeessee ibseedha “qaroo” kan jedhu agartuu ijaa yommuu ta’u geerarsa kana keessatti garuu, kan inni arbeesse xiqqeenya ijaa qofa osoo hin taane “ijji” waan qaama miira namaa keessa ijoofi iddoo guddaa kan qabuudha. Kanaafis ijaan fakkeesse arbeessuu danda’e. Akkasumas “utubaan” mana ijaaruuu keesatti angafa guddaadha kanaan fakkeessee arbeessee. Haaluma kanaan qaacceessa geerarsa kana keessatti arbeessi malleen dubbii keessaa iddoo kan argate ta’eera.

### 4.2.3. Ciigoo

Cigoon fayyadama afaanii ta’ee, karaa ittiin ergaa dhokataa tokko isa mul’ataa tokkoon golganii dabarfatanidha. Kutaa kana keesatti caallulee cigoo hedduu jiran keessa muraasa fudhachuun kan ittiin dhimma baanu ta’a. Cigoon tokko caacculee bu’uuraa sadii of keessaa qaba. Isaanis jecha dachaa, sookkoofi soorgoodha. Jechi dachaan akka caacculee ciigoo tokkootti maqaa kennameef malee argamni isaa gaalee yookiin ciroo ta’uu mala. Kunis ciigoo tokko keesatti kan hiika

tokkoo ol qabudha. Jecha hiika tokkoo ol qabu kana argachuuf, tooftaalee garaagaraatu jiru. Namni kamiyyuu, ciigoo afaan Oromoo keessaa tarreesse fixuu hin danda'u. Caacculeen ciigoo addaan baafachuun ciigoo sadanis akkasuma.Ciigoo kana geerarsa Caalaa Bultumee diddaa maastar pilaanii keessatti bifa walalootiin akkamitt fayyadama afaaniitiin dhimma akka ba'e kan keesatti ilaalluudha.

#### 4.2.3.1. Jecha Dachaa

Jechi dachaan akka caacculee ciigoo tokkootti maqaa kennameef malee argamni isaa gaalee yookiin ciroo ta'uu mala. Kunis ciigoo tokko keesatti kan hiika tokkoo ol qabudha. Jecha hiika tokkoo ol qabu kana argachuuf, tooftaalee garaagaraatu jiru. Namni kamiyyuu, ciigoo afaan Oromoo keessaa tarreesse fixuu hin danda'u. Caacculeen ciigoo addaan baafachuun ciigoo sadanis akkasuma.Jechi dacha ergaa dhokataafi kan ifa jiru baatee kan adeemuudha. Kunis geerarsa kana keessatti fayyadama afaanii gumaacha kennuu iddoo kan argateedha.

(12) "Amaan deegee laftis
Bari'uu geessee lammiin
Lammiif dhaamee" jedhu

Tooftaan ittiin jecha hiika tokkoo olqabu ittii toora walaloo kanaa keessaa ittiin argannu walalicha duukaa bu'uun yommuu ta'u, jechi "amaan deegee laftis bari'uu geessee'' jedhu dhibaa'an hiyyoomee laftis bari'uu geessee ganamaa'uu, ifuu ga'ee jedhu ibsa hiikni inni duraa. Hiikni inni lammataa immoo, bilisummaan dhufuu geessee, injifannoon dhiyaatee,mo'achuun ga'ee lammiin lammiitti dhaamsa dabarsee hiika jechu arganna .Egaa toorri walaloo kanaa jecha lama dhoksaafi ifa isa jiru ofkeessatti qabatee kan dhiyaate akka ta'e qaaccessa kanaan hubatameera.

(13) "Qabeenyi biyya kee
Hundumtuu siif sifaa
Jabaadhu qeerransoo
Fuundurri kee ifaa" jedhu

Tooftaan ittiin jecha hiika tokkoo olqabu ittii toora walaloo kanaa keessaa ittiin argannu walalicha duukaa bu'uun yommuu ta'u, jechi "qabeenyi biyya kee hundumtuu siif sifaa jabaadhu qeerransoo fuundurri kee ifaa'' jedhu jechi hiika ifa jiru diinagdeen biyyaa, leeccalloo biyya kee

hunduu soorattu siif milka’a, jabaadhu fuundurri kee dukkanaa miti ifa,bar’aa jira yookiin immoo madda ifaa wayiitu fuuldura jira jechuuf hiika kennameedha. Hiikni inni lammataa immoo, bilisummaan dhufuu geessee, injifannoon dhiyaatee,mo’achuun ga’ee jedhu dhaamsa dabarsee hiika jechu arganna .Egaa toorri walaloo kanaa jecha lama dhoksaafi ifa isa jiru ofkeessatti qabatee kan dhiyaate akka ta’e qaaccessa kanaan ibsameera.

## 4.3. Ergaa Fayyadama Afaanii Geerarsa Caalaa Bultumee Keessaa

Fayyadamni afaanii ergaa waa tokkoo dabarsuu keessatti iddoo guddaa kan qabu kan nama gaafachiisu miti. Haaluma kanaan geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaaniitiin yommuu ilaallu matadureen kun gaaffii qorataa kanaa isa toora lammaffaa irra jiru deebisuu kan danda’uudha. Kanaafuu ergaan fayyadama afaanii geerarsa Caalaa Bultumee keessaa hawaasaaf ergaa akkamii dabarsuu akka danda’u geerarsa armaan gadii keessatti fudhannee kan ilaallu ta’a. Geeraraan fayyadama afaaniin geerarsa isaa keessatti hawaasa bal’aa kakaasuuf afaan akkamii akka itti fayyadamee kan ibsuudha. Akkasumas, balaaleffachuuf, goota faarsuuf, seenaa yaadachisuufi eenyummaa lafa mormuuf kanneen ni gargaaru kanneen jedhamaan qoqqooduun fayyadama afaanii inni ittiin dhimma ba’e kan qaacceeffamaniidha.

### 4.3.1. Kakaasuu

Geeraraan tokko geerarsa isaa keessatti fayyadama afaaniitiin gargaaramuun, quuqqaafi diddaa keessa isaa jiru fayyadamaniitiin gargaaramuun hawaasa kakaasuu ni danda’a. Caalaanis geerarsa isaa keessatti diddaafi mormii maastar pilaanii irratti fayyadama afaaniitti gargaaramuun hawaasa bal’aa dammaqsuu yookiin kakaasuu isaa mee geerarsa isaa armaan gadii keessatti qaacceffameera. Afaan human, fedhiifi ilaalcha nama jijjiiru ofkeessaa qaba. Kanaaf, geerarsa afaanitti fayyadamuudhaan hawaasni tokko dadammaquun, tarkaanfiifi ijjannoo barbaachisaa ta’e akka fudhataaniif ilmaan namaa fayyada. (Misgaanuu, 2012:23). Afoolli saba tokkoo afaaniin miidhagee dabeessi akka gootummaa argatu, dhibaa’aan akka hojiitti dammaquuf dadammaqsuu ni danda’a. Kanaaf, sirboonni kan akka geerarsa Oromoo afaaniin darban fakkeenya gaariidha. Caalaanis geerarsa isaa keessatti namoonni akka onnee godhatan, kaka’umsa akka hawaasa keessatti taasisuuf kan itti fayyadameedha.

(14) Dadammaqi lakki Oromoo
Bahaa dhihaa walitti dhaamii
Amantii kutaan wal hin qoqqoodiin
Biyya si dhuunfatte alagaanii

Toora geerarsa 14ffaa olii keessatti dadammaqi lakki Oromoo bahaa dhihaa walitti dhaamii kan jechi jedhu bakka jirtanii kallattii hundan Oromoo dammaqaa walkakaasaa hin taa'ina warraqaa, socho'aa amantii adda addaan wal hin qoqqodiina, kutaa biyyaan gargarwal hinbaasiina, alagaan qaawwa argattee biyya isin irraa fudhatti hin rafiina yaada jedhuun itti fayyadamee ergaa dabarfateera. Egaa dhaamsi fayyadama afaan kana kakaasuuf kan tuttuquu daddammaqsuu, kakaasuu ,sochoosuu eegumsa biyya isaanii akka taasisaan amantiin adda addaa illee yoo jiraate akka wal hin qoqqoodne, akka wal hinfacaasne, gargar akka wal hin baasneefi jaalala gidduu ofiitti akka uumanif fayyadame dabarsa. Egaa fayyadamni afaanii geerarsa Caalaa Bultumee diddaa maastar pilaanii keessatti toora tokkoffaa irratti sabaan, amantiin, biyyaan wal hinqoodiina,wal hin facaasina alagaan qaawwa argatee biyya isin irra fudhatti ka'aa jechuun kanergaa isaan fayyadama afaaniin dadammaqsee sochooseedha.

(15) Olkaasi malee
Seenee ol darbee
Diinni mana kee laalee
Ajjeesii dibadhu diina
Biyya kees seenee
Hin simannu , hin simannuu
Maastar pilaanii biyya
Amantaan Oromiyaa hin eegne

Akka geerarsi lakk.15ffaa kun ibsutti eraan geeraraan fayyadama afaaniitiin kakaasuuf kan itti dhimma ba'eedha. Fakkeenyaaf toora geerarsa bo'oo tokkoffaa keessatti olkaasi malee kan jedhu maaf callista dubbadhu malee diinni mana kee ilaalee, daangaa cabsee biyya sirraa fudhachuuf ka'ee attamitti callista kan daangaa cabsee biyya kee seene ajjeesii dibadhu, injifannoo argadhuu jechuuf kan dhimma itti ba'eedha. Haaluma walfakkaatuun hin simannuu maastar pilaanii amantaan Oromiyaa hin eegne kan jedhu immoo hin fudhannuu hin barbaannuu maastar pilaanii dhugaadhaan amanamummaan biyya isaa hin eegne jechuun shakkii irraa qabu

ifa baasuu kan kakaseedha. Kan biraa immoo daba, rakkoo saaxiluuf finfinneerratti waan ta’uuf jiru kan karoorfame saaxiluuf olkaasi malee jedhee ergaa fayyadama afaaniin gargaarame.

**4.3.2. Balaaleffachuu**

Geerarsan namoonni wantoota naannoo isaaniitti argaman haala balaaleffachuun ittiin fayyadamun ibsu. Fayyadama afaanii kamiyyuu keessatti hawaasni tokko jechoota bakka buusu yoo dadhabe. Parmer(1981:153)’’Jechoonni hiika walfakkaatan yookiin walfaallessan qabaachuu ni danda’u’’jedha.Yaaduma kana deeggaruun Geetaachoo (2011:57) irratti yoo ibsu’’.. haala adda addaarraan kan ka’e hawaasni tokko jechoota akkuma feetee maqaa kan hin dhoofne, kan jechootaan bakka bu’uu hin dandeenye osoo hin taane safuu yookiin saalfii waan ta’aniifi’’ jechuun lafa kaa’a. Kanaan walqabsiisuun Caalaanis geerarsa isaa keessatti jechoota balaaleffannaaf ibsan jechoota hawaasa keessatti fayyadamuun ergaaf dhimma itti ba’eera mee armaan gaditti haa ilaallu.

(16) Ilmi Guddifachaan Asgalee
Maaliif nutti ta’a Silmii
Gudeedaan Hin Dhalannee
Kanaaf Saba Unkuraa
Osoo Oromoo Ta’ee
Maaliif biyya gurguraa

Geerarsa lakkoofsa 16ffaa olii kana keessatti fayyadamni afaanii balaaleffachuuf geerarsa isaa keessatti itti fayyadame jechoota walduukaa jibba balaaleffannaa ofii jiru ibsuuf itti fayyadameedha. Jechamni qaama gubbaarratti hiika ifa ta’e, qaama keessatti immoo hiika dhoksaa kan qabuudha. Jechoonni garee kunnin kaayyoo tokko iccitiin itti fayyadamuudhaan galmaan ga’uu waan ta’eef gareedhaan fayyadamu. Iccitii yaada isaa ifa baasuufi hojirra oolmaa isaa ibsachuuf kan itti fayyadamee gochaa finfinneerratti rawwatu balaaleffachuuf caalatti ibsachuuf itti fayyadameedha. Ilmi guddifachaan asgalee maaliif nutti ta’e silmii kan jedhu ergaa fayyadama afaanii askeessa jecha silmii kan jedhu ‘’maxxannee ilbiisa horii’’ jechuuf kan itti fayyadameedha. Ergaan inni immoo dabarsu biyya abbaa keenyaarratti dhalataa naannichaa, hidda dhaloota asii kan hin taane akkamitti olaantummaa nurratti argatee nubita nu cunqursa, otoo hidda dhiiga saba kanaa ta’ee garaaf hin bitamu saba waliin hin dhahu walhin nyachisu

lolchiisu, nageenya hindhoowwatu ergaa  yaada balaaleffachuun finfinneen wal qabsiisee ibsa. Saba gurguraa, daangaa oromiyaa kukkutee dhiphisa olciree gadi ciree baay'ina ummataa Oromoo finfinnee jiraatuu illee dhoksaa sabni guddifachaan itti gale olaantummaan ibsa bulchuu balaaleffachuu ibsa. Gama biraatiin basaatuu kan taateef hin bitamnu fakkeessinee jiraachuu hin barbaannu kan jedhu ibsuuf fayyadma afaaniin kan dhimma ba'eedha.

(17) Ololtuufi gantuu
Gadheefi jala yaatuu
Minilikiin garboonfamnee
Jala yaatuu wayyaanee
Hin dhaalamnu
Hin galtu malee
Ajjeesi dibadhu
Diina biyya kee seene
Maalitti beekti Gadheen

Geerarsa toora lakk. 17ffaa armaan olii keessatti ergaan fayyadama afaanii gargaaramuun geeraran kun taatee diddaa maastar pilaanii balaaleffachuuf kan itti gargaarame ta'uu qaaccessa kana keessatti ni hubatama. Haaluma walfakkaatuun ergaan fayyadama kanatti gargaaramee hawaasa bal'aa isa duukaa jiruuf balaaleffannaa isaa hubachiisuuf kan dhimma itti ba'e akka ta'e hubanna. Bo'oo 1ffaa keessatti ololtuufi gantuu, kan jedhe odeessiituu kan iccitii hin eegne fakkeessitee kan bultu jechuuf kan itti fayyadameedha. Bo'oo 2ffaa keessatti immoo gadheefi jala yaatuu, kan jedhu immoo badduu, kan hin fayyadne gargaartuu, deeggartuu ta'uu ibsuuf kan itti fayyadamee balaaleffateedha. Minilikiin garboonfamnee/ bitamnee/  jala yaatuu wayyaaneen hin dhaalamnu kan jedhu immoo sirna mootummaa abbaa irree kaleessaan bitamnee warren sirna cunqursaa kaleessaa deebisuuf yaalaniin hin bitamnu yookiin hin bullu jechuuf balaaleffannaa isaa kan ibseedha. Egaa geeraraan kun fayyadama afaaniitti fayyadamuun mormii diddaa maastar pilaanii finfinnee akka balaaleffatee geerarsa isaa kana keessatti yommuu qaacceffamu kan ibsuudha.

### 4.2.3. Goota faarsuu

Oromoon geerarsa isaan jagnummaa ittiin lallabu, isa hiriyyeefi jaala ittiin leellisu isa biyyaafi goota ittiin faarsuu afaanumaan ilmaansaatti himee lufsiisaa asiin gahee jra. Jechoota geerarsa tokko keessatti waanta tokko bakka namaa buusuun ittiin fayyadamu nidanda'ama. Kunis akka nameessa tokkootti fudhachuun waan tokko ibsuudha. (2014:202) "bakka waan tokko buusanii dhimma itti ba'uu jechuudha" jedha. Haaluma erga fayyadama afaanii kanaan Caalaa Bultumee Geerarsa isaa (2008): diddaa maastar pilaanii keessatti jechoota itti fayyadamanii wanta tokko bakka buusuun nameessee waan itti gargaaramuun kan dhiyeessee jira jechuudha.Gootota finfinnee irratti beekama turan ittiin faarsuuf kan fayyadameedha.

(18) Jabaadhu jaala koo karaan ati deemtu
Milkiin siif haa toluu ajjeesi
Sooradhu bineensa daggalaa WBO
Gooftaa diinaa siin jedha sabni kee

Qaaccessi geerarsa lakkoofsa 18ffaa jalatti kan ibsame kun fayyadama afaaniitti gargaaramuun gootootatti abdii horuun akka inni jajjabaatuuf kan itti fayyadameedha. Jabaadhu jaala koo jechi jedhu kan haamilee itti dabaluufi akka inni qabsoo isaa itti fufu taasisuuf kan itti fayyadameedha. Qabeenya biyya isaa, keessattuu bineensi bosonaa cimaaf hamaa kan ta'e akka inni ajjeesee sooratuuf, akkasumas WBO'n jireenyi isaa dirree lolaa ta'ee gootummaa isaa ibsuuf kan fayyadameedha. Gama birootiin immoo WBO'n gooftaa diinaa ta'uu cimaa ta'uu isaa faarsuun gootummaa isaa mirkaneessaaf. Itti dabalees WBO' goota daangaa biyyaa kallattii arfaniinuu bosonaan marsee eegu akka ta'e ergaa fayyadama afaaniitiin geerarsaan faarsuun jajjabeessa.

(19) Qabeenyi biyya kee
Hundumtuu siif sifaa
Jabaadhu qeerransoo
Fuuldurri kee ifaa
Qabsoo diddaa gabrummaa
Itti fufaa …

Geerarsi lakkoofsa 19ffaa olii kun ergaa fayyadama afaanii inni itti fayyadame goota faarsuuf dhimma itti ba'e. Yoo ilaallu fayyadamni afaanii askeessatti dhimma itti ba'e "jabaadhu qeerransoo'' kan jedhu cimsuuf abdii itti horuuf qabeenyi diinagdee biyyatti keessa jiru martinuu siif ni milkaa'a, jabaadhu fuuldurri kee ifaa abdiin jira nimoota,nibilisoomtaa jabaadhu goota koo qeerransoo koo amma bilisoomnutti qabsoon diddaa gabrummaa cimeet itti fufa duubatti hin deebinu ni injifanna yaada jedhu fayyadamuuf kan gargaarameedha. Kunis fayyadama afaaniitiin gargaramuungoota faarsuun hawaasa bal'aa keessatti kan dhimma itti ba'e akka ta'e nama akka hubachiisu qaaccessa geerarsa kanaa keessatti ni mul'ata. Itti dabaluun jechi "jabaadhu qeerransoo" jedhu qeerransa bineensa daggalaa isa humnaanis ta'ee gootummaan bineensota jiranii ol ta'een wal bira qabuun ciminaafi gootummaa WBO faarsee kan agarsiisuudha.

### 4.2.4. Seenaa Yaadachiisuu

Finfinneen maqaan ishee horaa irraa dhufe. Horri kun iddoo amma filwuhaa jedhamee beekamutti kan argamuudha.Finfinneen akka magaalaattihundaa'uun duratti Oromoota Galaan, Abbichuu, Gullallee, Yakkaatu horee danboobee, yaasee elmatee qotee galftee dilbii guutee irra jiraachaa ture. Finfinneen karrawwan yookiin ulaawwan nama galchuu shanan qabdu. Kallattii Bahaan karra Barrakiifi karra Alloo ykn kontomaa, yoo ta'an, gara Lixaan immoo karra Qirxii ykn Fulidooroofi, karra Qoree fi karaa kaabaan immoo karra xuuxoofi Dildila, karra Qaalluufi kibbaan immoo karra Basaqaa, karra Gafoo, Handoodee jedhamuun beekamu. Dur bakka amma aadaafi turizimii jedhamu warra Munaa Tufaa ijoolleen isaanii warra Yeshii Dabalee jedhamtuu irra jiraata. Moggasaawwan maqaalee bakkeewwan finfinnee keessa turan orommoonni dur ittiin waaman qabuu turan garuu gita cunqursaa bittaatiin bakkeewwan kun akka jijjiirama ta'anii jiru kan manca'es jira. Mootichi minilik gaara xuuxxoo/inxooxxoo irra waggaa (12) erga jiraachaa tureen booda bara 1979 gara hora finfinneetti gadi bu'uun finfinneenis kana irraa ka'uunis teessoo mootumma ta'uun tajaajiluu jalqabde. Oromoon dur finfinnee bakkeewwan tokko tokko maqaa ittiin waamu qabaa ture. Maqaa gandoota magaalaa finfinnee yeroo durii ittiin waamama turan yeroo ammaa kanaa hundaa jijjiranii jiru, kun immoo seenaan durii akka dagatamu taasisa. Karoorri maastar pilaanii garuu weerara lafa babal'ifannaa abbaa biyyummaa fonqolchuuf qe'ee isaaniirraa buqqisuuf kan karoorfameedha. Egaa seenaa yaadachiisuuf geerarsi Caalaas fayyadama afaaniin eenyummaa finfinneefi naannoo Oromiyaa gidduutti calaqqisu ibseera. Mee geerarsa armaan gadii fudhannee haa ilaallu.

(20) Oromiyaa biyya koo

Meeqat siif bittimamee

Dhiigaaf tiksuuf jechaa

Meeqat ba'ee dhabamee

Seenaa guddaa hin dagannee

Sirraa kaafna finfinnee

Kanaafi garaan keenyaa

Yoomu kan hin dagannee

Dachee seenaa qabeetti

Haadha gootota kumaa

Toora geerarsa lakkoofsa 20ffaa kana keessatti jechoota garagaraa gargaramuun ergaa bifa nameessutiin eenyummaa Oromiyaa seenaa yaadachiisuuf kan ibsu ta'ee kan qaacceeffameedh. Oromiyaa biyya koo meeqat siif jedhee ba'ee dhabamee daangaa kee eeguuf jecha lubbuu meeqat dhabamee, seenaa guddaa hin dagatamne sirraa kaafna finfinnee, kan yaadatamu, kan hin irranfatamne kanaf garaan keenya yoomuu kan hin dagannee jedhee eenyummaa Oromiyaafi finfinnee walbira qabuun kan ibsuf itti gargaarameedha. Dachee seenaa qabeettii haadha gootota kumaa innaa jedhu lafa seena hedduu qabdu, Finfinneen haadha gootota hedduu biqilchitee qabdu fi Finfinneef jecha gootonni hedduun lubbuu isaanii kan dhaban ta'uu ishii ittiin ibsuuf kan itti fayyadame ta'uu ibsuufi. Finfinneen seenaa guddaa kan qabdu ta'uu ishii ibsuuf kan itti fayyadameedha.

(21) Finfinnee haadha seenaa

Ati nuuf qaroo keenyaa

Lafa aadaafi seenaa

Galma keenya ganamaa

Geerarsa lakkoofsa 21ffaa kana irratti "finfinnee haadha seenaa ati nuuf qaroo keenyaa'' kan jedhu yommuu qaacceeffamu ati handhuura keenya ka'umsa keenya jalqabaa ati nuuf agartuu ija keenyaati, madda keenya ganamaatii waan hundaa ol kan nuuf taatee kuusaa seenaa handhuuraa, bakka hambaa seenaa keenya ganamaa kan jedhu jechoota kanaan fayyadamee jira. Finfinnee kunis nameessuun kan waa'ee finfinnee kan haasa'uudha, ija keenya kan ittiin waa arginuudha. Ibsituu keenya bakka seenaa keenya, lafa duudhaa ittii argamu jechuuf kan itti

gargaarameedha. Fayyadama afaanii kana keessatti bal'isee dhimma kan itti ba'eedha. Ergaan toora geerarsa lakkookfsa 21ffaa kana keessatti dhimma itti ba'e ati nuuf qaroo keenya kan jedhuuf agartuu ijaan walbira qabuun finfinnee kan ibseedha. Lafa aadaa fi seenaa yaa'iin itti tumamu galma keenya ganamaa bakka Oromoo itti walga'u mari'atu handhuraa ta'uu ishii seenaa yaadachiisuun finfinnee lafa aadaafi seenaa ka'umsa ganama ta'uu ishii ibsameera. Egaa fayyadamni afaanii geerarsa kan keessatti dhimma itti ba'ee seenaa yaadachiisuuf akka gargaarame qaaccessa kana keessatti nama hubachiisa.

(22) Finfinnee dubbadhumee
Kan nyaatte sooraa loomee
Goonni Guraaraa Lataa
Sirratti fannifamee
Bara waaree gololee
Keenya turte gullalleen
Bara daalacha waamii
Biyyi yoom gurguramtee

Toora geerarsa lakk. 22ffaa Caalaa kana keessatti fayyadamni afaanii, akaakuu malleen dubbiin seenaa yaadachiisuuf kan itti dhimma ba'edha. Finfinnee lafa kutaa biyya naannoo Oromiyaa magaalaa guddittiidha. Egaa Caalaan nameessee finfinnee dubbadhumee waan sirratti ta'aa jiru nutti himimee jechuun ergaa fayyadama afaanii geerarsa isaatiin dabarfateera. Gootota meeqatu finfinneerratti hidhamee, gootota meeqatu finfinnee irratti ajjeefame, gootota meeqatu,qe'ee isaa irra buqqifame, ergaa kana dhaggeeffattoota isaatiif dabarsuuf itti fayyadame. Finfinnee lafa naannoo tokkoo kan taate haala namaatiin nama fakkeessee eenyummaa finfinnee ibsa.Gootota finfinneef jecha wareegaman, lubbuun isaanii darbe seenaan akka yaadatuufi bara goototni bulchaa turan biyyi alagaan kan hinbitamne yookiin kan hingarboomfamne ta'uu isaa ibsa. Finfinnee dubbadhumee akka finfinneen afaan qabduutti ibsa. Egaa ergaan fayyadama afaanii geerarsa kana keessatti itti dhimma ba'e seenaa yaadachiisuuf kan ibsuudha.

### 4.2.5. Eenyummaa Daangaa lafaa falmuu

Eenyummaan, miira Oromiyaan, lafti naannoo Oromiyaa, finfinnee kan eenyuu akka taatee fi ejjennoo akkamii jiru hubachiisudha. Oromoon durumaa kaasee qabeenya dhaabataa qabu keessa lafa hunda keessa caala kan jaalatuufi akka salphaatti lafa isaa kan gadi hin lakkifnedha. Haaluma kanaangeeraraan Caalaa Bultumees geerarsa isaa keessatti falmii lafaa maastar pilaaniin walqabatee jiru fayyadama afaaniitiin gargaaramee eenyummaa lafa finfinnee falmuu isaa qaaccessa armaan gadii kana keessatti ni mul'ata. Akkasumas lafa irraa fudhatamuu qofa osoo hin taane qe'ee isaa irraa illee godaanuu hin barbaadu. Kanaan walqabsiisee geerarsa isaa keessatti kan ibsamee ergaa akkamii akka qabu qaacceeffamee taa'eera.

(23) Biti maaliif godaantaa
Godaanis yoo jedhanii
Ajjeesii irratti du'ii
Lafa kee hin lakkisiinii
Eenyu abbaa ishiiti gurbaa
Kan daangaa keenya
Seenuuf deemtuu

Toora geerarsa 23ffaa olii keessatti eenyummaa finfinnee fayyadama afaaniitii walqabsiisee eenyummaa lafaa falmuuf ergaa kan ittiin gargaarame dabarse yommuu ta'u, biti maaliif godaantaa kan jedhu olaantummaan keeti ati bulchi malee maaliif biyya abbaa keetii kan dhaloota kee ganamaa irraa buqqaata ykn baqattaa kan jedhu ergaa dabarsuufi. Godaanis yoo jedhanii ajjeesii irratti du'ii kan jedhu immoo yoo didaanii baqadhu jedhanillee didii mormii lafa kee irratti du'ii gadi hin lakkisiinii hin dheensiinii kan jedhu ergaa dabarsuufi.Eenyu abbaa ishiiti gurbaa kan daangaa keenya seenuuf deemtuu kan jedhu immoo eenyummaa nama daangaa cabsuuf deemuu adda baafachuuf mormii diddaa ofii itti fufsiisuufi daangaa ofii kabachiisuuf ergaa ofii saba ofiif dabarsuuf kan itti gargaarameedha.Ergaan fayyadama afaanii Geerarsa Caalaa Bultumees kun eenyummaaa lafa kan falmu yaaduma kana Kan gabbisu ta'ee ergaa waa'ee lafa kee hin lakkisiini didii irratti du'i kan jedhu fayyadama afaaniin fayyadamee eenyummaa finfinnee dabarsee jira.

(24) Qe’een Abeebee Tufaa
Kan Guddataa Haraddoo
Maaf diinaan dhuunfatamaa
Qe’ee Guutoo wasarbii
Qe’ee Qajeelaa Dooyyoo
Badhoo Dachaas faat turee

Geerarsa lakkoofsa 24ffaa jalatti fayyadamni afaanii eenyummaa lafaa finfinnee falmuuf itti gargaarame yommuu qaacceffamu; qe’een Abeebee Tufaa, inni jedhu keenyummaa, qe’een keenya bakka handhuura keenyaati bakka hiddi handhuura keenyaa itti cite ittiin ibsuufi,keenya akkamitti diinaan booji’ama dhuunfatama gootonni akka Badhoo Dachaas faat kan diinaaf gadi hin jenne harka hin kennanne diddaa kan agarsiisani kan jedhu ergaa fayyadama afaanii Caalaan maastar pilaaniin walqabsiisee ummataaf dabarse hubachiisa. Egaa geerarsa toora 2ffaa olii kan keessatti eenyummaa abbaa biyyummaa gootota finfinne turaniiittiin faarsuufi yeroo amma maastar pilaanii akkamitti qe’een keenya booji’ama kan jedhu sirritti kan ibseedha.Gama siyaasaan yoo ilaalle, dhiibbaa gara jabeessaa kan jedhu mootummaa abbaa irree kan uummata dararaa ture, kan qe’ee abbaa biyyaa gadhisiisaa jiru, kan dhiiga lammii oromoo bakka hundaa dhangalaasaa jiruufi mirga abbaa biyyummaa molqaa jiraachuu isaa kun ammoo, garajabina isaa ibsa.Gara laafessi ammoo, uummata abbaa biyyaa Oromoo kan ta’e gara laafummaa isaatiin hanga qe’ee isaa gara jabeessaaf gadhiisee deemuutti jiru, garajabeessi ammoo kan kana godhu babal’ifannaa lafaafi hacuuccaa ummatarraan gahuuti. Geerarsa kana keessatti jechoonni qusannoo ta’anii ergaa dacha ittiin dabarsuuf jechoota maaf diinaan dhuunfatamaa qe’een handhuurri keenya harka diinaa maaliif gala gootota heedduu osoo qabnuu jedhee falmuu lafaaf eenyummaa finfinneef ergaa fayyadama afaaniin kan dhimma itti ba’edha.

### 4.4. Fayyadama Afaanii Eenyummaa Daangaa Naannoo Oromiyaa Ibsuu Keessatti.

Mata duree kan jalatti fayyadamni afaanii eenyummaa daangaa naannoo Oromiyaa ibsuu keessatti mul’atan duraa duubaan dhiyaata. Afaan eenyummaa biyya tokkoo akkasumas nama dhuunfaa hanga hawaasa bal’aatti eenyummaasa ibsuu kan danda’uudha. Geerarsa kana keessattis geeraraan fayyadama afaanii maaliif akka itti gargaaramee haalaa fii bakka akkasumas yoomessa akkamii keessatti akka itti fayyadaman qaaccessanii ilaaluun danda’ameera. Kanas qorataan mata duree xixiqqaatti qoodee dhimma maaliif akka itti fayyadama wal duraa duubaan

qaaccesseera. Fayyadamni afaanii eenyummaa ibsuu keessatti maaliif akka itti dhimma ba'an yoo ilaalamu; ijaaruuf, ijaarsa jalatti immoo abbummaa, sirrummaa, seenesumman isaa akkamitti akka afaan fayyadamee eenyummaa daangaa naannoo Oromiyaa ibse kan addeessuudha. Fayyadamni afaanii eenyummaa daangaa naannoo Oromiyaa ibsan hedduudha. Isaan keessaa muraasaa kan ilaallu ta'a.

### 4.4.1. Eenyummaa Ijaaruu

Fayyadamni afaanii eenyummaa daangaa biyya tokkoo ijaaruu keesatti ga'ee guddaa qaba. Fayyadama afaaniin gargaaramuun biyya tokko ijaaruunis diiguunis akka danda'amu mata duree kan jalaa argachuun nidanda'ama. Afaan tajaajila ijaaruufi diiguu ni kenna. Aadaan saba tokkoo, eenyummaan isaa, ilaalcha inni ofiifi namaaf qabu, haalli ittiin bulmaata isaa, safuu isaa, gaddaafi gammachuun isaa kan ijaaramu afaan isaatiini:kan isaaf hintaane diigee, kan isaaf ta'u ijaaruu danda'a. Addunyaan:

> *Identities are discursively constructed. Discursive psychologistsrealize that identities are not predetermined until they enter into discourse (Phillips and Jorgensen, 2002). Phillips and Jorgensenargue that the discursive construction of identity confirms thefluidity nature of identity. According to De Fina (2003),identity is a process (re)constructed inDiscursive situation.The discursive phenomena involved in identity construction include discursive practices, strategiesand representations.*

Addisuu (1999:117) irratti,"geerarsi deebisanii wal ijaaruu uummata Oromoof sababa bu'uuraa ta'ee jira,"jedha. Akka Hoy(2004:6) ibsetti"diddaan kan uumamu ka'umsi isaa yoo bulchiinsi mootummaa ykn imaammanni isaa uummata kallattii hundaan miidhe dha"jedha.Finnegan (1976:273) geerarsi yoo ibsitu," geerarsi dhimma yeroo ibsuufi yaada uummataa gabaasuu danda'a,"jedha. Fayyadamni afaaniin eenyummaa daangaa naannoo Oromiyaa ibsuu keessatti deebisanii ijaaruu keessatti ibsameera. Kanaafuu geeraraan Caalaa Bultumee toora geerarsa isaa keessatti qaacceffameera. Kanas kallattii adda addaatiin eenyummaa daangaa Oromiyaa kan inni ittiin ibse fudhannee ilaaluu dandeenya.

#### 4.4.1.1. Abbummaa

Fayyadama afaanii eenyummaa daangaa Oromiyaa ibsuu keessaatti ijaarsi eenyummaa isa ijoo ta'ee achi jalatti abbummaan afaanii eenyummaa daangaa ibsuu keessatti akkamitti akka mul'ate geerarsa isaa keessatti mul'ate qaacceffameera. Abbummaan afaanichaa kan eenyummaa

Oromiyaa ibsuu danda’uu, eenyutu itti fayyadama daangaan isaa hanga eessaatti kan jedhu askeessatti ilaalla.

(22) Walga’a Oromootaa
Wiirtuu Maccaaf Tuulamaa
Lafa kee hin lakkisiinii
Eenyu abbaa ishiiti gurbaa
Kan daangaa keenya seenuuf
Deemtu

Geerarsa lakkoofsa 22ffaa kana keessatti fayyadamni afaanii eenyummaa abbummaa daangaa naannoo Oromiyaa ibsuuf fudhatame keessatti yommuu ilaalamu jechi “walga’a Oromootaa wiirtuu maccaaf tuulamaa’’ kan jedhu eenyummaa naannoo oromiyaa ibsuu keessatti finfinneen kan eenyuu akka taate kan Oromoo ta’uu ishee nama hubachiisa. Kunis bakki Oromoonni handhuurri isaanii itti walga’an handhuura Oromiyaa finfinnee ta’uu ishee eenyummaa ibsuuf kan itti dhimma ba’eedha. Jechi “lafa kee hin lakkisiin eenyu abbaa ishiiti gurbaa daangaa keenya seenuuf kan deemtu’’ kan jedhu immoo eenyummaa Oromiyaa abbummaan isaa kan eenyuu akka ta’e ittiin ibsachuuf eenyu ishiiti kan daangaa keenya seenuu deemtu gurbaa kan jedhu abbummaan isaa kan saba Oromoo ta’uu isaa sirriitti kan addeesse ta’uu bal’isee lafa kaa’a. Egaaa qaaccessa armaan oliii abbumma daangaa Oromiyaa ijaaruu keessatti abbumman olaantummaa guddaa kan qabu eenyummaa irratti ummata Oromiyaa akka ta’etoora qaaccessa kana keesatti kan dhiyaateedha.

(23) Qe’een Abeebee Tufaa
Kan Guddataa Haraddoo
Maaf diinaan dhuunfatamaa
Qe’een Guutoo Wasarbii
Qe’ee Qajeelaa Dooyyoo
Badhoo Dachaas faat turee
Kan gadi hin jenne roorroof

Toora geerarsa lakkoofsa 23ffaa kana keessatti abbummaa eenyummaa daangaa Oromiyaa ijaaruu keessatti akkamitti akka dhimma itti ba’ame ilaaluuf kan qaacceffameedha. Jechi

“qe’ee”jedhu toora geerarsaa kana keessattiabbaa qe’ee kan ta’an keenyummaa, abbummaa, abbaa biyyummaa ittigaafatamummaa biyyaa kan fudhate ta’ee kan Oromoo ta’uu ittiin ibsameedha. Gootonni Oromoo maqaan isaanii armaan olitti dhahame abbaa biyyaa ta’anii qe’ee isaaniirratti diinaaf kan gadi hin jenne ta’uu kan ittiin ibsameedha. Keessattuu qe’een hawaasa Oromoo biratti ulfina guddaa, kabaja olaanaa akka qabuu aadaa Oromoo biratti beekamaadha. Kun immoo abbaan qe’ee, qe,een sun kan isaa ta’uu abbummaa isaatu mirkaneesa. Kanaaf handhuurri Oromiyaa finfinneen qe’ee eenyuu akka taate toora geerarsa kanaa keessa argachuu ni dandeenya. Kanaafi geeraraan qe’een keenya maaliif diinaan dhuunfatama jedhee abbummaa ofii kan ittiin ibseedha.

(24) Injifannoo Injifannoo
Jedha gagarmaamee
Goonni oromiyaa irratti walwaamee
Gagarmaame wallagga Gimbirratti walwaamee
Gagarmaamee Jimma walakkarratti walwaamee
Gagarmaamee Arsi Asallarratti walwaamee
Gagarmaamee Jaldu kaachisiirratti walwaamee

Geerarsa lakkoofsa 24ffaa armaan olii keessatti eenyummaa daangaa Oromiyaa ibsuu keessatti haalli ijaarsa abbummaa Oromiyaaa geerarsichi eessaa hanga eessatti akka of ibsu daangaa isaa beeksisuu danda’u guutuu Oromiyaa keessatti ta’ee saba Oromoo afaanichatti fayyadamu hundaaf kan ibseedha. Eenyummaa saba tokkoo kallattii adda addaatiin ibsama. Kunis daangaa keessa jiraatu jalqabee hamma gara oliitti kan ittiin ibsamuudha. Jecha’’ injifannoo injifannoo’’ jedhu keessatti bilisummaan eenyuuf akka barbaachisu amma eessatti akka ta’e ibsuuf addeessa. Fakkeenyaaf gootonni eessatti wal waamuu kan jedhuuf, Godiinaalee oromiyaa hunda keessatti magaalaa gurguddaarratti gagarmaamuu walwaamuu isaanii. Akkasumas immoo daangaa guutuu oromiyaa hunda keessatti fayyadamummaa afaanii ibsuufi eenyummaa daangaa oromiyaa ibseera.

#### 4.4.1.2. Seenessuu

Geerarsa diddaa maastar pilaanii Caalaa Bultumee keessatti fayyadamni afaanii baay’een isaanii seenaa darbe yaadachiisuuf akka geerarame ta’uu qaaccessa geerarsicha keessa irra hubachuun danda’ameera.

(25) Oromiyaa biyya koo
Meeqat siif bittimamee
Dhiigaaf tiksuuf jechaa
Meeqat ba’ee dhabamee
Seenaa guddaa hin dagannee
Sirraa kaafna finfinnee
Kanaafi garaan keenyaa
Yoomu kan hin dagannee
Dachee seenaa qabeetti
Haadha gootota kumaa

Toota geerarsa lakkoofsa 25ffaa keessatti fayyadamni afaanii eenyummaa daangaa naannoo Oromiyaa ibsuu keessatti bifa seenessuutiin akkamitti akka dhiyaate kan adda baasee dhiyaateedha. Seenessuun seenaa darbe tokko deebisanii ijaaruuf eenyummaa ijaaruuf kan seeneffamuudha. Kanaafis geerarsa kana keesatti geeraraan eenyummaa daangaa naannoo Oromiyaa ibsuuf deebisanii ijaaruu keessatti seenaan kaleessa ture akka har’a deebi’ee ijaaramu taasisuuf seenessi murteessaadha. Seenessi kun immoo eenyummaa ijaaruu keessatti iddoo olaanaa qaba. Kanaafis ‘’Oromiyaa biyya koo meeqat ba’ee bittimamee, dhiigaaf sitiksuuf jechaa meeqat ba’ee dhabamee’’ kan jedhu bifa seenessuutiin Oromiyaa biyya ofiif daangaa isheef jechaa lubbuu hedduun akka ba’anii dhabaman namatti agarsiisa.himni ‘’Seenaa guddaa hin dagannee sirraa kaafna finfinnee kanaaf garaan keenya kan si hin dagannee’’ kan jedhu seenaa kaleesa finfinneerratti ta’e seenessuuf deebisanii daangaa eenyummaa ijaaruu keessatti kan qaacca’eedha. Dachee seenaa qabeettii haadha gootota kumaa kan jedhu immoo seenaa finfinnee keessatti dacheen ishee gootota hedduu kan horatte ta’ee seenaan kan ishii hin daganne akka ta’e yaadachiisa. Kun immoo eenyummaa daangaa finfinnee deebisanii ijaaruu keessatti iddoo olaanaa kan qabuudha.

#### 4.4.1.3. Tokkummaa

Tokkummaan eenyummaa ijaaruu keessatti iddoo guddaa kan qabuudha. Tokkummaan hawaasa tokkoof akka bu'uura waliin jireenya tokkootti eenyummaa isaanii ijaaruu keessatti waliin deemuu, waliin falmachuu fi waliin daangaa ofii kabachiifachuu irratti tokkumma eenyummaa isaanii agarsiiseera. Kanaafis geeraraan Caalaa Bultumee geerarsa isaa diddaa maastar pilaanii keessatti eenyummaa saba Oromiyaa deebisanii ijaaruu irratti kan fayyadame. Kunis akka ummanni kutaa biyyaafi amantiin akka addaan wal hinqoodne tokkummaan fayyadameera.

(26) Dadammaqi lakkii Oromoo
Bahaa dhihaa walitti dhaamii
Amantii kutaan wali hinqoqqoodiin
Biyya si dhuunfatte alagaanii

Toora geerarsa lakkoofsa 26ffaa keessatti tokkummaa sabaa eenyummaa ijaaruu keesatti bifa ittiin qaacceffame kan ibsu ta'ee kan qaacceffameedha. Haalumaa kanaan sabni Oromoo ijaarsa eenyummaa isaa keessatti tokkummaa qabaachuu isaaniitiif geeraraan Caalaa Bultumee dhaamsa kana ittiin dabarsuuf geerarsa isaa keessattii fayyadama afaaniitiin agarsiiseera. Toora geerarsa bo'oo 1ffaa hanga 4ffaatti walduraa duubaan akka isaan dadammaqan, kallattiiwwan guutuu biyyaa arfaniiniifi amantiin akkawalhiqoodne tokkummaa akka qabaatan ijaarsa eenyummaa keessatti lafa qabsiisuuf kan dhimma itti ba'eedha. Haaluma walfakkaatuun eenyummaa ijaaruu keessatti tokkummaan human akka ta'e kan ibsuudha. Yoo tokkummaan hinjiraanne ijaarsa eenyummaa irratti diinaaf karaa banuu akka ta'e nama hubachiisa.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA,  ARGANNOOFI  YABOO

## 5.1.Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa  Geerarsa Caalaa Bultumee (2008) diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaaniitiin qaaccessuudha. Kana maleesa, qorannoon kun fayyadama afaanii geerarsicha gama afaaniin jiru irratti xiyyeeffachuun, fayyadamni afaanii geerarsichaa, ergaafi eenyummaan daangaa naannoo Oromiyaa geerarsichaa maal akka  ta’e ibsuu irratti xiyyeeffata.

Kaayyoo kana galmaan ga’uufis, gosa iddatteessuu mitcarraa keessaa gosa tokko kan ta’e akkayyootti gargaaramuun geerarsi Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii  irratti geerarame geerarsa diddaa siidiifi kaasseettiin waraabamee taa’e akka iddattoo qorannichaati. Akkasumas ragaa kaayyoo qorannichaaf ta’u argachuuf meeshaalee funaansa ragaa kan ta’e /electro data/ kaassettiifi siidiiirratti geerarsa waarabamee gara barreeffamaatti jijjiiruun, sakatta’a barruuwwani qorataan askeessatti itti dhimma ba’uun ragaaleen   qindaa’anii jiru. ragaaleen qindaa’an kun xiinxalamuun mala akkamtaatti fayyadamuun qaacceffamii jiru. Haaluma kanaan, fayyadamni afaanii geerarsa Caalaa Bultumee  (2008)  diddaa maastar pilaanii keessaa fayyadama jechootaafi malleen dubbii adda addaatiin kan fayyadame ta’uun qaacceffamee kan bira ga’ameedha. Itti dabalees qabiyyeen geerarsichaa irra caalaan kan xiyyeeffatu ergaa isaa irratti waan ta’eef, kaasseetti/ciidii madda ragaa lammaffaa barreeffamatti jijjiruun ragaa fudhachuun mata duricha gadi fageenyaan sakatta’uufi kitaabota biroo akka yaada hayyootaatti dabaluun qorataan ragaa fayyadameedha. Kana malees fayyadamni afaanii geerarsicha keessa ummaticha biratti yoomessaafi ergaa isaatiin ummataaf bu’aa kan buusee ta’uun isaa kan bira ga’ameedha.

Geeraraan tokko dhggeeffattoota isaaf geerarsa miira hoo’a ta’een ergaa isaa yommuu gumaachu ergichi sirritti darbuu fi dhiisuu isaa shooraa guddaa kan taphatu fayyadama afaaniiti.Kanaaf, geeraraan geerarsa isaa dhaggeeffattoonni akka fudhataniif fayyadama afaaniitti dhimma ba’uun isaa qaacceffamee kan bira ga’ameedha. Gama yaadotaafi fayyadama jechootaa fayyadama afaanii geerarsa Caalaa Bultumee  2008 diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaaniitiin qaacceffaman kana keessatti kan akka ciminaatti kan ilaalamuu danda’an jechootni bakka barbaachisaatti galuun fayyadama afaanii isa sirritti kan hawaasni Oromoo jechootaafi himoota inni gargaarame akka salphaatti kan ilaalaman osoo hintaane,gadi fageenyan qaacceffamaniidha. Kun immoo fayyadamtoota afaaniif ka’umsa ta’uu waan danda’uuf ciminni

geeraraa Caalaa Bultumee kan dinqisiifatamuudha. Fayyadama afaanii keessatti eenyummaa sabaa ijaaruu, daangaa naannoo Oromiyaafi Finfinnee irratti karaa ittiin ibsama keessaa: abbummaa, seenessuu, fi tokkummaa ummataa ittiin deebisanii akka ijaaran qacceffamaniiru. Walumaa galatti fayyadamni afaanii geerarsa Caalaa Bultumee(2008): diddaa maastar pilaanii keessatti mul'atu dhaggeeffattoota geerarsichaaf bu'aa guddaa waan buuseef xiyyeeffannoon fayyadama afaaniis, seenaafis, ta'e hojii barumsa afaaniif gumaacha isaan buusan guddaadha. Fayyadamni afaanii geerarsicha keessatti mul'atan ibsa kennuun boqonnaa afur keessatti qaaccffamaniiru.Isaniis; malleen dubbiifi gosoota isaanii jechoota diddaa kutannoo seenaa,mul'isan jechamootaafi dubbiin ibsaafi xiyyeeffannaan isaan akka kennannin ka'aamaniidha. Isaaniis, yaadota waldorgomsiisuun dhaamsa, eenyummaa finfinneefi naannoo dabarsuu irraatti kan xiyyeeffatan, akkaataa jechoonni geerarsicha fayyadaman keessatti galaniifi yaada isaan irraatti xiyyeeffataniin ibsa kennuun kaa'aman. Walumaagalattii qorannoon kun boqonnaa tokkoo hanga afuriitti walduraa duubaan kan dhiyaatan yommuu ta'u boqonnaa duraa keessatti seenduuba, kaayyoowwan, gaaffiwwan, ka'umsa, barbaachisummaa, daangaa qorannichaa yommuu ta'an boqonnaa lammaffaa keessatti immoo yaadrimee sakatta'a barruuwwanii, qorannoo walfakkiifi yaaxxina qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaa sadaffaa keessatti immoo mala qorannoofi tooftaalee adda addaatu dhiyaate yommuu ta'u baqonnaa arfaffaa keessatti immoo dhiyeessaafi qaaccessa ragaalee kan ilaalamaniidha. Boqonnaan xumuraa yaada cuunfaa, argannoofi yaboon kan keessatti lafa kaa'amaniidha.

## 5.2. Argannoo

Akkuma qaaccessaafi cuunfaa geerarsa Caalaa Bultumee (2008) qaaccessa diddaa maastar pilaanii gama fayyadama afaaniitiin hubatamutti argannoowwan armaan gadii argamaniiru

- Fayyadamni afaanii geerarsa Caalaa Bultumee (2008) diddaa maastar pilaanii, tokkummaa ummattootaa Oromoo akka cimsuufi, jaalala walii hawaasni qabu akka barsiisuu bira ga'ameera.
- Ergaa fayyadamni afaanii geerarsa keessatti qabu hawaasa kakaasuu, balaaleffachuu, faarsuu, seenaa yaadachiisuu, falmuufi tokkumma isaanii cimsuu keessatti ga'een fayyadama afaanii olaanaa ta'uun bira ga'ameera.

- Ergaa fayyadama afaanii geerarsicha keessan darbe kan baay’ee uummata hubachiiseefi barsiise kakaase ta’uu isaa kan nama ajaa’ibsiisee akka ta’eefi haalli fayyadama afaanii inni itti fayyadamee ergaa diddaa maastar pilaanii akka dabarse hubatameera.
- Geerarsa Caalaa diddaa maastar pilaanii, tokkummaa ummattoota Oromoo ni cimsa, jaalala walii hawaasaa ni agarsiisa, gootummaa ummataa kennuu, walkabajuu ni guddisa, jaalalaafi gabrummaaf jilbeeffachuu diduu barsiisuuf gahee ol aanaa qabaachuun isaa qorannoo kanaan bira ga’ameera.
- Fayyadamni  afaanii geerarsa Caalaa Bultumee (2008) diddaa maastar pilaanii keessatti argaman: jechootaafi malleen dubbii, akkasaa, nameessaa, arbeessaa, kkf. kuulamanii, yeedaloo itti uumee hawaasichaaf dhiyeessee ergaa eenyummaa daangaa naannoo Oromiyaa caalattiqorannoo kanaan akka hubatamu  taasiseera.
- Fayyadamni afaanii geerarsa Caalaa eenyummaa finfinneefi daangaa  naannoo  Oromiyaa caalatti akka dagaagsuu, ijaaruu irratti hawaasni bal’aan akka hubachiifame bira ga’ameera.
- Ergaan fayyadama afaanii geerasichaa eenyummaa finfinneefi daangaa naannoo Oromiyaa  eenyummaa ijaaruufi seenaa darbe dhaloota akka yaadachiiseefi hawaasa bal’aa akka  dadammaqse hubatameera.

**5.3. Yaboo**

Argannoowwan gurguddoo qorannichaa irratti hundaa’uun fayyadama afaanii geerarsa Caalaa diddaa maastar pilaanii qaaccessuu irratti xiyyeeffate keessatti yaboowwan taa’uu malan akka armaan gadiitti qophaa’anii jiru.

- Fayyadama afaanii faayidaa isaa fayyadamtoota afaaniifi ogbarruu Oromootiif akka  itti fayyadaman haala mijeessuun gahee nama hundaa ta’a.
- Fayyadamtoota afaanii, weellistoota Oromoo jajjabeessuun kalaqa aartii isaanii akka dagaagsan gochuun gaarii ta’a.
- Fayyadama afaaniin ummanni tokko akka diddaa,jaalala, jibbaafi fedhii mataa ofii akka ibsatan beekanii ummata bal’aa fayyadama afaanii caalatti barsiisuufi jajjabeessuun gahee  nama hundaa ta’uun isaa hubannoon osoo taasisaniifi gaarii ta’a.

- Ergaa tokko hawaasa bal'aa biratti yaada sammuu ofii keessa jiru gadi baasanii akka hubatamu taasisuuf geerarsan fayyadamanii diddaa, jibbaafi fedha ofiii dabarfachuuf fayyadama afaanii keessatti qooda ykn gahee olaanaa qabaachuun isaa barbaachisaadha.
- Fayyadamni afaanii, haala ergaafi yoomessa beekanii dhimma itti ba'uu hojichi caalatti akka milkaa'uufi hojiira oolu taasisuun ga'ee dagaagsitoota afaanichaati.
- Jechootaafi haala itti fayyadama afaanii ilaalchisee kanneen akka malleen dubbiifi jechoota beektonni afaanichaa yaadasaanii qooddachuudhaan itti fayyadamaniifi kanneen geerarsa Caaalaa Bultumee diddaa maastar pilaanii keessatti dhimma ba'ame eenyummaa lafa finfinnee ibsuuf ijaaruu keessatti iddoo olaanaa qabaachuusaanii.
- Eenyummaa finfinneefi daangaa naannoo Oromiyaa, maqaa bakkeewwan adda addaa magaalaa Finfinnee keessatti jijjirraman adda baasuun dhaloota haara barsiisuun barbaachisaadha.
- Geerarsi qabeenyummaansa kan hawaasa bal'aa ta'ee fayyadamtoota afaaniif xiyyeeannoo kennuun gaarii ta'a.
- Fayyadama afaaniin gargaaramuun seenaa fi ijaarsa eenyummaa finfinnee caalatti dhaloota booda jiranii barsiisuu ga'ee ummata Oromoo hundaati.
- Fayyadama afaanii keessatti malleen dubbii eenyummaa ibsuu keessatti qooda olaanaa qabaachuu isaanii beeknee fayyadamtoota afaaniif hubannoo cimsuu.

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koota’uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaannee ta’uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbisee hunda isaanii wabiikeessa kaa’uu koo mallattoo kootiiniin mirkaneessa

Maqaa Qorataa ____________________________

Mallattoo ________________________________

Guyyaa ________________________________

Ani Dr ______________________________________________barataan kun hojii isaa Ofittisuuf dhiyaachu danda’u isaa mallattoo kootiin mirkanesseera.

Maqaa Gorsaa_______________________________

Mallattoo __________________________________

Guyyaa ____________________________________

**Wabii**


Abarraa Nafaa. (1993). *Fufiilee Wiirtuu (1993) Keessatti Barrulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo* Finfinnee: Dhaabbata Maxxansa Biiroo Aadaafi IspoortiiOromiyaa:

Addisuu Tolasaa. (1999). *Geerarsa Folksongs as the Oromo National Literature.A study Ethinography folklore and of the Ethiopian colonization of oromia* USA: The Edwin mallen press.

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo:Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: MegaPrinting Press.

_____________.(2011*). Akkamtaa.yaadrimee Qorannoo Hujoorraa* Finfinnee: Mega PrintingPress.

___________. (2014). *Seemmoo.*Finfinnee: Far East Trading Plc

Alamayyoo Hayile. (2011). *Sakatta'iinsa Oromoo*.Finfinnee:Mana Maxxansaa Mankuusaa.

Asaffa J. (2007). *Oromummaa. Oromoo culture, Identity and Nationalism*.Oromiya: Publishing campany Atlanta.

Ayub. (2008).“*Language Use of The Jamaican and Rastafarian Community inShashamane.Asocio linguistic Study*” MA Thesis. Addis Ababa University.

Bastian Lobner .(2002).*Understanding semantics. Reviewer. Cecile meier. Published*.

Berg, B .(2001). *Qulalitative Research Methods Staff for the Social Sciences*: California State University.

Berhanu Mathewos.(1999). *Fundamentals of Literature.rd Edition*: Ethiopia.Addis AbebaUnivarsity Press.

Brumfit C.J, Carter.R.A.(1996). *Literature in Language Teaching*. London: Oxford.

Halliday, M.A.K. (1994*). An introduction to fuctional grammar (2nd edition*): London Amold.

Cooper, R. (1976). *The Study of Language Use.In M.L. Bender, J.D. Brown, R. L. Cooper, and C. A. Ferguson (eds.), Language in Ethiopia*. London:Oxfird University Press.

Coulmas, F .(1997). *The Handbook of Sociolinguistics*. UK: Blackwell Publishers.

Clark.H. (1996). *Using Language ,Cambridge*:Cambridge University press.

Crystal. D. (1987). *The Cambridge's Encyclopedia of Language*. Cambridge University Press.

Darajjee Balaayinee. (2010) .*Tintaagoochuu*:Mana maxxansaa Itaafiizer.

Dassalany R . (1985). *The State, nongovernment Organizations and the.. Semantic*.

Dastaa Dassaalany. (2013). *Buu'ura Qorannoo.Maxxansa 2ffaa*.Addis Ababa: Far easttrading plc.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo* : FinfinneeSubi PrintingPress.

Fekade Azeze. (1991). *Introduction to oral Litereture* :Artistic Printing Enterprise.

Finnegan.R.(1976). *Oral Poetry:It is Nature, Significance and Social context.Cambridge*:Cambridge University Press.

__________. 1977. *Oral Poetry: Composition Performance and Context. Cambridge*: Cambridge University Press.

Fishman, J. A. (1971). *The Relationship Between Micro and Macro Sociolinguistics in the Study of Who Speaks what Language to Whom and when. In Pride, J.Brork*: Oxford University Press.

Geetaachoo Rabbirra.(2011).*Furtuu Seerluga Afaan Oromoo k4taa 9fi10 Gulaallii 3ffaamax.8ffa* Addis Abebaa kuaaz International Interprize.

Girmaa Bayyanaa .(2009).*''Qaaccessa Ergaa Geerarsa Diddaa Gabrummaa Sirna Dargii Godina Wallagga Bahaa Aanaa rratti xiyyeeffate*''.(Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa). Finfinnee:kan hin maxxanfamne.

Goldman-Rakic, P. S. (1998). *The prefrontal landscape: Implications of functionalarchitecturefor understanding humanmentation and the central executive*.

Goshgarian, G ( 2001 ) .*Exploring Language, (9th ed.).* New York: Addison Wesley EducationalPublishers, Inc.

Hiikee W/Tolaa . (2004). *Geerarsa sirnoota darbanii diddaa mul'ian* yuunivariitii finfinnee.

Hodge, B. and Kress, G. (1993). *Language as Ideology (2nd ed.*). London and New York:Routledge.

Hudson, R. A. (1996 ). *Sociolinguistics ( 2nd ed.) Cambridge*: Cambridge University Press.

Hoy.D. (2004). *Critical Resistancew from post structuralism to post-critique*.Combridge MA combridge MA and London:The M/T press.

Kennedy, x. J. (1987). *Leterature Introduction to Fiction, poetry and Derama4th(ed*).United State of America.

Kraus,R.M and Chiu,C.(1993). *Language, Cogntion and Communication.CA*: Santa Barbar.

Liulseged Erikum. (1994).*Language Use in Resettlement Sites.The Case of Angerguttin,Dimt Ilu Aba Bora and Gambela. In Bahiru Zewude etal (eds.) Preceding of the Eleventh International Conference of Ethiopian Studies*. Addis Ababa: Institute of Ethiopian Studies.

Leensaa Baqqalaa. (2010). *Xiinxala Fayyadama Afaanii Barreeffamoota Afaan Oromoo Feesbuukii* Keessatti yuunivarsiitii Finfinnee.

Lyons, John. (1995). *Linguistics and semantics. Stanford A Scheme*.Cambridge University Press:

Marschak, J. ( 1965 ). *The Economics of Language Behavioral Science, 10, 135-140*.

Mekonnen Hunde .(2002). *Lexical standardization in oromo*. *Unpublished MA Thesis,* Addis Ababa university.

Misgaanuu Gulummaa.(2009). *Qaaccessa Ergaa Weedduu Jaalala Oromoo. Un Published( MA. Thesis* ). Addis Ababa: Addis Ababa University Press.

Misgaanuu Gulummaa.(2012). *Biiftuu:Guddina Afaanii*. Finfinnee: Subi priting press.

Mohammed Sayid. (2009).*Seenaafi qabsoo Oromootaa.Finfinnee, Itoophiyaa*: Finfinfinnee.

Neuman. L.W. (2007). *Basic Social Research. Qualitative and Quantitative Approaches (2nd.Ed):* Bost peason Edu cailiral Ic.

Palmer. R.F. (1981). *Semantics. Stanford A.Scheme* :Cambridge Univarsity Press (2ed ed.).

Qorrichee Gaarummaa. (2017). *Qaaccessa Qabiyyee, Unkaafi Fayyadama Afaan Oromoo.Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa (kan hin maxxanfamne*). yunivarsiitii Finfinnee.

Richard . (2008). *Methodology . In Language Teaching. Cambridge*. Univesity Press.

R.E.Myers . (2008*). Figures of Speech. Astudy and . Practicing Guide*. USA: teaching andlearning Company.

Stockwell, P.( 2002). *Sociolinguistics:A Resource book for Students*:London and New.

Sumner Cloud. (1996). *Oromo Wisdom Literature: Proverbs,songs, and folklore:An analogy of Oromo Literature*. Addis Ababa: Guddina Tumsa Foundation.

Tuchman. G. (1994*). Historical Social Science: Methodologies, Methods, and meanings. In N. K.Denzin and Y.S. Lincoin (eds). Handbook of qualitative research..*

V. Kahn and W. Best. (2005). *Research In Education*.Prentce-Hall,Inc.

WATO. (2007). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 19*: Finfinnee.

Wolff, E. (2000).“*Language and Society”. In Heine, B. and Nurse, D. (eds.)African Languages:An Introduction*. Cambridge University Press.

Toorri interneetii http://www *waaqeffannaa.org/geerersa*/.

Toora inteneetii http*:// knoema. com*

**DABALEE A**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FAAKAALTII DHAABBATA QO'ANNOO AFAANIITTI**

**DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

Dabalee, '' A''

| T/L | Maqaa Ganda Finfinnee Duriifi | Hammaa |
|---|---|---|
| 1, | Adaamii Tulluu | Rufaa'eelii Shogolee |
| 2, | Arbuu Irreechaa | Raas Hayiluu Safar |
| 3, | Baabboo Kormaa | Qeeraa fi Saar Beet |
| 4, | Baddaa Ejersaa | Raas Kaasaa Safar |
| 5, | Birbirsa Yaa'ii | Araadaa Goorgis |
| 6, | Burqaa Ejersaa | Guraaraa |
| 7, | Caffee Aannanii | Lidataa |
| 8, | Caffee Tumaa | Shiro Meedaa |
| 9, | Calallii | Saarbeet Gara Lixaa |
| 10, | Dabbasaa | Mashuwaalakaa |

Maqaa Gandoota magaalaa Finfinnee durii osoo hin jijjiramiin hafan

11, Boolee Bulbulaa

12, Buraayyuu

13, Eekkaa

14, Gafarsa

15, Garjii

16, Haqaaqii

17, Jamoo

18, Kattaa

**DABALEE B**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**FAAKAALTII DHAABBATA QO'ANNOO AFAANIITTI**

**DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

Dabalee 'B''
Geerarsa Caalaa Bultumee 2008 diddaa maastar pilaanii irratti Geeraramee Qorannoo kana keessatti qaacceffaman.

**4.2. Fayyadama Afaanii geerarsa Caalaa Bultumee keessa**

**4.2.1. Fayyadama Jechoota**

(1) Finfinnee dubbadhumee
Kan nyaatte sooraa loomee
Goonni Guraaraa Lataa
Sirratti fannifamee
Bara waaree gololee
Keenya turte gullalleen
Bara daalacha waamii
Biyyi yoom gurguramtee

(2) Finfinnee haadha seenaa
Ati nuuf qaroo keenyaa
Lafa aadaafi seenaa
Galma keenya ganamaa

(3)Gaaddisa tumaa seeraa
Seera caffee tuulamaa
Dhiigummaan sitiksina
Nutis kaane tokkummaa

(4) Beelaaf dheebuun si hin arginii

Qabeenyi biyya kee hundumtuu
Sif sifaa karaan ati deemtu
Milkiin siif yaa toluu.

#### 4.2.1.1. Irra Deddeebii Jechaa

(5) Hinsimannu- hinsimannu
Maastar -pilaanii
Gagarmaame- goonni Oromiyaa
Gagarmaame –goonni Finfinnee
Irratti wal waamee
Qe’ee goototaa

#### 4.2.1.2. Jechoota waliiin Deeman

(6) Gaaddisa tumaa seeraa
Seera caffee tuulamaa
Lafa aadaafi seeraa
Galma keenya ganamaa
Ololtuufi gantuu
Falmataafi murataa
Beelaafi dheebuu

#### 4.2.1.3.1. Faallaa

(7) Bituu fi godaansaa
Gadheefi goota
Ka’uufi ciisuu, rafuu
Bahaafi dhihaa
Kaabaafi kibbaa

#### 4.2.1.3.2. Masoo

(8) Nimo’attaa- ni injifattaa

Walga’a- wiirtuu

Injifannoo- Bilisummaa

Dhiigummaa- sanyummaa

### 4.2.2. Malleen Dubbii

#### 4.2.2.1. Nameessa

(9) Finfinnee dubbadhumee

Kan nyaatte sooraa loomee

Goonni Guraaraa Lataa

Sirratti fannifamee

Bara waaree gololee

Keenya turte gullalleen

Bara daalacha waamii

Biyyi yoom gurguramtee

#### 4.2.2.2. Akkasaa

( 10) Akkatti bareeddu

Hidhannoon ila mudhii

Gootaa ila mudhii gootaa x2

Loltu lolii maal

Mana hin ciisin

Maal manaa gootaa x2

Jajjabduu akka sibiilaa

WBO yaa gooftaa diinaa

Hin rafiin naqaqqabii

Jedhiin sabni kee siif hiriiraa

**4.2.2.3. Arbeessa**

(11) Finfinneefi utubaa
Akkamiin gurguranii
Finfinnee haadha seenaa
Ati nuuf qaroo keenyaa

**4.2.3. Ciigoo**

**4.2.3.1. Jecha Dachaa**

(12) ‘’Amaan deegee laftis
Bari’uu geessee lammiin
Lammiif dhaamee “ jedhu

(13)‘’ Qabeenyi biyya kee
Hundumtuu siif sifaa
Jabaadhu qeerransoo
Fuundurri kee ifaa’’ jedhu

**4.3. Ergaa Fayyadama Afaanii Geerarsa keessa**

**4.3.1. Kakaasuu**

(14) Dadammaqi lakki Oromoo
Bahaa dhihaa walitti dhaamii
Amantii kutaan wal hin qoqqoodiin
Biyya si dhuunfatte alagaanii

(15) Olkaasi malee
Seenee ol darbee
Diinni mana kee laalee
Ajjeesii dibadhu diina
Biyya kees seenee
Hin simannu , hin simannuu
Maastar pilaanii biyya
Amantaan Oromiyaa hin eegne

**4.3.2. Balaaleffacuu**

(16) Ilmi Guddifachaan Asgalee
Maaliif nutti ta’a Silmii

Gudeedaan Hin Dhalannee
Kanaaf Saba Unkuraa
Osoo Oromoo Ta'ee
Maaliif biyya gurguraa

(17) Ololtuufi gantuu
Gadheefi jala yaatuu
Minilikiin garboonfamnee
Jala yaatuu wayyaanee
Hin dhaalamnu
Hin galtu malee
Ajjeesi dibadhu
Diina biyya kee seene
Maalitti beekti Gadheen

**4.2.3. Goota Faarsuu**

(18) Jabaadhu jaala koo karaan ati deemtu
Milkiin siif haa toluu ajjeesi
Sooradhu bineensa daggalaa WBO
Gooftaa diinaa siin jedha sabni kee

(19) Qabeenyi biyya kee
Hundumtuu siif sifaa
Jabaadhu qeerransoo
Fuuldurri kee ifaa
Qabsoo diddaa gabrummaa
Itti fufaa …

**4.2.4. Seenaa Yaadachiisuu**

(20) Oromiyaa biyya koo
Meeqat siif bittimamee
Dhiigaaf tiksuuf jechaa
Meeqat ba'ee dhabamee
Seenaa guddaa hin dagannee
Sirraa kaafna finfinnee

Kanaafi garaan keenyaa

Yoomu kan hin dagannee

Dachee seenaa qabeetti

Haadha gootota kumaa

(21)Finfinnee haadha seenaa

Ati nuuf qaroo keenyaa

Lafa aadaafi seenaa

Galma keenya ganamaa

**4.4. Fayyadama  Afaanii Eenyummaa Daangaa Naannoo Oromiyaa Ibsuu Keessatti**

**4.4.1. Eenyummaa Ijaaruu**

**4.4.1.1. Abbummaa**

(22)  Finfinnee dubbadhumee

Kan nyaatte sooraa loomee

Goonni Guraaraa Lataa

Sirratti fannifamee

Bara waaree gololee

Keenya turte gullalleen

Bara daalacha waamii

Biyyi yoom gurguramtee

(23)  Qe'een Abeebee Tufaa

Kan Guddataa Haraddoo

Maaf diinaan dhuunfatamaa

Qe'een Guutoo Wasarbii

Qe'ee Qajeelaa Dooyyoo

Badhoo Dachaas faat turee

Kan gadi hin jenne roorroof

(24)   Injifannoo Injifannoo

Jedha gagarmaamee

Goonni oromiyaa irratti walwaamee

Gagarmaame wallagga Gimbirratti walwaamee

Gagarmaamee Jimma walakkarratti walwaamee

Gagarmaamee Arsi Asallarratti walwaamee

Gagarmaamee Jaldu kaachisiirratti walwaamee

#### 4.4.1.2. Seenessuu

(25) Oromiyaa biyya koo

Meeqat siif bittimamee

Dhiigaaf tiksuuf jechaa

Meeqat ba'ee dhabamee

Seenaa guddaa hin dagannee

Sirraa kaafna finfinnee

Kanaafi garaan keenyaa

Yoomu kan hin dagannee

Dachee seenaa qabeetti

Haadha gootota kumaa

#### 4.4.1.3. Tokkummaa

(26)Dadammaqi lakkii Oromoo

Bahaa dhihaa walitti dhaamii

Amantii kutaan wali hinqoqqoodiin

Biyya si dhuunfatte alagaanii